# SAKATTA’A FIROOMMII QABIYYEE QORMAATA MOODEELAAFI BIYYOLESSAA KUTAA KUDHANIIFI KITAABA BARATAA:XIYYEEFFANNOO BARA 2010 IRRATTI

**DIRRIBAA OLIIQAA AMANUU**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# SAKATTA’A FIROOMMII QABIYYEE QORMAATA MOODEELAAFI BIYYOLESSAA KUTAA KUDHANIIFI KITAABA BARATAA: XIYYEEFFANNOO BARA 2010 IRRATTI

DIRRIBAA OLIIQAA AMANUU

GORSAA: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN, GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIFI FOOKLOORIIF DHIHAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA
KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

# Yuunivarsiitii addis ababaa

Dhaabbata Digirii Duraa Booddee

Waraqaa Qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Dirribaa Oliiqaatiin mata duree, "*Sakatta'a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Biyyolesaa Kutaa Kudhaniifi Kitaaba Barataa: xiyyeeffannoo bara 2010 irratti,*" Magaalaa Gimbii, Mana Barumsaa Gimbii Sadarkaa 2$^{ffaa}$, Godina Wallaggaa Lixaa kan jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunvarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa:

Maqaa

Qoraa Alaa: ______________________Mallattoo ___________ Guyyaa _______________

Qoraa Keessaa: ___________________ ____________ ____________________

Gorsaa: ________________________ ____________ ___________________

_______________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Sagantaa Digirii Lammaaffaa (MA)

## Axereera

*Kaayyoon qorannoo kanaa Sakatta'a Firoommii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Biyyolesaa kan bara 2010 Kutaa Kudhaniifi Kitaaba Barataa irratti xiyyeeffannoo sakatta'udha.Kanaaf meeshaaleen ragaan ittiin sassaabame sakatta'insa dookimantii, afgaaffiifi bargaaffii yoota'u, ragaa kanneeniin sassaabame qaacceessuuf malli makaa (hammamtaafi akkamtaan) faayidaa irra oolanii jiru.Ragaalee gabateen dhiyeessuun dhibbeentaafi lakkoofsaan tarreeffamanii jiru. Akkasumas, mala sakatta'a addeessaa fayyadame jira.Kunis dookimantii argaman bal'inaan addeessuuf gargaara.Malli iddattoo miti carraa hojiirra oolee jira.Akaakuu iddatteessuu miti carraa keessaa ammoo, iddeessuu akkayyoo ykn kaayyeffamaatti fayyadamee jira.Haaluma kanaan, dookumantiin qormaata afaan oramoo moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 sakatta'ameera.Ragaalee afgaaffii barsiisota shanirraa funaanamefi bargaaffiin kudhan barattootaaf dhihaate qaacceffamee jira.Xiinxaxala taasifameen bu'aan argame akka ibsutti, qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ qormaata moodeelaafi biyyolessaa wajjin firoomii isaan qaban gaarii ta'uu isaa adda baheera.Kunis walsimsnnaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata moodeelaa gaarii ta'uufi walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa gaarii akka ta'eefi walgiitinsi isaanii darbee darbee walbuusa ta'uun adda baheera.Gaaffileen qormaata biyyolessaaf qophaa'an altokko tokko qabiyyee kitaaba barataan ala ta'uu,kitaaba dhiisanii qormaata bara baraan ba'an bu'uura godhachuu hanqina ta'uu danda'a. Dhumarraattis, qorataan argannoowwan qorannichaa bu'uura godhachuun haala qabiyyeen kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata biyyoleessaa firoomii ykn walsimannaa qaban irratti yaadni furmaataa qopheessitoonni kitaaba barataafi qormaataa tokko ta'uun yoo qopheessan gaarummaa qabata.Kunis, warri qormaata moodeelaafi biyyoleessaa qopheessan ykn qaamni dhimmichi ilaalatu hundi qabiyyeen kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata moodeelaas ta'e qormaanni biyyoleessaa yeroo qophaa'u firoomii (walsimannaa) akka qabataniifi haala walgitiinsa qabuun akka dhihaataniif yaboon qoratichaan kaa'amee jira.*

**Galata**

Qorannoo kana hojjedhee akkan xumuruuf namoota karaa adda addaa gorsaafi deeggarsa naaf taasisan nan galatteeffadha.Jalqabarratti mataduree qorannoo naaf kenname qixa sirrii ta’een akkan hojjedhuuf gorsaafi waantota barbaachisan kan tumsa naaf taasisan, akkasumas, mata-duree filachuudhaa hanga raawwii qorannootti deeggersa kan naaf kennan Dr.Dinqeessaa Dheeressaa nan galateeffadha.Obbo Alamirroo Alamuu qormaata moodeelaa akka fayyadamuuf nadeeggaraniif galanni koo danuudha.Barreessuudhaan kan na gargaarte Ababaa galatoomi.

Barsiisaa Habtee Jifee adeemsa qorannoon ittiin adeemsifamu yaadaan na deeggaruu keessaniif galatoomaa.Hiriyoota koo ganna Afur waliin turre gochaan,yaadan deeggersa na barbaachisu na kennaniif galanni koo guddaadha. Itti aansuudhaan haadha warraa koo hojii koo irratti nadeeggaraa turteefi Bijigaa Amanu’eel tumsaa naa taasisaniif Waaqayyo isaan haa eebbisuu.Dhumarrattis barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsaa Qophaa’ina Gimbii barsiisan afgaaffii koo irratti deeggarsa naa taasaniif guddaan galateeffadha.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ... i

Galata ... ii

Baafata ... iii

Boqonnaa Tokko: Seensa ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 4

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa ... 5

1.4. Daangaa Qorannichaa ... 6

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 6

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu ... 7

2.1. Maalummaa Meeshaalee Barnootaa ... 7

2.1.1. Gosoota Meeshaalee Barnootaa ... 8

2.1.2. Maalummaa Qormaata ... 11

2.1.3. Seenaa Qorumsa Afaanii ... 14

2.1.4. Faayidaa Qorumsa Afaanii ... 16

2.1.5. Gosoota Qormaataa ... 17

2.1.6. Amaloota Qormaata Gaarii ... 20

2.1.7. Barbaachisummaa Qormaata Biyyoleessaa ... 25

2.1.8. Qormaatni yoo Qophaa'u maal maal bu'uurreffata ... 25

2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii ... 27

Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa ... 29

3.1. Saxaxa Qorannichaa ... 29

3.2. Mala Qorannichaa ........ 29
3.3. Mala Iddaatteessuu ........ 30
3.4. Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 31
3.4.1. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 31
3.4.2. Sakatta'a Dookumantii ........ 31
3.4.3. Afgaaffii ........ 32
3.4.4. Bargaaffii ........ 33
3.5. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu ........ 33
3.6. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee ........ 34
Boqonnaa Afur: Dhiheessiifi Xiinxala Ragaalee ........ 35
4.1. Ibsa Gabaabaa Madda Ragaalee Bu'uureffachuun ........ 35
4.1.1. Ibsa Gabaabaa Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] ........ 35
4.1.2. Ibsa Gabaabaa Qormaata Moodeelaafi Biyyolessaa Kan Bara 2010 ........ 36
4.1.3. Ibsa Gabaabaa qabiyyee Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] ........ 36
4.1.4. Qaaccessa Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataafi Qormaata Kutaa Kudhanii Moodeelaafi Biyyolessaa 2010 ........ 37
4.2. Xiinxala Ragaalee Dookumantiirraa Argaman ........ 43
4.2.1. Xiinxala Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9[ffaa] fi 10[ffaa] ........ 43
4.2.2. Xiinxala Qormaata Moodeelaa kutaa 10 bara 2010 ........ 45
4.2.3. Xiinxala Qormaata Biyyolessaa kutaa 10 bara 2010 ........ 46
4.3. Xiinxala Bargaaffii Barattootaa ........ 48
4.4. Xiinxala Afgaaffii Barsiisota Irraa Argame ........ 55
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ........ 58
5.1. Cuunfaa Qorannichaa ........ 58
5.2. Argannoo ........ 60
5.3. Yaada Furmaataa ........ 61
Wabii ........ 63
Dabaleewwan ........ 67

## Baafata Gabatee

**Gabatee** **Fuula**

Gabatee 1.Qabiyyeewwan Dandeettii Afaanii kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa.......37

Gabatee 2: Walsiminnaa Qabiyyeewwan Beekumsaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman..........................................................................38

Gabatee 3:Walsimannaa Ogummaawwan Afaaniifii Qormaata Moodeelaafi Biyyolessaa 2010 wajjiin qaban...........................................................................................39

Gabatee 4.Walsimannaa qabiyyee Dameewwan beekumsaa, qormaata moodeelaafi Biyyolessaa 2010 wajjin qabu. ....................................................................41

Gabatee.5: Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata moodeelaafi biyyolessaa bargaaffii barattootaarraa argame. ...........................................................49

Gabatee 6: Deebii barattootaa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa50

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Milkaa'ina baruufi barsiisuu keessatti Qormaanni gahee olaanaaqaba. Meeshaalee barnootaa fayyadamuun qormaanni qophaa'a. Meeshaaleen barnootaa seeraan itti yaadamee qophaa'uu akkuma barbaachisu walitti hidhannaa isaan qaban illee cimaa ta'uu qabu. Keessumattu qabiyyeen kitaabaa barattoonni barataniifi shaakala isaan qabiyyee kitaaba keessatti taasisan walsimannaa yoo qabaatan qormaata qoramuu keessatti fayyida qaba. Meeshaaleen barnootaa kunis: Silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, meeshaalee deeggertuu kan of keessatti hammattudha. Isaanis waldeeggaruun haala baruu-barsiisuu galmaan gahuu keessatti gahee olaanaa qabu. Kitaabni barataa meeshaalee barnootaa keessaa isa tokko ta'ee, qormaatni moodeelaa kutaa kudhaniifi biyyoleessaa yoo qophaa'u kitaaba barataa wajjin haala wal hidhatiinsa qabuun qophaa'uu qaba. Akkasumas,qormaanni qophaa'u kamiyyuu silabasii bu'uura godhachuun kitaaba barataarraa qophaa'a.kitaabni barataa silabasii bu'uura godhachuun qophaa'a; qormaanni immoo kitaaba bu'uura godhachuun qophaa'u qaba jechuudha. Meeshaaleen barnootaa hunduu waliin qindaa'uun baruu-barsiisuu galmaan ga'uun qulqullina barnootaa mirkaneessu. Kunis kan ta'uu danda'uu meeshaalee barnootaa fayyadamuun barattoota barsiifamaniif qormaata kennuun barattootaa madaaluufi murtee kennuuf gargaara.

Qormaanni barsiisaan tokko barumsa barsiisuun dura beekumsa barattoonni qaban beekuuf, beekumsa waytii baruu barsiisuu,erga baratanii booda barattoonni barumsa hangam takka akka hubataniifi akka hordofan, dandeetti yoo ta'e hangam takka akka shaakalan addaan baasuuf jecha kankennamu. Akkasumas odeeffannoo adda addaa argachuuf gocha nama gargaaruudha. Linn and Gronlund (1995),akka jedhaniitti qormaanni ykn madaalliin jalqaba irratti, osoo barnoonni adeemsifamaa jiruufi dhuma barnootaa irratti kennamuu mala. Meeshaaleen barnootaa hunduu waliin qindaa'uun baruu-barsiisuu galmaan ga'uun qulqullina barnootaa mirkaneessu. Kunis kan ta'uu danda'uu meeshaalee barnootaa fayyadamuun barattoota barsiifamaniif qormaata kennuun barattootaa madaaluufi murtee kennuuf gargaara.

Akka yaada, (Heaton, 1975, p.1) qormaanni afaanii barattoonni afaan saniin maal gochu akka danda'an kaayyoo jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti yaada waljijjiiruuf kanitti tajaajilaman itti fayyadama afaanii waan qabaniif gama gocha baruu barsiisuutiin gahee ol aanaa akka qaban ibsa. Qormaanni waa'ee adeemsa barachuu barattootaa odeeffannoo murtaa'aa walitti qabuuf jecha deebiiwwan deebii sirrii ta'an akka qabaatu godhamee kan qophaa'uu tuuta gaaffiwwaniiti. Qormaanni qoratamtoonni barnoota dhiyaateef hangam akka danda'an beekuuf gocha gargaarudha. Qormaanni madaala jijjiirama gochaafi kuufama beekumsa adeemsa barnootichaan argamudha.

Seenaan qormaata guutuu biyya Itoophoyaa keessatti kennamu ammoo seenaa jijjiirama imaammata barnootaan kan walqabatedha.Haaluma kanaan bara 1994 qormaanni guutuu kutaa 12 kennama kan ture osoo jiruu kutaa 10 ttis kennamu eegale. Innis ogeessota barnootaan kan qophaa'uufi kan madaalamudha. Qormaatni tokko kan madaalamuu qabu ogeessa qormaataatiin, qu'attootaafi ogeessa barumsaatiin ta'uu qaba

Qormaanni guutuu biyyaa yeroo qophaa'u qulqullinaafi amanamummaa qormaataa haala xiyyeeefateen akkasumas ga'umsaafi qulqullina qormaataa cimsu ta'uu qaba. Qormaanni guutuu biyyaa ga'umsiifi amanamummaan qormaata guutuu biyyaa mirkaneessuuf akka guutuu biyyaatti kennama. Qormaanni moodeelaa kutaa kurnaffaa barnoota Afaan Oromoo Oromiyaa keessatti Biiroo Barnoota Oromiyaatiin kan qophaa'udha. Innis akkuma maqaa isaarraa hubannuutti qormaata itti aanuuf fakkeenya ta'uu kan danda'uufi qormaata isa ofdura barattoonni qoramaniin walfakkaataa ta'ee kan dhihaatudha.

Qormaanni moodeelaa kitaaba barataa keessatti waantoota barsiifaman giddu galeessa godhachuun qophaa'a. Qormaata moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10 BBOtu qopheessa. Innis dhuma simisteera waggaatti kan kennamu ta'ee, qormaata biyyolessaaf barattoota qopheessuuf jedhamee kan qophaa'udha. Qormaanni haala baruufi barsiisuu galmaan ga'uuf human qaba. Qorumsi meeshaa safartuu yookiin tooftaa amala safaruuf tajaajilu yookiin amala waan tokkoo hubachuufi tilmaamuuf gargaarudha. Afaan Oromoo mataa isaa danda'ee mana barumsaa Oromiyaa hunda keessatti akka kennamu taasifameen yeroo ammaa kanatti hanga sadarkaa digrii sadaffaatti kennamaa jira.

Adeemsa baruufi barsiisuu kana keessatti qormaanni kennama. Barattoonni qormaata biyoolessaarratti qabxii gahaa akka fidaniif Biiroon Barnoota Oromiyaa moodeela qormaata barnoota Afaan Oromoo qopheessee shaakalchiisuu kan eegale bara 2005 ALI akka ta'e odeeffannoon biiroo barnoota Oromiyaa irraa argame ni mul'isa. Qormaatatti fayyadamuudhaan murtii adda addaa kennuun nidanda'ama. Murtiin kun kan kennamu odeeffannoo deebii barattoonni qormaatichaaf kennaniinidha. Odeeffannoo sirrii waa'ee barattoota sanaa murtii kennisiisuu danda'u argachuuf gaaffiin qormaataaf qophaa'u gahumsa qabaachuu qaba.

Qormaanni tajaajila kan qabu ta'ee amaloota qormaata gaarii kanneen akka: ga'umsaa, qabatamummaa, dhugummaa, hojiirra oolmaa kan of keessaa qabudha. Akkasumas, qabiyyeewwan qormaatarratti qophaa'anii dhiyaatan qabiyyeewwan kitaaba barataa keessa jiran waliin kan walsiman ta'uu qabu. Qabiyyeewwan qorumsarratti dhiyaatan hundi isaanii qabiyyeewwan barattoonni irratti shaakalaniifi dandeettii barattootaa madaalan ta'uu qabu. Qormaanni biyyolessaa Ministeera Barnootaatiin kan qophaa'uufi qajeelfama garaagaraa qopheessuun hojiirra oola. Qajeelfamni adda addaa kara Ministeera barnootaa waantonni barbaachisan hojiirra akka oolu ni taasisa.Haaluma kanaan barumsi Afaan Oromoo kan jalqabame bara 1984 ALI irraa jalqabee kennama jiraachuun isaa nibeekama.

Barnoonni Afaan Oromoo mataa isaa danda'ee akka barnoota tokkotti kutaa tokkoffaa irraa eegalee hanga sadarkaa lammaffaatti kennamaa jira.Barnoonni Afaan Oromoo mataa isaa danda'ee manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa naannoo Oromiyaa keessa jiran irraa eegalee hanga sadarkaa Koollejjiifi Yuuvarsiitiitti kennama jira. Seenaan qormaata guutuu biyya Itoophoyaa keessatti kennamu ammoo seenaa jijjiirama imaammata barnootaan kan walqabatedha. Haaluma kanaan bara 1994 qormaanni guutuu kutaa 12 kennama kan ture osoo jiruu kutaa 10 ttis kennamu eegale. Innis ogeessota barnootaan kan qophaa'uufi kan madaalamudha.

Qormaatni tokko kan madaalamuu qabu ogeessa qormaataatiin, qu'attootaafi ogeessa barumsaatiin ta'uu qaba (Bachman 1990). Qormaanni afaanii adeemsa baruufi barsiisuu keessatti murtii kennuuf,oddeeffannoo kennuufi naannoo barnoota afaanii irratti qorannoo gaggeeffamuuf madda odeeffannoo ta'ee waan nu gargaaruuf karaa adda addaan madaalliin gaggeeffamaa tureera;ammas irratti gaggeeffamaa jira.Sadarkaa barnootaa hundaarratti

qormaanni Afaanii kan garaagaraa qophaa'uun kennama. Isaanis: battallee adda addaa kennuun, qormaata dhumaa simsiteera kennuun, qormaata moodeelaa, qormaata biyyoleessaafi qormaata naannooleen kennamu keessatti argamu. Qormaanni moodeelaa maqaa isaarraa akka hubannuutti qormaata itti aanuuf fakkeenya ta'uu kan danda'uufi qormaata isa ofdura barattoonni qoramaniin walfakkaataa kanta'eedha. Qormaanni biyyooleessaa immoo, barattoonni sadarkaa tokko xumuruun gara sadarkaa biraatti ce'uuf ykn gahusa isaanii mirkaneeffachuuf xumura irratti kennama. Qormaanni moodeelaa sadarkaa biiroo barnoota oromiyaa ogeessota barnootaatiin kan qophaa'u yoo ta'u,qormaanni biyyoleessaa Ministeera Barnootaankan qophaa'uudha. Kana bu'uura godhachuun qorataan qormaanni moodeelaafi biyyolessaa kutaa 10^ffaa^firoommii isaan qabiyyee kitaaba barataa wajjin qaban sakatta'uuf qorannoo geggeesse.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko geggeessuuf dhimmonni ka'umsa ta'an hojii sanaaf nama kakasaan nijiraatu. Qorannoo kana geggeessuuf waanti na kakaase; komee barattoonni qormaata biyyoleessaa fudhatan, qabiyyeen qormaata moodeelaafi qormaata biyyoleessaa haala qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi10 keessatti barataniin dhufuu dhabuu irratti qaban bu'uura godhachuun qoratichi xiinxala firoomii kitaaba barataafi qabiyyee qormaata kutaa 10 moodeelaa afaan oromoofi biyyoleessaa kan bara 2010 jedhurratti komee isaan qaban sakatta'uufi yaada furmaata kaa'uuf qorannoo geggeesse jira. Qormaanni qophaa'u tokko ga'umsaafi fudhatama qabaachuu qaba. Qormaanni tokko gahumsa qabiyyee qaba jedhamuuf yoo waan madaaluu barbaade karaa sirriin madaaleefi gaaffileen qormaatichaa qabiyyee barumsichi karoorfameef bakka bu'uu yoo danda'edha. Qabiyyeen qormaataaf qophaa'an barnoota karoorfamee barsiifame haala danda'ameen kan bakka bu'an yoo tahaniidha.

Haalumaa kanaan barattoonni qormaanni biyyoleessaa qabiyyee kitaaba barataarraa hinqophaa'u jechuun komii kaasan sirrii ta'uufi dhiisuu isaa adda baasuudha. Dhugumayyuu kitaaba barataafi qormaata biyyoleessaa gidduu hariiroon jiraachuusaa adda baasuudha.Haala baruufi barsiisuu keessatti barataan qabiyyee barateen qorumsa fudhachuu qaba. Kun ta'uuf qormaanni qophaa'u qabiyyee kitaaba barataa gidduu galeessa godhachuun akka fudhatamummaafi amanamummaa qabutti qophaa'uu qaba.

Gaaffileen qormaatichaaf qophaa'an qabiyyee barnootichi karoorfamee barsiifame haala danda'ameen kan bakka bu'an yoo tahaniidha. Kanaafuu, kitaaba barataafi qormaatni kitaaba barataarraa qophaa'u komii barattootaa tokkoo malee firoomii (walsimannaa) cimaa uumuun qophaa'uu qaba. Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaataa moodeelaafi biyyolesaa gidduu komee jiru adda baasuuf qabiyyeen qormaata moodeelaafi qormaata biyyoleessaa haala qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi10 keessatti barataniin dhufuu dhabuu irratti qaban bu'uura godhachuun qoratichi xiinxala firoomii kitaaba barataafi qabiyyee qormaata kutaa 10 moodeelaa afaan oromoofi biyyoleessaa kan bara 2010 jedhurratti komee isaan qaban sakatta'uufi yaada furmaata kaa'uuf qorannoo geggeesse jira. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffiwwan ijoo qorannichaaf oolan kana gaditti dhihaatan deebii kan kennudha.

1. Qabiyyeewwan kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessatti dhihaatan qabiyyeewwan qormaata kutaa 10 Moodeelaafi Biyyolessaa kan bara 2010ALI wajjin hariiroo qabu?
2. Qabiyyee baratamanii qormaatoota sana keessatti hinhammatamne jiru?
3. Qabiyyeewwan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 ala bahan isaan kami?
4. Dhiheessi qormaata lamaanii keessatti hanqinni mudatan nijiruu?

### 1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon Gooroo Qorannoo kanaa:Firoommii qabiyyee Kitaaba Barataafi Qormaata kutaa 10 Moodeelaa Afaan Oromoofi Biyyolessaa Kan Bara 2010ALI Wajjin Qabu Sakatta'uudha.

Kaayyoowwan gooree qorannichaa ammoo, qabxiilee armaan gadii haammata.Isaanis:

1. Qbiyyeewwan kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessatti argaman qabiyyee qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010ALI wajjin walitti dhufeenya qabaachuu isaanii adda baasu;
2. Qabiyyeewwan barataniin ala qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 keessatti hammataman ibsu;
3. Qabiyyeewwan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessa osoo hin jiratiin qormaata lamaanirra ba'an addaan baasu;
4. Dhiheenya qormaata moodeelaafi biyyoleessaa keessatti hanqinaalee jiran ibsuudha.

## 1.4. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Firoomii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi BiyyolesaaKutaa Kudhanii kan bara 2010fi Kitaaba Barataa irratti daanga'e.Kunis kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 irratti kan daanga'edha.Akkasumas, odeeffannoo dabalataa argachuuf, Godina Wallagga Lixaa, Magaala Gimbii, Mana Barmsaa Gimbii sadarkaa Lammaffaatti Barsiisota barsiisaniifi barattoota kutaa kudha tokkoffaa baratan irratti daangaa'era.Sababa ani mana barumsaa kana filadheef mana barumsaa ani barsiisaa tureefi bakka hojii kootti dhihoo waan ta'eef, qorannoo kana yeroo dalagu qixa sirrii ta'een odeeffannoo argadha waan ta'eef.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidawwaa armaan gadii ni qabaata jedhamee yaadama. Isaanis:

- Qaammni qormaata qopheessuuf yeroo qormaata moodeelaafi biyyolessaa qopheessaan xiyyeeffannoo cimaa akka godhaniif ragaa barbaachisuu ni kennaaf.
- Barattootaaf qormaata qabiyyee kitaaba wajjin deemu akka qophaa'uuf ni gargaara.
- Qormaanni moodeelaafi biyyolessaa qabiyyee kitaaba barataa wajjin walsimee akka qophaa'uuf yaada barbaachisu nieera.
- Akka ka'umsaatti namoota qorannoo kana fakkaata geggeessuu barbaadaniif nigargaara.

## 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo adeemsifamu kana keessaatti qoratichi qorannoo yommuu geggeessutti, haqinni yeroo, geejjibaa akkuma jirutti ta'ee; qorannooleen adda addaa mata-duree kanaan walqabatan dhibuufi yeroo ga'aa dhabuun haqina mudatanidha.

## Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana keessatti qorannoo wajjin walitti dhueenya kan qaban yaadrimee mata duree wajjin deeman bakka itti sakatta'amanidha. Innis kutaawwan lama:sakatta'a barruu yaadrimeefi mataduree qorannoo kanaan walfakkii warra ta'an bakka itti sakatta'amanidha. Sakatta'a barruu yaadrimee keessatti barreefamoota qormaataan walqabatan yookiin meeshaalee  qormaataa qopheessuuf gargaaran, hiika qormaataa, gosoota qormaataa, amaloota qormaata gaariifi barruu walfakkii mata duree kanan walfakkaatan sakatta'uun itti dhihatanidha.

### 2.1. Maalummaa Meeshaalee Barnootaa

Meeshaalee barnootaa jechuun haala baruufi barsiisuu keessatti kan barsiisaan itti fayyadamuu ta'ee; fedhii barattootaa guutuufi baruu barsiisuu galmaan ga'uuf kan fayyadudha. Isaanis galmaan ga'insa baruu-barsiisuuf milkeessuu keessatti bakka olaanaa qabu.Meeshaaleen barnootaa adeemsa baruu-barsiisuu waliigala kaayyoolee barnootaa galmaan ga'uufi qabiyye barnootaa qabatamaan ibsuuf kan tjaajilanidha. Kunis kitaaba qofarratti xiyyeeffachuu osoo hinta'iin qabiyyee mataduree barnootaa tokko dhiheessuu keessatti qabatamaa taasisuuf kan dhimma itti ba'amudha.

Orji (2000) asserts that teaching aid is "the guidance of learning activities that a teacher uses to motivate and arouse student's desire to learn". An instructional material makes students understand easily when the teacher makes use of a working model. Akka yaada kanatti meeshaalee barnootaa jechuun kan barsiisaan fedhii barattootaa kakaasuuf kan itti fayyadamuu ta'ee  haalli baruufi barsiisuu akka galma ga'uuf kan deeggarudha.

Akka Harrison and Gowin (1995) ibsanitti, "Meeshaaleen deeggarsa barnootaa fudhatama barnootaa irratti dandeettii dubbisuufi dandeettiiwwan biroo barattoonni akka fooyyefatan kan gargaaruufi dhugummaatti dandeettii isaanii akka gabbifataniif gargaara." Jedhu. Kitaabilee barnootaa meeshaalee deeggarsa barnootaa keessaa isa tokko ta'ee baruufi barsiisuu galmaan ga'uu keessatti gahee olaanaa kan qabudha.

### 2.1.1. Gosoota Meeshaalee Barnootaa

Hojii baruufi barsiisuu keessatti Sirni barnootaa meeshaalee hojii ittiin galma ga'u hedduutu jiru.Isaan keessaa silabasii, kitaaba barataa, qajeelcha barsiisaa, meeshaalee deeggartuu barnootaa warra bu'uuraati.Isaanis wal deeggaruun dandeettii, ogummaafi beekumsa barattootaa cimsuuf gargaaru.

#### 2.1.1.1. Silabasii

A syllabus is summary outline of a discourse, treatise, or course of study or of examination requirements.

Akka yaada kanatti silabasiin cuunfaa yaada ijoo mata duree, gosa barnoota tokkoof idileen waan barreeffame, koorsii qo'annoo ykn qormaataaf baay'ee barbaachisaa kan ta'edha. Kanaraa kan hubannu silabasiin qophii qormaata kamiyyuu keessatti barbaachisaa akka ta'edha. Kanaafuu, silabasiin qormaata moodeelaafi biyyoleessaa wajjin walitti dhufeenya kan qabanidha.

Silabasiin adeemsa qophii sirna barnootaa keessatti sadarkaa koorsiin kaayyolee qabatamaatti haala madaalamuu danda'uun caccabee dhiyaatudha. Mata-duree yookiin qabiyyee yeroo beekame keessatti hammatamu, mala baruu-barsiisuu kan barbaachisummaan koorsiifi haalli qorumsaa keessatti ibsamu qabata. Gabaabumatti, adeemsa sirna barnootaa hojii irra oolchuuti.Dublinifi Olshtain (1986:28) silabasii yommuu ibsan:

> *Ragaa barruu waan barattootni dhuma koorsiitti beekuun irra jiru ibsu, ragaa barruu kan yeroo koorsiin kennamu maaltu barsiifamuu yookiin baratamuu akka qabu bifa hojii raawwatameefi hafe addaan baasuu, ragaa barruu qabiyyeen tokko yoom akka barsiifamuufi haala maaltu hojii irra ooleefi hin oolleen sadarkaa adda addaatti fooyya'insi saffisaa ittiin deemuu qabu kan agarsiisu, ragaa barruu waanti addaan ba'ee beekame kun adeemsa ittiin barsiifamuu qabu irratti yaada kenna.*

Yaada kana irraa silabasiin sirna barnootaa caalaa kan barachuu kutaan wal qabatu ta'a. Walitti dhufeenya barsiisotaafi barattootaan maaltu akka kutaatti ta'u agarsiisa. Qabiyyee filuufi sadarkeessuu xiyyeeffatee qaama qophii sirna barnootaa kan ta'eefi kan barumsaaf ka'umsa ta'edha jechuu dandeenya. Silabasiin karoora sirna barnootaafi ka'umsa sirna barnootaa ta'ee, yeroo boqonnaaleef qoqqoodame, mala ittiin barsiifamu, eenyuun akka hojiirra oolu ibsuun, dhuma barnootichaatti barattoonni waan baratan addeessuun iddoofi

qabiyyee barnootichaa eeruun, keessa deebi'uun akkamitti akka hojjetamu madaaluun qabxilee ijoon dhiyeessuun tumsa kan godhuudha.
Akkasumas, Breen in Center and Nunan (2001:151 ) "*A Syllabus is aplan of what is to be achieved though teaching and learning. It is a part an overall language curriculum or course which is made up of four elements: aims, content, methology and evalution*." Ibsu.

Akka yaada hayyoota kanatt, silabasiin karoora adeemsa hojii baruufi barsiisuu keessatti, kaayyoolee karoorfaman bira gahuuf kan nama fayyaduudha.Gama biroon, damee sirna barnoota Afaaniifi akka gosa barnootaa ta'ee, ruqoolee gurguddoo afur kan ofkeessaa kan qabuudha. Kunneenis: Kaayyoo, Qabiyyee, Malaafi Madaalii fa'i.

Qaamolee Silabasii kanneen jedhaman warren adeemsa baruufi barsiisuu keessatti dandeettii barattootaa cimsuuf haala saayinsawaa ta'een kan qophaa'aniidha.Isaans: kaayyoo gooroofi gooree, qabiyyee, baayyina wayitii, mala baruu-barsiisuu, meeshaalee deggarsa barnootaafi gamaagama.Akkasumas, ogummawwan afaanii, hiikni jechootaa, caaslugni qaamolee silabsii keessaa kanneen biroodha. Kanneen kun waldeeggaruun baruufi barsiisuu galmaan ga'u.

### 2.1.1.2. Kitaaba Barataa

Kitaabni barataa qaama meeshaalee sirna barnootaa keessaa isa tokkodha. Innis, akkaataa silabasiin hojiirra oolchan irratti kan xiyyeeffatudha. Haalumaa kanaan, barattoonniifi barsiisonni adeemsa baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeewwan barnootaa akkamitti akka hojiirra oolchan kan gargaarudha. Kitaabni barataa qabiyyeewwan addaddaa kan of keessatti qabate ta'uu qaba. Innis, dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu) fi beekumsa afaaniiti. Beekumsi afaanii kan waa'ee afaanii gad fageenyaan caasaa isaarratti kan xiyyeeffatudha.

Akkasumas tooftaalee baruufi barsiisuuf mijataa ta'an kan of keessatti hammateefi madaallii barataa giddu galeessa godhachuun kan qophaa'udha. Meeshaalee barnootaa keessaa tokko kitaaba barnootaati. Innis, haala baruufi barsiisuu gaarii gochhuuf kan barsiisonni itti fayyadamanidha. Kitaabni barnootaa yeroo qophaa'u fedhii barattootaa giddu taasisuun haala baruu-barsiisuu galmaan ga'a.Kitaabni barnootaa yemmuu qophaa'u fedhii barataa

giddugaleessa godhachuu akka qabuufi silabasii barnootaa wajjin walsimatee qopaa'uu barbaachiisaadha.

Brown (2000), hiika itti kennetti, kitaabni barnootaa kitaaba sirna barnootaa keessatti tajaajila kennuudha. Cook (2001) kitaabni barnootaa baratаan karaa garaagaraa akka baratu gargaara. Ogummaan afaanii baratamuu qaban unka ittiin to'atamu danda'utti caccabsuudhaan haala itti baratamuuf qopha'an; salphaarraa gara cimaatti, beekamaarraa gara kan hinbeekamneetti, tarreessuun dhiyeessuu akka qaban ibsa. Kitaabni barnootaa afaanii gosa meeshaalee barnootaa keessaa isa bay'ee barbaachisaadha. Innis, kallattii hojiirra oolmaa silabasii barnootaa irratti kan hundaa'uudha.Haaluma kanaan, barsiisonniifi barattoonni hojii baruufi barsiisuu keessatti qabiyyeelee barnootaa akkamitti akka hojiitti hiikuu qaban kan karaa argisiisuudha.

### 2.1.1.3. Qajeelcha Barsiisaa

Qajeelchi barsiisaa kitaaba barataarratti hundaa'uun kan qophaa'uudha. Kan inni qophaa'eefis kitaaba barataarratti yaadolee tokko tokko irratti barsiisotaaf ibsaafi yaadannoo kennuudhaan barsiisonni kaayyoolee, qabiyyeefi maloota addaddaa eeraman muuxannoo isaanii, beekumsaa, fedhiifi dandeettii barattootaa isaanii waliin wal simsiisanii akka itti fayyadamaniif haala kan mijeessuufi karaa kan qabsiisuudha. Qajeelchi barsiisotaa, barsiisotaafi barattootaa deeggaruuf kitaaba barattootaatti akkamiin fayyadamuu akka qaban irratti odeeffannoo ifaa ta'e kan kennudha. Akkasumas, haalli baruu-barsiisuu akkaataa kamiin akka deemuufi madaalliin walitti fufinsa qabu kan ofkeessatti hammatedha. Kitaabni qajeelcha barsiisaa barnoota torbanii irratti kan xiyyeeffatee kan qophaa'eefi barnoonni torbee tokkoo immoo, wayitiilee adda addaatti qoodamee kan dhihaatedha. Barannoon kitaaba barataa keessa jiru tokkoon tokkoon isaa kan qajeelcha barsiisaa keessa jiruun walsimee kan dhihaatedha.

### 2.1.1.4. Faayidaalee Meeshaalee Barnootaa

Heinich (1993) Faayidaan meeshaaleen barnootaa ilaalchisee yoo ibsu, "barnoota sadarkaa kamitti kennamurratti haala ittiin odeeffannoo barnootaa toora gale ykn sirriitti akka hubataniif qindaa'ee barataa bira gahuun bu'a qabeessa kan taasisuu fayyada.Kan malees barnoota qabatamaa taasisuuf qabiyyeewwan barnootaa daree keessatti kennamu naannoo

isaa waliin walsimsiisee dhiheessuun hojii baruufi barsiisuu daran mijataa kan taasisuudha."Jedha.

Adeemsa hojii baruufi barsiisuu haala qabatamaa taasisuuf meeshaalee barnootaa qabiyyee barnootaa waliin deemanitti gargaaramuun caalaatti barnootichi faayidaa akka qabaatu taasisa.Kanaaf,haala armaan gadiin hayyootni adda addaa dhimma kanarratti ragaa bahu. Heinich kanneen biroo (1998) faayidaa isaa yummuu ibsu,faayidaan meeshaalee barnootaa inni ijoon muuxannoo barnootaa kanneen qabatamoo ta'aniifi qabatamaa gidduu madaallii jiru fooyyessuun walsimsiisee dhiyeessuu qofa osoo hintaane barnoonni muuxannoo duraan qabaniin akka walfudhachiisaniif nigargaara.

Kanaaf, mataduree kana keessatti meeshaalee barnootaa qabatamummaa barnootaa dhugoomsuun daran faayidaa waan qabaniif dhimma itti bahuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Meeshaaleen barnoota kun waliin ta'uun baruu-barsiisuu galmaan ga'u. Galmaan ga'iinsi barnootaa kan madaalamu ammoo meeshaalee barnootaa fayyadamuun qormaataa barattootaaf kennuun milkaa'a.

### 2.1.2. Maalummaa Qormaata

Qormaata ykn madaallii jechuun karoora madaallii ta'e qoramtoota beekumsa,dandeettii, ga'umsa uumamaa, jabeenyaa qaamaafi mataa duree hedduu madaaluuf kan gargaarudha. Akkuma kana qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa dhuma barnootaatti kan kennamu ta'ee; dandeettiifi beekumsa dhuunfaa barattootaa madaaluuf gargaara. Qormaanni meeshaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamuufi barattoonni barumsa barachaa jiran ammam akka hordofan, jijjiirama amalaa hagam akka horatan kan agarsiisuu dha. Labsii BBO lakk.199/2008.

Akkasumas,Labsii Lakk.199/2008 keeyyata 74, keeyyata xiqqaa 3 akka BBOn baasetti:

> *Qorumsi qulqullina barnootaa mirkaneessuuuu keessatti gahee olaanaa qaba.Qorumsi barreeffamaan, jechaan yookaan gochaan kan kennamu ta'ee murtii kennuuf gargaara.Qophiifi soroorsi qorumsaa erga raawwate booda xiinxalli isaa of-eeggannoon geggeeffamuu barbaada; qorumsa dadhabaafi amansiisaa hintaaneen hiikni kan itti kennamu yoo ta'e, qulqullinaan barumsa kennuufi hordoffii barattoonni taasisan agarsiisuu hin danda'u.Kanaafuu, rakkoo*

*akkanaatiif furmaata kennuuf hojicha qajeefamaan raawwachuun barbaachisaa ta'a.*

Akka yaada kanatti, qormaanni qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti shoora guddaa kan taphaatuufi murtii kennuuf kan gargaarudha. Qormaanni moodeelaa kutaa kudhaniifi biyyolessaas barreeffamaan kan dhihaatan ta'anii barattoonni kutaa itti aanutti darbuufi dhiisuu isaanii kan murteessuudha. Qormaata jechuun gaaffiiwwan murtaa'anii qophaa'an karaa ifa ta'een haala xiinsammuu qaramtootaa ilaalchisee ragaa walitti qabuuf safartuufi qormaanni walitti qabama gaaffiiwwanii ta'ee, raga argachuudhaaf gochaa raawwatamudha.

Qormaanni akka gosa madaallii tokkootti amala nama dhuunfaa haala adeemsa ifa taheen lakkofsaan kan ibsudha. Yaada kana Bachman (1983) yeroo ibsu akkas jedha: "*As one type of measurement, a test necessarily quantifies characteristics of individuals according to explicit procedures."* Brown (1994) gama isaatiin, qormaata jechuun gochaa guyyaa guyyaaniifi ta'insa barachuu wajjiin walqabatee, namni tokko wanta murtaa'e irratti beekumsa qabu ykn mala dandeetti ittiin safarruudha jedha.

Desalegn and Girma (2009), qormaanni yeroo baay'ee yammuu ibsamu, tuuta gaaffilee ta'ee barataa tokkoof ykn barattoota hedduuf karooraan kennuuf haala murtaawaan kan qopheeffamuudha jechuun ibsan.

Qormaanni kutaa tarsiimoo barnootaafi hawaasa keenyaati. Qabxiin qormaata afaanii waa'ee dandeettii afaanii namootaa murtii kennuuf akka ragaa ka'umsaatti kan fayyadudha. (McNamara and Roever, 2006, P.37). Kunis qormaanni jireenya hawaasaa keessatti baay'ee barbaachissa ta'uu isaa nu hubachiisa. Kitaabni, (Teacher Education Handbook, 1999, p.192) tajaajilaan walqabsiisee yoo hiiku, "Examination covers a large area of contents. It is given at the end of a course or semester. Its mine purpose is to assign grade. The number of items included is large," jedha.Akka yaada kanaatti,"Qormaanni gaaffilee gosa adda addaa kan qabiyyee bal'aa qabatu ta'ee yeroo baay'ee dhuma koorsii ykn dhuma waggaarratti kan kennamudha. Qormaanni kaayyoon isaa barattoonni gara daree itti aanutti darbuu isaanii murtii kan kennudha."Jedha.

Hayyuu kun itti dabaluun, qorumsa tokko keeessatti naamuusni hojirra ooluuf Tooftaalee barsiifata ta'an sadiitu jiru.Isaanis:Garaagarummaa jiru adda baasanii ilaaluun, ijaarsa qorumsa hubachuufi cimina gaaffilee adda baasuun hojitti jijjiiru. Qormaata qopheessuurratti

ilaalcha walfakkaataa qabaachuufi amala qophii qormaataa beekuu. Qindaa'ina isaa, dandeettii hunda of keessaa qabaachuusaa, gosoota qormaataa adda baasuun hojiirra oolchuudha. Qormaanni adeemsa saayinaawaa qoratamtoonni sadarkaa beekumsaa qabaachuu qaban irra gahuu isaanii ilaaluuf gaaffii gafatamanidha.(Donath, 2005).

Qormaanni afaanii madaallii shaakalaafi qo'annaa dandeettii nama dhuunfaa akka gaariitti itti fayyadama afaanii keessattiiti. Qormaanni amalli qoratamtootaa qabiyyee ulaagaa ta'e waliin karaa sirriitti deemuu isaa ilaaluuf kan qophaa'udha. Qormaanni kaayyoo waalta'a kan qabu adeemsa madallii dandeettii hojii qoratamtootaa guutuuf ykn naannoo dandeettii isaanii addaan baasuuf kan kennamudha. Qormaanni sagantaa barnoota afaanii keessatti kamtu barataatti cima kan jedhu addaan baasuuf barsiisaa kan gargaarudha. (Heaton, 1975, p. 2).

Qormaanni meeshaadha.Adeemsa tooftaawaa hordofuun gaaffii qopheessuudhaan haala walfakkaatuun amala safaruudha (Saeed and Noor, 2011). Kan namni tokko beekuufi yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti hojjechuu danda'u safaruuf kan yaaludha. Gaaffii gahumsi nama tokkoo hangam gaariidha? Jedhuuf kan deebii kennudha.

Qormaanni kutaa madaalli ta'ee adeemsa walitti qabuu odeeffannoo murtii kennuuti. Ciminaafi fedhiin barataa otoo hinbeekiin barsiisuun barsiisaan yeroo baay'ee gara sirrii hintaanetti akka barsiisu godha.Madaalliin meeshaa dandeettii safaruufi madaaludha. Madaalliin barsiisaan haala ittiin barsiisu mijjeessee hojii isaa caalatti fooyyessuun barataan akka fayyadamu godhuu kan dandeessisudha (Heaton, 1988, p.2). Qorumsa Moodeelaa: Qorumsa gahaumsi, yeroon, qophiifi kenniinsi isaa qorumsa naannoofi biyyooleessaa wajjin walfakkkaatu sadarkaa naannootti qopha'ee kutaalee: $8^{ffaa}$, $10^{ffaa}$ fi $12^{ffaa}$f kan kennamuudha. (Labsii BBO Lakk. 199/2008:2)

> *Model test is to build confidence among the students in assessing time management and subject wise preparedness for the ensuing various competitive exams.Model exam analysis helps the students to know their subject wise competency, question wise error analysis.Students can develop a winning strategy to crack the actual exam after knowing their strengths and areas of improvement.*

Akka yaada armaan oitti ibsametti,"Qormaata moodeelaa jechuun barattootaa keessatti ofitti amanammummaa kan uumuufi itti fayyadamaa yeroo akka beekan gochuufi waa'ee gosa barnootaa hubachuurratti qophii akka taasisaniifi gosoota dorgommii qormaataa irratti bu'aa buusuu isaanii kan madaaludha. Akkasumas, qormaanni moodeelaa barattoonni waa'ee gosa

barnootaa isaanii beekumsa qabaachuu, gaaffii dhihaate beekuufi dogoggora gaaffii qorachuuf gargaara.Qormaanni Moodeelaa karaa ittiin Barattoonni karoora hawwataa dagaagsaniifi qormaata sirrii ta'e erga hubatanii booda cimina isaanii kan ittiin mirkaneefatan jechuudha."

Brown (2003), "*A test,in simple terms,is a method of measuring a person's ability,knowledge,or performance in a given domain. It is an instrument a set of techniques, procedures,or items-that requires performance on the part of the test-taker.*"

Akka kannaatti, "qormaata jechuun tooftaa/mala ittiin dandeettii, beekumsaafi ga'umsaa namaa doomenii kenname keessatti kan ittiin madaalan jechuudha." Qormaanni meeshaa ittiin nama madaalan ta'e; tooftaalee, adeemsotaafi ga'umsa barbaachisu keessatti qooda fudhattoonni qoramuun kan madaalamaniidha. Qormaanni tokko tokko dandeettii walii gala madaaluu; kanneen biroo ammoo,beekumsa ykn ga'umsa murtaa'aafi kaayyoo namootaa madaaluu. Namoonni qormaata qopheessan, sadarkaafi ga'umsa warra qormaata fudhatanii beekuu qaba.Sadarkaa barattootaa ala yoo ta'e;dandeettii isaanii madaaluu dhiisuu danda'a.

Qormaanni ga'umsa barattootaa madaala. Bu'aan qormaata madaaluu dandeettii qoramtootaa ykn yaada isaa dirree xinqooqa afaanii irratti ga'umsa qabaniif gargaara. Qormaanni afaanii baay'een isaa ogumaawwan afaanii akka isaan gabbifataniif fayyada. Ogumawwan afaanii kunneenis:dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuufi barreessuudha. Maalummaa qormaataa kana bu'uura godhachuun qormaanni moodeelaa BBOn kan qophaa'u ta'ee; ga'umsaa dhuunfaa barattootaa kan ittiin madaalamudha. Qormaanni biyyooleessaa ministeeraa barnootaan kan qophaa'uu ta'ee; sadarkaa tokkorraa gara sadarkaa biraatti ceesisuuf (bench mark) ta'ee kan gargaarudha.

### 2.1.3. Seenaa Qorumsa Afaanii

Achi as dhufaa qormaataa ilaalchisee yaadoleen jiran akka kana gaditti dhihaataniiru.Isaanis: Pre-scientific era (saayinsawaa dura) Bara 1900 dura kennama ture.Innis akkaataa kanaan dhihaachaa ture:

- Haalli qophii qormaata afaanii aadaarratti hunda'uun qajeelfamaafi adeemsaa tokko malee waan itti fakkaatu qopheessuu.

- Barreeffamoota unkaa adda addaa kanneen akka jijjiirraa,ijaarsaa caaslugaa,qormaata barreeffamaa, hiikaa, dhaggeeffatanii barreessuufi dubbisa kennamerratti hundaa'uun deebiiwwan banamaa kennuu ofkeessatti hammata.
- Yaaxxina afaanii kan fayyadamneefi yaada namaa akka barbaadanitti (subjective) kennu.

Bara saayinsaawaan dura erga darbee bara 'Psychometric-structuralist' itti aanee dhufe.Bara kana keessatti qorumsi kan kennamu dandeettiiwwan afaanii bakka xixxiqqaatti qoodamee qoruu adeemsifamaa ture. Dandeettiiwwan afaanii, beekumsa caaslugaa addaaddatti qoodee qora.Ga'umsaafi amanamummaa ni deeggaruun isaa gaarii ta'us waliigaltee hindeeggaru (inability to achieve communication). Malli qormaata qoruu kunis ta'uu didnaan isaa sadaffaa 'Integrative approach' kan jedhu Oller (1960) 'unitary Competence Hypothesis' dandeettiiwwan afaanifi damee beekumsaa walitti fiduun qorumsi kennamuu jalqabame.

Adeemsa keessa haalli kennama qormaataa jijjiiramaa hiika galumsaa fayyadamaa, dandeettiiwwan afaaniifi damee beekumsaa walitti makuun qormaanni kennamu jalqabame. Barri kunis ykn malli kunis seenaa qormaata qoruu keessatti itti fayyadama afaanii haala galumsaan sirriitti ibsuurratti (the use of language in actual contexts) hanqina qaba. Kanneen armaan olii sadeen hanqina waan qabaniif ammas afaan qoruuf malli kan biroon akka barbaachisuu bira ga'ame.

Kanuma bu'uura godhachuun Qorumsa yeroo ammaa (Qorumsa walquunnamtii) fayyadamuun qorumsa qoruun fudhatama argachaa dhufuun hanga har'atti itti fayyadamaa jira. Bechman (1990) akka ibsetti: Qorumsa walquunaamtii wanti adda isa taasisu tokkoo tokkoo dandeettiiwwan afaanii qofa qofaatti madaaluun gaarii akka ta'e amanama. Kunis namni tokko afaan lammaffaatti akkamitti akka fayyadamu agarsiisuu qaba. Qorumsa yeroo ammaa qopheessuu keessattis guddina yeroo qorumsa saayinsawaa dagachuus hinqabnu. Dura sochiin qorumsaa qorumsa deebii banamaarraa gara qorumsa deebii daanga'aatti ture. Qorumsi yeroo ammaa immoo dhiyaannaa lamaanuutti dhimma ba'a (Madsen, 1983). Dhihaannaa walmakaafi dhihaannaa walqunnamtii. Dhihaannaan walmakaa dhiyaannaan walmakaan caaslugaafi dandeettiiwwan afaanii walitti makuun qora. Dhiyaannaan walquunnamtii ammoo xiyyeeffannoon isaa inni duraa afaan akkamitti waliigaltee keessatti akka fayyadurrattidha. Kanaaf, yeroo baay'ee amma danda'ametti gilgaalota jireenya dhugaa

barattootaa wajjiin walqabatan of keessatti hammata. Dhiyaannaa kana keessatti galma ga'insi afaan barachuu kan madaalamu sirrummaa seerlugaa irra ga'umsa waliigalteeti.

### 2.1.4. Faayidaa Qorumsa Afaanii

Qorumsi afaanii tajaajila adda addaatiif oola. Tajaajila qorumsa afaaniirratti yaadonni hayyoota ibsameera.Isaanis: Murtii sagantaa barnootaa kennuu keessatti akka madda odeeffannoo kennuufi agarsiistota ga'umsawwan qorannoo afaanii, afaan baruufi barsiisuu keessatti barbaadamaniitti gargaara. Sagantaa barnootaa keessatti faayidaa guddaan qormaata afaanii firii qorumsaa madaallii ykn waa'ee sagantaa yookiin namootaa irratti murtii kennuu wajjin kan walqabatudha (Bachaman1990:54).

McNamara (2000) faayidaa qorumsa afaanii yoo ibsu, "Language tests play a powerful role in many people's lives, as acting as gate ways at important transitional moments in education, in employment, and in moving from one country to another," jedha (F. 3). Kan jechuunis qorumsi afaanii jireenya dhala namaa keessatti ga'ee guddaa taphata. Kunis sadarkaa barnootaa tokkoo gara isa itti aanuutti darbuu keessatti, qacarrii hojiifi biyya tokkoo gara biyya biroo deemuu keessatti akka furtuutti tajaajila.

Karaa biroon Allison (1999) faayidaa qorumsa afaanii yommuu ibsu,"purposes of language test:diagnosis and feedback/screening and selection/ placement/program evaluation/providing research criteria/ assessment of attitudes and socio psycholgical differences," jedha.

Akka ibsa kanaatti immoo faayidaan qorumsa afaanii ciminaafi dadhabina adda baasuuf,yaad deebii kennuuf,fo'annoof,ramaddiif,madaalii sagantaaf,ulaagaa qorannoo kennuuf, madaallii garaagarummaa xiinsammuu hawaasummaafi ilaalchaa geggeessuuf tajaajila. Kana malees, Byrne (1984) yommuu ibsu,"Language tests have many uses in educational programme and quite often the same test will be used for two or more related purposes," jedha. Ibsa kanarraa akkuma hubatamu, qorumsi afaanii sagantaa barnootaa keessatti faayidaalee hedduu qaba. Akkasumas, gosti qorumsa afaanii tokko faayidaalee walfakkaatoo lamaafi isaa ol kennuu danda'a.

Walitti qabaatti faayidaan qorumsaa afaanii:

- Barattoonni barnootaaf qophaa'uu adda baasuuf nigargaara. Qorumsi barattoota addaan fo'uu ykn barattoota warra kamtu sagantaa barnootaa tokkoof akka qophaa'aniifi isaan kamtu akka hinqophoofne adda baasuuf tajaajila.
- Barattoota akka dandeettii isaaniitti ramaduuf nitajaajila. Gosti qorumsaa akkasii ga'umsa barattoonni dandeettii afaanii isaan horatan irratti hundaa'uun kutaa murtaa'aa tokkotti ramaduuf gargaara.
- Ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuuf.
- Dandeettii waliigalaa barattootaa madaaluuf.
- Kaayyoon barnootaa galma ga'uu isaa madaaluufi
- Ga'umsa barnootichaa madaaluuf ni tajaajila.

### 2.1.5. Gosoota Qormaataa

Hayyoonni adda addaa gosoota qorumsaa bakka garaa garaatti qoodu. Brown (1994) yaada kana yommuu ibsu, "There are many kinds of tests, each with a specific purpose, a particular criterion to be measured," jedha (F.257). Kana jechuunis qorumsi gosoota hedduu qaba. Tokkoon tokkoo isaaniis faayidaa murtaa'aafi waan safaruuf qophaa'an qabu.Harrison (1983) qorumsa faayidaa isaa irratti hundaa'uun bakka afuritti qooda. Isaanis: qorumsa ramaddii, qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasu, qorumsa hubannoofi qorumsa ga'umsaati. Haata'u malee, qooddiiwwan qorumsaa kanneeniif maqaaleen kennaman barreessitoota adda addaa biratti garaagarummaa qabu. Akka Harrison ibsetti gosoonni qormaataa akka kanaa gaditti qoodamu.

#### 2.1.5.1. Qormaata Ramaddii

Qorumsa ramaddii ilaalchisee Harrison (1983) yommuu ibsu, qorumsi ramaddii barattoota haaraa garee barumsaa tokkotti ramaduuf gargaara. Kunis barattoonni dandeettii walfakkaataa qaban akka isaan barumsa walfakkaataa barataniif tajaajila. Kanaaf, qabxiilee murtaa'aa baratanirra dandeettii waliigalaa barattootaarratti xiyyeeffata. Yaada kana deeggaruun Alderson & et al. (1995) yeroo ibsan, qorumsi ramaddii barattoonni barnoota sadarkaa isaaniin walsimu yookiin kutaa dandeettii isaaniitiin walgitutti ramaduuf qorumsa dandeettii afaanii isaanii madaaluuf qophaa'udha. Qormaatni ramaddii yeroo qophaa'u

bu'uura kan godhatu yaadota bu'uura afaaniifi qabiyyee barnoota afaanii irrattidha.Kanaaf qormaanni qophaa'e dandeettii waliigala afaanii kan gaafatudha. Gosti qorumsa kanaa qabiyyee silabasii barattoonni baratan irratti yookiin meeshaalee barnootaa biroorratti xiyyeeffachuu danda'a. Qormaata ramaddii keessatti dandeettiin barattootaa irra caalaa daree isaa kam keessatti akka ramadamaniifi muummee kam keessaatti ramadamuu akka danda'an kan agarsiisudha.

### 2.1.5.2. Qormaata Ciminaafi Dadhabina Adda Baasu

Waa'ee qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasuu ilaalchisee Harrison (1983) yommuu ibsu, qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuu yeroo tokko tokko qorumsa fooyya'insaa jedhama. Kunis qabxiilee barumsa tokkoo barachuu keessatti fooyya'insa barattoonni agarsiisan mirkaneessuuf gargaara. Qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasu qabxii murtaa'aa tokko erga baratanii yookiin barumsa tokkoo erga xumuranii booda kan kennamudha. Gosti qorumsaa kun yoo haalaan qindaa'e waa'ee barattootaarratti odeeffannoo fooyya'insaa kennuu danda'a. Qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuuf oolu, gaaffii "Barattoonni hammam haala gaariin barumsa kana baratani?" jedhuuf deebii kenna.

Gosti qorumsaa kun barataaf yaaddeebii battalaa kenna. Kana keessatti barataan firii gaarii galmeesse barumsa itti aanu barachuuf yommuu onnatu, barataan firii gadaanaa galmeesse immoo dadhabina isaa adda baafachuun waan barate sana keessa deebi'ee akka xiinxalu isa taasisa. Yaada kana deeggaruun Alderson & et al. (1995) yommuu ibsan, qorumsi ciminaafi dadhabina adda baasuu bakka barataan tokko gargaarsa dabalataa itti barbaadu adda baasuuf tajaajila. Gosti qorumsaa kun haala madaalawaa ta'een dandeettii waliigalaa madaaluu kan danda'uufi barataan tokko dandeettiiwwan afaanii gurguddaa arfan keessaa isa kamirratti gargaarsa addaa akka barbaadu kan agarsiisu yookiin qabxii murtaa'aa barataan tokko seera itti fayyadama afaanii keessatti qabu adda baasuuf gargaara.

### 2.1.5.3. Qorumsa Hubannoo

Qorumsa hubannoo ilaalchisee Harrison (1983) yeroo ibsu, qorumsi hubannoo qorumsa xumura hojii yookiin barumsa tokkoorratti kennamudha. Qorumsi kun qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasuu caalaa barumsa yeroo dheeraa kennameefii hojiirra kan ooludha. Fakkeenyaaf, barumsa waggaa tokko yookiin barumsa tokko guutummaa isaa yookiin kan

gosoota barumsaa garaa garaa keessatti kenname madaaluuf tajaajila. Kunis hubannoo barattoonni sadarkaa tokko irratti argaman qaban madaaluuf gargaara. Fakkeenyaaf, qorumsa sadarkaa addunyaatti kennamu, yookiin kan sadarkaa guutuu biyyaa, mana barumsa tokkoo yookiin akka garee manneen barnootaatti kennamu ta’uu danda’a.

Kunis barattootni barumsa sana barachuu isaaniif ragaa kennuuf tajaajila. Haalli qophii qorumsa kanaa qorumsa ciminaafi dadhabina adda baasuu caalaa qabiyyee hedduufi kaayyoo gooroo of keessatti qabata. Kunis sababa waan waggaa tokko guutuu baratame guyyaa tokkotti madaaluun hindanda’amneef rakkoolee iddattoo fida. Kanaafuu, qorumsichi maal maal akka of keessatti qabaachuu qabuufi qabiyyee tokko madaaluun isa biroo madaaluu danda’uu ykn dhiisuu isaa irratti murtiin kennamuu qaba. Yaada kana deeggaruun Alderson & et al. (1995) yommuu ibsan, qorumsi hubannoo qorumsa xumura barumsa tokkoo irratti kennamu ta’ee qabiyyeen isaa silabasii yookiin kitaaba barataa irratti hundaa’a. Kunis barataan tokko waan barateerrati hubannoo ammamii akkan qabu maadaluuf gargaara.

### 2.1.5.4. Qorumsa Ga’umsaa

Qorumsi gahumsaa qorumsa waliigalaa jedhamuun beekama. Qorumsa ga’umsaa ilaalchisee Harrison (1983) yommuu ibsu, kaayyoon qorumsa ga’umsaa dandeettii barataan waan barate tokko hojiirra oolchuu danda’uu isaa madaaluudha. Gaaffii, “Barataan tokko waan barate hammam hojiirra oolchuu danda’aa?” jedhuuf deebii kennuuf yaala. Gosti qorumsaa kun sababa hariiroo dandeettii barataan tokko qabuufi fedhii isaa gara fuulduraa irratti xiyyeeffatuuf yeroo baay’ee gosa barumsa murtaa’aa tokkootti hindaangeffamu. Alderson & et al. (1995) yaada kana deeggaruun yommuu ibsan, qorumsi ga’umsaa qabiyyee afaanii murtaa’aarratti hinhundaa’u. Qorumsi kun dandeettii barattoota duubee leenjii afaanii garaa garaarraa dhufanii madaaluuf qophaa’a.

Gama biroon dandeettii ga’aa barattoonni dhimma murtaa’aa kanneen akka barnoota, fayyaafi kkf barachuu keessatti itti fayyadama afaanii irratti qaban madaaluuf qophaa’a. Qorumsi akkasii qorumsa kaayyoo murtaa’aa yommuu jedhamu, qabiyyeen qorumsichaas walumaagalatti xiinxala fedhii gosa afaanii kaayyoo martaa’aa tokkoof barbaadamuu irratti xiyyeeffata. Qorumsa haala kanaan qofa qofaatti qoqqooduun kun kan akka tasaa ta’eefi

faayidaan qorumsa kamiiyyuu haala kanaan ibsamuu akka danda'u agarsiisuuf malee qabatamaatti qorumsi tokko tajaajila tokkoo oliif ooluu danda'a.

Gosoonni qormaata kanneen armaan olitti caqafamaan qofa miti. Knneen biro akkaataa waa xiyyeeffachuurratti hunda'uun akka armaan gadiitti qooduun nidanda'ama. Isaanis:bu'uura 'item'tiin (Considering the items: qorumsaa dhugaa-sobaa, filannoo, firoomsuu,deebii gabaabaa, barreessuu),qormaata ulaagaa guuteefi ulaagaa hinguutiin (Standardized tests, Non-standardized tests), qormaata dhuunfaafi qormaata garee (Individual tests, Group tests), qormaata yeroo gabaabaa keessatti xumuramuufi qormaata yeroo dheeraa keessatti raawwatamu (time Power tests, Speed tests) ibsuun nidanda'ama.

### 2.1.6. Amaloota Qormaata Gaarii

Hojii baruufi barsiisuu keessatti qormaanni meeshaa safartuu dandeettii barattootaa beekuuf gargaarudha. Qormaanni tokko gaariidha kan jedhamu amaloota armaan gadii yoo qabateedha.

#### 2.1.6.1. Ga'umsa

Ga'umsi amaloota qormaataa keessaa isa tokko ta'ee wixinee qophii qormaataa sirriitti madaaluuf gargaara. Ga'umsi kan ittiin safaramu ulaagaa qabxii qormaataa wal bira qabuun amala qormaatichaa, fiixaan ba'umsa namaafi qormaata qophaa'e murteessuuf fayyada.

Gronlund and Linn (1995), "Validity refers to the ap-propriateness of the interpretation made from test scores and other evaluation results with regard to a particular use." Akka yaada kanaa olitti ga'umsa jechhuun itti fayyadama kaayyoo qabxii qormaataa ibsuun bu'aa nama tokkoo fudhatama qabaachuusaa safaruudha. Qormaanni tokko fudhatamummaa qaba kan jedhamu ulaagaalee madaallii qormaanni tokko ittiin beekamu guutee yoo argamedha. Kunis qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhihaataniifi qormaata keessatti dhihaatan walmadaaluun kan dhihaatan yoota'edha. Davis (1964)

Ga'umsa qorumsaa jechuun hanga qorumsi tokko waan safaruu barbaade hanga safaruu danda'uuti. Heaton (1988) ibsu, ga'umsi qorumsaa hanga qorumsi tokko waan safaruu barbaade safaruu danda'uuti jedhu. "A test is said to be valid if it measures accurately what it is intended to measure," jedha (Hughes, 1989:22). Qorumsi tokko ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safaredha."Test validity is defined

here as the degree to which a test measures what it claims, or purports, to be measuring," (Brown,1996:23,1980:254 fi 1994:212). Weir (1980) fi Harrison (1983) gama isaaniitiin yommuu ibsan, qorumsi tokko ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade tokko safaree argamedha jedhu. Walumaagalatti akkuma yaada hayyoota armaan oliirraa hubatamutti qorumsi tokko ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safaree argamedha.

Ga'umsi qorumsaa faayidaa baay'ee qaba.Isaan keessaa muraasni isaanii akka armaan gaditti tarreeffamaniiru.

- Faayidaan ga'umsa qabiyyee qorumsaa inni duraa qorumsichi waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'e safaruu akka danda'u gochuuf gargaara. Qorumsi qabiyyeen isaa gabatee murteessituu qorumsaa keessatti barreeffame baay'ee isaa yookiin tasumaa bakka hinbuune waan madaaluu barbaadu sirriitti madaaluu hindanda'u. Akkasumas, qorumsi akkasii miidhaa guddaa qaba. Qabiyyeen qorumsarra hindhufne immoo akka hinbaratamne ta'a.Yeroo baay'ee qabiyyeen qorumsaa barbaachisummaa waan qoramuu barbaadamerra kan qoruuf salphaa ta'een murtaa'a.
- Ga'umsi qorumsaa murtee barsiisonni waa'ee barattoota isaaniif murteessan hundumaaf barbaachisaadha. Barsiisonni murtii barattoota ramaduu, ga'umsa, ciminaafi dadhabina barattootaa adda baasuu murteessuuf qorumsa waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safarurratti hundaa'u. Validity is especially important for all decisions that teachers regularly make a bout their students. Teachers certainly want to base their admissions, placement, achievement and diagnostic decisions on tests that are actually testing what they claim to test(Brown, 1996:231-232)
- Ga'umsi iyyaafannoo afaanii keessatti baay'ee barbaachisaadha. Kunis murtii imaammata barnootaa fi xiinqooqaa kennuuf, murtii dhaabbilee barnootaa dabarsuuf, hojiirra oolmaa mala baruufi barsiisuuf, akkasumas, qajeelfamoota yaaddiddama afaaniifi qorannoo hojiirra oolchuuf gargaara. Akka Cumming fi Berwick (1996), "Validation in language assessment is ominously important, arbitrating educational and linguistic policies, institutional decisions, pedagogical practices, as well as tenets of language theory and reseach," jedhu.

- Qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qaba kan jedhamu yoo qabiyyeen qorumsichaa caasaalee, dandeettiifi kkf afaanii qoramuun barbaadame bakka bu'edha. Fkn, qorumsi seerlugaa gaaffilee seerlugarratti xiyyeeffate qabaachuu akka qabu beekamaadha. Haata'u malee, kun mataan isaa qofti ga'umsa qabiyyee qorumsaa hinmirkaneessu. Sababni isaas qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qabaachuu kan danda'u, yoo caasaalee mijataa qabiyyee barumsicha bakka bu'u qabaate qofaadha. (Hughes, 1989:22) ibsetti, "A test is said to have content validity if its content constitutes a representative sample of the language skills, structures, etc. with which it is meant to be concerned. It is obvious that a grammar test, for instance, must be made up of items testing knowledge or control of grammar. But this in itself does not ensure content validity. The test would have content validity only if it included a proper sample of the relevant structures."
- Ga'umsi qabiyyee qorumsaa hanga qorumsi tokko qabiyyee keessaa qophaa'ee bakka bu'uurratti xiyyeeffata.Walumaagalatti, ga'umsi qabiyyee qorumsaa ga'umsa qabiyyeen qorumsichaa qabiyyee keessaa qophaa'ee bakka bu'uu danda'uuti.

Ga'umsi qormaata akka galma hingeenyeef waantoonni dhiibbaa geesisan:

- Qormaanni dhihaate tokko qajeelfama (ajajaa) ifa hintaanee yoo qabaate.
- Hiika jechaa cimaa ta'ee ykn hima walxaxaa ta'ee fayyadamuu.
- Qajeelfamni qormaataa sirriitti qindaa'uu dhabuu
- Yeroo qormaata tokkoof kennamu gahaa ta'uu dhiisuu, qindaa'ina dhabuufikkf.

### 2.1.6.2. Amanamummaa

Amaloota qormaata keessaa amanammummaa isa tokkodha.Innis kan namni addaddaa qormaatuma tokko bifa adda addaatiin kan namni tokko yeroo garaagaratti qormaata tokko kenne qabxii walfakkaataa fiduu isaanii kan agarsiisudha. Amanammummaan yeroo qofaan qormaata tokko barattootuma duraa qormaata fudhatan irra deebifnee yoo qorree firiin qormaata isaanii isaa duraan tokko ykn kan walitti dhihaatu yoo ta'e; qormaatichi amanammummaa qaba jedhama. Qormaanni akkuma meeshaa biraa safaruuf fayyadu haala walfakkatu keessatti yeroo hunda qabxii walfakkaatu kennuu qabu amanamummaa jedhama.

Akka (Brown, 1996, p.185) jedhutti, “Reliability is a test, like any other type of instrument used to measure, should give the same results every time it measures ( if it is used under the same condition).

Amanamummaan firiin qormaataa jijjiiramuu dhabuu isaati. Amanamummaan meeshaa qorannoo kan yeroo irra deddeebi’amee yaalamu bu’aa walfakkatu argamsiisudha. Amanamummaan waraqaan gaaffii tokko irra deddeebi’amee barattootuma sanaaf yoo kenneme bu’aa hinjijjiiramne kan argamsiisudha. Qormaanni tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo irra deddeebi’amee yeroo adda addaa barattootaaf kennamee bu’aa walfakkatu argamsiisedha. Qorumsi tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yoo firiin qorumsa sanaa yeroo murtaa’e tokkotti argame kan yeroo biroo haala walfakkaatu keessatti argame wajjin amma danda’ametti walfakkaataa ta’edha. Yaada kana Oller (1979) Yommuu ibsu, “The reliability of a test is a matter of how consistently it produces similar result on different occasions under similar circumstances,” jedha.Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda’amu, qorumsi tokko amanamummaa qaba kan jedhamu yeroo adda addaatti haala walfakkaatu keessatti kennamuun yoo firii walfakkaatu qabaatedha.

Amanamummaan qormaata tokko akka fiixaan hinbaaneef waantonni armaan gadii gufuu ta’an: Fedhii dhabuu, kaka’msa dhabuu,kenninsa qormaataarratti nuffii agarsiisuu,qormaata kennamuirratti ilaalcha sirrii ta’e qabaachuu dhiisuu, xiyyeeffannoo kennnuu dhiisuu,muuxannoo dhabuufi waan kana fakkaatanidha.

### 2.1.6.3. Qabatamummaa

Qabatamummaan hojiidhaan waantota qabatamaa ta’an meeshaalee qormaataaf dhihaatanidha. Qabatamummaan qormaanni akkamitti hojiirra akka oolu irratti kan xiyyeeffatudha. Innis human namaa, meeshaalee qormaataaf barbaachisaniifi yeroodha.

“Practicality refers to the economy of time, effort and money in testing. In other words, a test should be easy to design, easy to administer, easy to mark, and easy to interpret the results.” (Bachman and Palmer, 1996). Akka yaada kanatti Qabatamummaa (practicality) jechuun akkaataa itti fayyadama yeroo, akkaataa hojiirra oolma qormaataa carraaquufi baasii qormaataaf barbaachisu jechuudha. Karaa biraatiin, qormaanni haala salphaa ta’ee wixinneeffamuu, haalli adeemsa isaa salphaa, akkaattaan kenninsa qabxii salphaafi akkaataa qabxii itti ibsaan salphaa ta’uu qaba. Qormaanni yeroo qophaa’uu baasii garmalee kan

hinqisasneefi yeroo baay'ee kan hin fudhanne ta'ee qophaa'uu qaba.Qajeelfama ifaafi barattootaaf akka dubbifamutti ta'ee dhihaachuu qaba.

Akka (Bachman and Palmer 1996:36) ibsutti, "Practicality is the relationship between the resources that will be require in design, development and use of the test and the resources that will be available for these activities."Jedha. Qabatamummaan walitti dhufeenya meeshaalee qormaataaf barbaachisaan karoorsuufi itti fayyadamummaa guddina meeshaalee qormaataaf ta'uu irratti kan bu'uureffatudha. Qabatamummaan haala dhiheenya qormaata qopheessuufi hojiirra oolmaa isaa kan ittiin safaramudha.

Kunis qormaanni akkamitti akka kennamu karoorsuufi akka galma ga'u qindeessuun kan raawwatudha. Qormaatni tokko yeroo ammamii akka barbaachisu, waantoota qinda'uu qaban, meeshaalee qormaataaf barbaachisan qopheessuu, namoota qormaataaaf barbaachisan, baasii qormataaf barbaachisuufi wkf dursanii hubachuun kan raawwatudha. Innis waan qabatamaa ta'ee irratti xiyyeeffachuun kan raawwatamudha.

"Test that is practical it needs to be within the means of financial limitations, appropriate time constraints, easy to administrator, score, and interpret." Brown (2004). Akka yaada kanarraa hubatamutti qormaanni waan yaadaa osoo hinta'iin, waan gochaafi hojiidhaan qabatamaa ta'e irratti xiyeeffachuun hanqina maallaqaa tokko malee, yeroo gaarii ta'een kan daangefamee, akkaataan hojiirra oolmaa isaa salphaa kan ta'eefi qabxii haala ifa ta'een ibsamuu kan barbaachisudha.

Qabatamummaan qormaanni qophaa'u yeroofi baasii garmalee akka hinqisaasesine ta'ee dhihaachuu qaba.Waantoota qormaataaf barbaachisan qopheessitoonni qormaataa dursanii itti yaaduun haala bakkaa,yeroo fudhatuufi sadarkaa barattootaabeekuun galma ga'iinsa qormaataa fiixaan baasuu akka qaban hubachiisa. Akka Harrison (1983) jedhutti, amaloonni qorumsaa bay'ee barbaachisoon amanamummaa,ga'umsaafi hojiirra oolmaadha.

#### 2.1.6.4. Hojiirra Oolmaa

Hojiirra oolmaan qabeenya meeshaalee qorumsa sanaa bituuf oolan, yeroofi humna qorumsichaaf barbaachisu wajjin walqabata. Kunis qorumsicha qopheessuu, qoruu, sororsuufi qaaccessuu of keessatti qabata. Atkins (1996) hojiirra oolmaa qorumsaa kana

yommuu ibsu, qoruuf kan salphatu, baasii guddaa kan hinbarbaanneefi sororsuuf kan salphatu ta'uu qaba jedha. Walumaagalatti,qormaanni tokko fudhatama qaba kan jedhamu seera qabeessummaan (validity),amanamummaa,kaayyoofi hojiirra oolmaa fayyadamuun qophaa'eera yoot ta'edha.

### 2.1.7. Barbaachisummaa Qormaata Biyyoleessaa

Qormaanni biyyoleessaa dhimmoota addaddaaf faayidaa kenna. Qormaanni biyyoleessaa sadarkaa barattootaa gara biraatti ceesisuuf (bench mark) fi ramaddii barattootaa adda baasuuf gahee guddaa qaba. Yaada kana (Adugnaw,2002:3) akka ibsetti,"Students were placed in different technical and vocational schools according to their academic and aptitude test results.Akka yaada kanatti Qormaanni biyyoolessaa dhimma beekumsaa, ga'umsaafi dandeettii barattootaaf murtoo kennuuf gargaara.

Barattoonni qormaata biyyolessaa fudhatan haala dandeettiifi qabxii qormaata isaaniitiin barnoota ogummaafi haala dandeettii isaaniin ramadamu. Kaayyoon qormaata biyyolessaa inni guddaan qulqullina barnoota biyya tokkoo safaruufi mirkanneessuuf gargaara. Kunis barattoonni dandeettiifi beekumsa isaanniin guddina biyyaa irratti akka hirmaataniif gargaara. Qormaanni moodeelaa ammoo barattootaa keessatti ofitti amanammummaa kan uumuufi itti fayyadamaa yeroo akka beekan gochuufi waa'ee gosa barnootaa hubachuurratti qophii akka taasisaniifi gosoota dorgommii qormaataa irratti bu'aa buusuu isaanii kan madaaludha.

Akkasumas, qormaanni moodeelaa barattoonni waa'ee gosa barnootaa isaanii beekumsa qabaachuu, gaaffii dhihaate beekuufi dogoggora gaaffii qorachuuf gargaara. Qormaanni Moodeelaa karaa ittiin Barattoonni karoora hawwataa dagaagsaniifi qormaata sirrii ta'e erga hubatanii booda cimina isaanii kan ittiin mirkaneefataniif gargaara.

### 2.1.8. Qormaatni yoo Qophaa'u maal maal bu'uurreffata

Qormaanni tokko yeroo qophaa'u kaayyoo maaliif akka adeemsifamu bu'uura godhachuu qaba. Heaton (1990) akka ibsutti, waa'ee kaayyoo qormaataa irratti, "Qormaata yeroo barbaadametti qoruu yoo barbaadne maaliifi maal qoramuu akka barbaadne beekuun barbaachisaadha.

Yookaanis yeroo baay'ee akka raawwannutti barattoonni waan baratan dandeettii afaanii akkam akka hubatan ykn barattoonni fooyy'insa jiran madaaluufi hubachuuf jedhamee qormaata niqoramu jechuun ibsaniiru. Qormmaanni tokko yoo qophaa'u qulqullina qabaachuufi ogummawwan afaanii arfan bu'uura godhachuun qophaa'uu qaba. Waan dhokataafi barattoota kan dogoggorsu ta'uu hin qabu. Sirriitti ifa kan ta'eefi dandeettiiwwan kan of keessatti hammate ta'uu qaba.Qorumsi barattootaaf kennamu xiyyeeffannaa doomeenii sadan bu'uura godhachuun qophaa'uu qaba. Isaanis beekumsa xinsammuu, ilaalch, yaadqalbii irratti hundaa'ee haala amala barnoota kennamuutiin qophaa'ee kennamuu qaba.

Qorumsi qophaa'u akkaataa ga'umsa barachuu isa  barbaadamuu irratti xiyyeeffatee domeenii  hubannoo  keessaa yoo xinnaate kaayyoo sadii irratti hundaa'e haala gabatee tarreeffama qajeelfama waliigalteetiin qophaa'uu qaba. Kaayyoleen barachuu fakkeenyaaf beekumasa, hubannoo, hojii irra oolchuu, gocha walitti fiduu, xiinxaluu, madaaluu ta'anii yeroo boqonnichi fudhate, boqonnicha xumuruuf xiyyeeffannaan barsiisaan kenne gadi fageenyaan hagam akka barsiifame, mala barsiisuu boqonnichaaf qabameef xiyyeeffannaa kenna.Labsii BBO lakk.199/2008:5

Akkasumas, qormaanni tokko yoo qophaa'u sadarkaa barattootaa  dandeettii isaanii, qabiyyee kitaaba barattootaa bu'uura godhachuun qophaa'u qaba.Salphaa kan ta'eefi qulqullina kan qabu ta'uu qaba. Qormaata keessatti jechoota nuti fayyadamnu ifa kan ta'efi sirriitti kan dubbifamu, sirna tuqaalee bakka barbachisutti sirnaan fayyadamuun qophaa'uu qaba. Qajeelfamni qarmaataa ifaafi barattootaa kan hin dogoggorsine ta'uu qaba.

Qormaanni qophaa'uu tokko aadaa barattootaa bu'uura godhachuu, waan isaan baratan bu'uureffachuu, sadarkaa (kutaa) isaanii barachaa jiran beekuu, dheerina yeroo qormaataa itti fudhaturratti xiyyeeffachuun qophaa'uu qaba.Qormaanni qophaa'u waantota armaan gadii bu'uura godhachuu qaba. Isaanis: Maaliif akka qortu adda baasuudha. Kunis kaayyoon qorumsuchaa maala akka ta'e, dhimma maaliif akka karoorfame kan ibsudha. Kaayyoon qorumsaa erga adda bahee booda qabiyyee isaan adda baasuudha. Sababni isaas barataan qabiyyee barateen qormaata fudhachuu qaba waanta'eef.Akkasumas gaaffiin tokko waam

tokko qofa dhaabbachuu akka qabu beekuufi waan barataniin qoramuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

## 2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura adeemsifamanii mataduree qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban qoratichi hanga yoonaatti dubbisee bakka itti sakatta'amudha. Faayidaan isaa, tokkummaafi addaddummaa qorannoon kun qorannoo biraa wajjin qabu adda baasanii kaa'uudha.

Girmaa Ittaanaa (2007) mata duree, "Gahumsa Qabiyyee Qorumsa Afaan Oromoo kutaa 10[ffaa] Barsiisaa Dareen Qophaa'e: Manneen Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Godina Wallaggaa Lixaa keessaa filataman Wabeeffachuun." Jedhurratti qorannoo geggeeseera. Kaayyoon qorannoo isaa: Qorumsa manneen barnootaa keessatti kennaman qabiyyeelee lakkoofsa boqonnaalee kitaaba barataafi gilgaalota kitaaba barataa keessatti kennaman waliin haala gaarii ta'een akka walsiman hubachuufi. Kaayyoon qorannoo kana garuu hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10, qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 walsimannaa isaaniirratti kan xiyyeeffatedha.  Kanaafuu, qorannoo kun adda adda. Qormaanni biyyolessaa waggaa waggaan haa qophaa'u malee qabiyyeen isaa bara baraan adda addaa.kanaafuu qorannoon kun garaagarummaa qaba.

Jaayilaan Amaan (2007) mata duree, "Qaacceessa Gahumsa Qabiyyee Qorumsa Guutuu Biyyaa Xumura Kutaa 10: Barumsa Afaan Oromoo (2006) jedhurratti qorannoo geggeesseera.Kaayyoon qorannoo isaa: Gahumsa qabiyyeewwan qorumsa guutuu biyyaa xumura kutaa kudhanii Afaan Oromoo:2006 keessa kenname, qabiyyeewwan kitaaba barataa, silabasii kutaalee 9fi10 keessa jiran waliin walcinaa qabuun gahumsichaa sakatta'udha. Kaayyoon qorannoo kana garuu hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10, qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 walsimannaa isaaniirratti kan xiyyeeffatedha. Kanaafuu, qorannoo kun adda adda.

Tsahaay Bashiir (2008), " Xiinxala Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataa Afaan Oromoo, Moodeela Bara 2008fi Qormaata Biyyooleessaa Kutaa 10ffaabara 2008: Kaayyoon gooroo qorannoo ishee: walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa, moodeelaafi qormaata biyyooleessaa kutaa 10 bara2008 xiinxaluu kan jedhudha.

Kaayyoon qorannooshee uwwisa qabiyyee kitaaba barataafi qormaataa moodeelaafi biyyolessarrattidha. Kaayyoon  isaa uwwisa gaaffilee kitaaba barataarratti dhihaatae bu'uura godhachuun dhihaate.Knaafuu adda adda.

Xibabuu Roorroo (2007) mata duree, "Qaaccessa Ga'umsa Qabiyyee Moodelaa Qormaata Barnoota Afaan Oromoo Kutaa10 Bara 2007 " jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Kaayyoon qorannoo isaa: Ga'umsa qabiyyee moodeelaa qormaata Afaan Oromoo xumura kutaa 10ffaa bara 2007 dhihaate qabiyyeewwan shaakaloota adda addaa kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessa jiran waliin akka walsimatan kan jedhurratti xiyyeeffete.Kaayyoon qorannoo kanaa ammo hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaafi qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 jedhurratti kan adeemsifamedha.

Kanaafuu, garaagara. Walumaagalatti, qorannoowwan waa'ee qormaata Afaam Oromoo moodeelaafi biyyoleessaa hedduu ta'uu danda'u kan qoratichaan walbira qabamanii sakatta'aman kanneen olitti ibsamaniidha.

## Boqonnaa Sadii: Mala Qorannichaa

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo tokkoo kaayyoowwan qorannichaa bu'uura godhachuu dhihaata. Yaada kana ilaalchisuun Addunyaa (2011:63) hayyoota Cohen, Manion and Morrison (2005:75) wabeeffachuun yoo ibsu, "Research design is governed by the purpose. The purpose of research determine the methodology and design of research," jedha. Yaada kanarra kan hubatamu, saxaxni qorannoo tokkoo kaayyowwan qorannichaan kan murtaa'u ta'uusaa agarsiisa. Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuuf qorataan gosa qorannoo akkamtaafi ammamtaa (makaa) gargaarameera.

Odeeffannoon walitti qabaman ibsaanfi lakkoofsaan hiikuun waan barbaachiseefidha. Qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxxi isaas ibsaadha. Kan ibsamus odeeffannoo akkamtaarratti yoo hunda'e, saxaxxi isaa ibsaa akkamtaa(qualitative descriptive); odeeffannoo lakkoofsaan ibsaman yoo bu'uura taasifate garuu, ibsaa ammamtaa (quantitative descriptive) ta'a. Addunyaa (2011:63)

Haaluma kanaan sakatta'a dookimantiifi bargaaffii barattootaa ammamtaa fayyadamuufi afgaafii barsiisotaa akkamtaa fayyadamuun hojjiirraa ooleera. Kun ammoo mala tokkotti fayyadamuurraa mala makaa fayyadamuun hanqina jiru gadfageenyaan akka hubatan gargaara (Dastaa, 2013:29). Akka yaada kanaatti malli kun gadfageenyaan sakatta'uufi xiinxalamuurratti human kan qabuufi hubannoo babal'isuufi haala kan mijeessu ta'uusaa hubanna.

### 3.2. Mala Qorannichaa

Kaayyoo qorannoo kanaa fiixaan baasuuf, qorataan mala ibsaafi mala lakkoofsatti (descriptive method and quantitative method) fayyadameera. Kunis kan ta'eef ragaalee bifa bilchina qabuun funaanuufi xiinxaluu barbaadameeti. Kunis mala tokkotti fayyadamurra makaan fayyadamuun haqinaalee jiran gad fageenyaan akka hubatan waan gargaaruuf (Dastaa2013:29).

Akka yaada kanaatti malli makaa gadifageenyaan xiixaluurratti humna qabaachuuf, gama amanuufi hubannoo bal'isuu irratti haala kan mijeessudha.

Qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan kallattii adda ddaatiin funaanaman walitti fiduun qaaccessuun dhimma ijoo tokko keessaa baasuuuf malli makaa kun haala kan mijeessedha. Kan bu'uura godhachuun qoratichi Sakatta'a Firoomii Qabiyyee Qormaata Moodeelaafi Qormaata Biyyolessaa kutaa kudhanii kan bara 2010fi qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo wajjin qaban sakatta'amaniiru. Kana hojiirra oolchuuf sakatta'a dookimantii, bargaaffiifi afgaaffii fayyadamuudhaan.Hirmaattoonni barsiisota mana barumsa Gimbii sadarkaa lammaffaafi baratttoota filatamanidha.Kunis, Godina Wallaggaa Lixaa, Magaalaa Gimbii, Mana Barumsaa Sadarkaa Lammaffaa Gimbii irratti xiyyeeffachuun dhimma ba'e jira.

### 3.3. Mala Iddaatteessuu

Qorannoo yommuu geggeeffamaa turetti iddatteessuu miti carraa fayyadama. Haaluma kanaan, qoratichi gosa iddateessuu miti carraa keessaa iddateessuu akkayyoo (kaayyefamaatti) dhimma baheera. Sababni isaas mala iddatteessuu akayyoo Addunyaan (2011:67) akka ibseetti, "Qorataan tokko beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessu ilaallata" jedha.

Akka Dastaa (2013) ibsutti,"yommuu mala akkayyoo fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaannee filanna. Kanaafis sababa quubsaa qabaachuun barbaachisaadha jechuun ibsa.Sababa iddatteessuun kun filatameef qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorannichaa irratti waan bu'uurefateef ragaa barbaachisoo ta'an kallattiin odeef-kennitoota irraa fudhachuuf waan karoorfateef.

Haaluma kanaan, qoratichi iddattoo barsiisota mana barumsaa Gimbii sad.2^ffaa^fi M/B Qophaa'ina Gimbii Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ barsiisaa jiranbaay'inni Dhiira sadiifi dhalaa afur waliigala torbafi barattoota mana barumsaa sad.2^ffaa^ Gimbii Dhiira 267fi Dhalaa 364 waliigala 631 ta'edha.Kanneen keessaa barattoota dhibbeentaa kudhan fudhachuun barattoota jatamii shan qoratichi dhimma baheera.Kunis sakatta'a dookimatiirratti akka odeeffannoo dabalataatti bargaaffii barattootaaf qophheesse fayyadameera. Mala iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun firoomii qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa barsiisonni barsiissan hubannoo isaa niqabaatu waan ta'eef qorataan

himaachisee jira.Kana malees barattootaaf bargaaffiin dhihaateera waan ta'eef iddatteessuu hunda hammachiisaatti fayyadameera.

### 3.4. Madda Ragaalee Qorannichaa

Qorannoo kana geggeessuuf akka madda ragaa tokkoffaatti kan qorataan fayyadame sakatta'a dookumantii yoo ta'u, isaanis: Qabiyyee Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10, qormaata moodeelaa kutaa kudhaniifi qormaata Biyyolessaa kutaa kudhanii kan bara 2010 fayyadamuun raga walitti qabate. Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ fi 10$^{ffaa}$ kan barbaachiseef qabiyyeen qormaanni moodeelaafi biyyolessaa kutaa 10$^{ffaa}$ kitaabilee lamaan irratti hundaa'uun qophaa'a waan ta'eef. Kanaafuu, qabiyyee kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi biyyolessaa firoomii qabaachuu isaanii sakatta'uuf maddi ragaa dookimantii kunneen qorannnoo kanaaf murteessaadha.

#### 3.4.1. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaaleef gargaaran sakatta'a dookimantii, bargaafiifi afgaaffiin akka akka armaan gaditti dhihaate jira.

#### 3.4.2. Sakatta'a Dookumantii

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu qorataan akkuma amalaafi gosa qorannootti raga funannaachuuf meeshaalee funnansa ragaa barbaachisaafi qorannoo isaaf barbaachisaa ta'e fayyadamu qaba.Qoratichi qorannoon geggeesse firoomii qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$ fi 10$^{ffaa}$ fi qormaataa moodeelaafi biyyolessaa sakatta'a waan ta'eef. Isaan kun dookimentii keessatti argamu. Yaada kana ilaalchisee Dastaa (2013:131) akka ibsetti, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jira.Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, gaazexaa, barruulee addaddaa, barreeffama murtii, yaadannoofi wkf ta'uu malu. Dookumentoonni kunis, mana kitaabatti ykn namoota harkatti argamuu danda'u." jechuun ibseera.

Akkasumas, "…Dookimantoota akka ragaatti gargaaramne kanneen osoo itti hin fayyadamiin dura dhugummaa isaanii hubachuun barbachisaadha.Dhugummaa isaanii mirkaneeffachuuf ammoo, qeequun gaariidha.Qeequun, qeeqa keessaafi qeeqa alaa jedhee bakka lamatti

qooda.” Akka yaada hayyuu kana irraa hubatamutti dookimantoonni akka madda raga qorannoottti kan nama fayyadan ta’uu isaa habatama.

Haaluma kanaan, odeeffannoo meeshaalee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 qormaata kutaa kudhanii moodeelaa afaan oromoofi biyyoleessaa kutaa 10ffaa kan bara 2010 ALH wajjin wal simannaa isaan qaban walbira qabuun hariiroo isaanii adda baasuudhaan jala jalatti qaacceffamanii ibsi barbaachisu itti kenname jira. Kunis walsimannaa qabiyyee kitaaba barataa keessatti argamaniifi qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessatti argaman qofa qofaatti cheeklistii fayyadamuun hojiirra ooleera.

Itti dabalees qabiyyee kitaaba barataa keessatti hammatamaniifi qormaata keessatti hammataman gabatee fayyadamuun walbira qabuun hojiirra ooleera. Qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010ALI baay’inni isaanii 80 dha. Kanas qabiyyeen isaanii kitaaba barataa wajjin hariiroo qabaachuu isaanii tokkoo tokkoo qabiyyee erga lakkaa’amee booda dhibbeentaatti jijjiiruun xiinxalamuun hojiirra ooleera.

### 3.4.3. Afgaaffii

Afgaaffiin meeshaalee raga ittiin funaanan keessaa isa tokkodha. Innis kan afaaniin gaaffiin dhihaateef deebii kennamuudha.kunis kan barbaachiseef raga dookimentirraa argame jajjabeessuufi yaada dabalataa argachuuf, barsiisota Afaan Oromoo mana barumsaa Gimbii sadarkaa lammaffaatti barsiisaniif dhihaatee; dhimma jiru furmaata isaa wajjin sakatta’uuf kan gargaaruudha.

Dastaa (2013:111) yoo ibsu,“Afgaaffiin gosoota odeeffannoon qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta’ee kan qorataafi odeef-kennan fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennanidha. Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeef-kennan gaafachuu danda’uu isaati.” Jedha.

Haaluma kanaan qaama dhimmicha qoratamu kanarratti hubannoo qabu jedhamee kan yaadame barsiisotaa wajjin gaaffiifi deebii taasisuun odeeffannoo qabatamaa argachuufi qorannoon gaggeeffamaa jiru kun hagam dhugummaa akka qabu hubachuuf nama gargaara waan ta’eef namoota muraasa qaamaan wal qunnamanii yaada gadi fageenyaa funaannachuufi afgaaffii caaseffaamaa fayyadameera.

Haaluma kanaan, Firoomii qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$fi qabiyyeen qormaata Afaan Oromoo moodeelaafi biyyoleessaa adda baasuuf qoratichi ragaa funaanuuf afgaaffii barsiisota mana barumsaa Qophaa'ina Gimbiitti  Afaan Oromoo barsiisaniif dhiheesse dhimma itti ba'eera. Afgaaffiin barsiisotaaf dhihaate lakkoofsaan shan yoo ta'u, hunduu gaaffilee banamoo ibsa bal'aa akka itti kennaniif kan dhihaatedha.

### 3.4.4. Bargaaffii

Qorannoon kun Firoomii kitaaba barataafi qormaata moodeelaa afaan oromoofi biyyoleessaa wajjin qabu kan bara 2010 irratti xiyyeeffachuun ta'a. Qorannoo kana adeemsisuuf, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamuu keessaa tokko bargaaffiidha. Malli kun gaaffilee barreeffaman dhihaatan odeef-kennitoonni odeeffannoo kennuu barbaadan barreeffamaan ibsataniidha. Malichi qorataa baay'een kan filatamu ta'ee kan argamuudha. Sababni isaa, meeshaalee ragaaleen ittiin funaanamu keessaa kan inni filatama ta'eef, yeroo, humnaafi baasii qusata; eenyummaa odeef-kennitootaa waan hin ibsineef odeeffannoo sirrii argachuuf mala gaariidha.

Odeef-kennitoota hundaafuu gaaffii wal fakkaatatu dhihaata.Bakka bu'aan dalagamuu danda'a. Qorataafi odeef-kennitoota gidduutti waliin dubbiin murteessaa miti (Dastaa, 2013:123).Kanaafuu, odeef- kennitoonni walaba ta'anii yaada kennnuu waan barbaadaniif ifaafi bilisaan barreeffamaan gaaffii dhihaateef, odeeffannoo quubsaa kennuu waan danda'aniif qoratichi kanitti fayyadameera. Haaluma kanaan,bargaaffiin kudhan qophaa'ee odeef-kennitoota filatamaniif  kennamuudhaan irraa gurameera. Kunis barattoota mana barumsaa Gimbii sadarkaa $2^{ffaa}$, kan bara 2010 qormaata biyyoleessaa fudhatan keessaa barattootaa  jatamii shan filachuun hojiirra oola. Qorannoon kun sakatta'a dookimantiirratti kan xiyyeeffatedha.Haata'u malee qoratichi qorannoo kanaaf odeeffannoo dabalataa argachuuf afgaaffiifi bargaaffii fayyadamuun dhiheeseera. Barsiisonni filataman afaan oromoo barsiisuu waan ta'eef qabiyyee kitaabaafi qormaata nibeekuuwaan  ta'eef filataman.

## 3.5. Adeemsa Ragaa Walitti Qabuu

Ragaan qorannoo kanaa karaa sakatta'insa qabiyyee kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$fi $10^{ffaa}$ ,akkasumas, sakatta'insa qormaata moodeelaafi biyyoleessaa 2010 cheeklistii yookiin bifa gabatee qopheessuun walitti qabamee jira.

Dabalatanis, karaa afgaaffiifi bargaaffii qopheessuun hojiirra ooleera. Kana keessatti jalqaba sakatta'a qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10,qabiyyee qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyoleessaa adeemsifame.Itti aansuun barattootaaf bargaaffii dhiheessuun akka gaaffii deebisan taasifame. Itti fife, Afgaaffii barsiisota dhiheessuun akka yaada kennan taasifame. Dhumarratti ragaaleen madda adda addaarraa argame walitti qabamuudhaan ibsi itti kenname dhihaate.

### 3.6. Tooftaalee Xiinxala Ragaalee

Kaayyoo qorannoo kanaa milkeessuuf (fiixaan baasuuf) ragaaleen yommuu funaanname adeemsa kanneen hordoofe.Isaanis: Jalqabarraatti qormaata Afaan Oromoo moodeelaafi biyyolessaa 2010fi kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 walitti qabate. Itti aaansuun qabiyyee kitaabarraafi qormaata lamaarraa argaman qofaatti ka'uun qaaccesse. Itti fufees qabiyyee kitaabarraafi qormaatarra jiran walbira qabuun firoomii isaanii wal simsiise. Achiin booda bu'aa sakatta'a kanaa erga argate bu'uura taasisuun gaaffii qopheessuun barattootaaf bargaaffii kudhan, barsiisotaaf afgaaffii shan dhiheessuun raga funaannate.

Ragaleen meeshaalee funaansa lamaan:sakatta'a kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffi10, qormaata kutaa kudhanii  moodeelaafi biyyolessaa 2010, afgaaffiifi bargaaffii irraa walitti qabaman mala akkamtaafi ammamtaa fayyadamuun qaacceffamuun dhihaate. Malli akkamtaa adeemsaa ragaan ittin xiinxalamu keessaa isa tokko ta'ee; ragaalee sakatta'aaafi afgaaffiin walitti qabaman jechaan ibsuun dhihaate. Malli ammamtaa ammoo odeefannoo bargaaffii bifa lakkoofsaan walitti qabaman dhibbeentaatti jijjirame qaacceffamuun dhihaate.

## Boqonnaa Afur: Dhiheessiifi Xiinxala Ragaalee

Kaayyoon ijoo qorannoo kanaa firoomii qabiyyee kitaaba barataa Afaan Orommo kutaa 9fi 10, qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaa bara 2010 sakatta'udha. Kanaafuu Boqonnaan kun ragaalee sassabaman kutaa itti qaacceeffamaniidha. Jalqabarratti kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi10 keessatti qabiyyee argaman adda baafamaniiru. Itti aansuun qabiyyeen qormaata afaan oromoo kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaa keessatti argaman sakatta'uun qaacceeffamaniiru. Ragaaleen afgaaffiifi bargaaffii irra argaman akka madda raga dabalaatatti dhihaataniiru.

### 4.1. Ibsa Gabaabaa Madda Ragaalee Bu'uureffachuun

Qorannoon kana keessatti akka madda ragaaleetti kan tajaajilan kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi kurnaffaa,qormaata moodeelaa kutaa kurnaffaafi qormaata biyyolessaa kutaa kurnaffaati. Isaanis gabaabinaan akka armaan gaditti dhihaatu.

#### 4.1.1. Ibsa Gabaabaa Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^

Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi10 madda ragaaf sanada fayyadameedha.Qorannoo kanaaf madda ragaa ta'ee kan taajile Ministeera barnootaatiin bara 2005 kan maxxanfamedha. Kitaabni kun maxxansa isa duraa caalaa hanga danda'ametti sadarkaa qulqullinaa isaa kan eeggateefi sadarkaa barattoota nimadaala jedhamee kan qophaa'edha. Kitaabni Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 tokkoon tokkoo isaa boqonnawwan kudha saddeet kan of keessaa qabudha. Tokkoo tokko boqonnaa keessatti dubbisni kan qophaa'eefi hiika jechoota dubbisaa tilmaamuu kan of keessaa qabudha.

Akkasumsa dandeettiwwan afaanii gurguddoofi xixxiqqoo kan ofkeessaa qabudha. Kaayyoon isaas barattoonni ogummawwan afaanii gurgudddoo (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu), ogummawwan afaanii xixxiqqoo (hiika jechootaa,caasluga)fi ogbarruu gad fageenyaan akka hubataniifi dandeettii isaanii cimsatan kan taasisuudha. Kanaafuu qormaanni kamiyyuu yeroo qophaa'u haala barateefi kitaaba barataa bu'uura waan godhatuuf kitaaba barataa keessatti qabiyyeewwan barnootaa dhihaatan ogommawwanii, caaslugaafi ogbarruu adda baasee dhiheeseera.Kitaabicha keessatti gilgaalonni adda addaa ogummaa afaanii arfan kan cimsan,caaslugaafi ogbarruu kan hubachiisan dhihaataniiru.

### 4.1.2. Ibsa Gabaabaa Qormaata Moodeelaafi Biyyolessaa Kan Bara 2010

Qormaata moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa fi biyyolessaa 2010 madda ragaaf sanadan fayyadame keessaa isaan tokkodha.Innis gosa gaaffii filannoofi baay'ina gaaffii 80 kan ofkeessaa qabudha. Qorumsi moodeelee duraa abbaa gosa barnootaan Mana Barumsaatti kennama kan turedha.Bara 2005-2010 barattoota qormaata biyyolessaaf niqopheessaa jedhamee Biiroo Barnoota Oromiyaatiin dhihaate kannamaa ture. Bara 2011tti ammoo Biiroo Barnoota Oromiyaatiin qophaa'uun hafee qormaanni moodeelaa abbaa gosa barnootaan (subject teacher) qophaa'uu jalqabe.

Qormaanni Afaan Oromoo akka biyyolessaatti 1993 kutaa kudhaniif kennamu jalqabe.Innis Ministeera Barnootaatti dhaabbata qormaataatiin qophaa'a.Qormaanni kunneen lamaan gaaffiiwwan 80 kan ofkeessatti hammataniifi qabiyyee adda addaa qabatanii gosa gaaffii filannoo qofaan kan dhihaatanidha.

### 4.1.3. Ibsa Gabaabaa qabiyyee Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa

Kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi10ffaa keessatti qabiyyeewwa barnootaa dhiyaatan dandeettiiwwan afaanii arfan: dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu fayyadamurratti walfakkaatu. Kunis Dandeettii dhageeffachuu ilaalchisee mata dureewwan hammataman: dubbisa dhiyaateef dhageeffachuun iddoo duwwaa guutuu, dhageeffachuun deebii afaaniin kennuu, dubbisa dhageeffatan irratti mari'achuun, jechoota dubbisa keessaa bahan dhageeffachuun hiikakennuufikkf.

Dandeetti dubbisuu keessatti ammoo qabiyyeewan dubbisa keessaa bahan dubbisanii hubachuu, jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin hiika kennuu, dubbisa dubbisaniifi jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin iddoo duwwaa galchuufi kkfdh. Dandeettii barreessuu jalatti gabateefi fakkiilee fayyadamuun keeyyata barreessuun kan raawwatamuudha.

Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 keessaatti kan dhihaata ogummaa afaanii qofa osoo hin ta'iin beekumsa barattootaa cimsuuf caaslugaa adda addaa, afoolaafi ogbarruu kan of keessaa qabudha.

#### 4.1.4. Qaaccessa Walsimannaa Qabiyyee Kitaaba Barataafi Qormaata Kutaa Kudhanii Moodeelaafi Biyyolessaa 2010

Kanatti aansuun qabiyyeewwan kitaataba barataafi qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaa Afaan Oromoo bara 2010 walsimsiisuun ibsameera.

**Gabatee 1.Qabiyyeewwan Dandeettii Afaanii kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa**

| **Qabiyyeewwan** | **Kutaa 9ffaa** | | **Kutaa 10ffaa** | |
|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | **%** | Baay'ina | **%** |
| Dhaggeeffachuu | 3 | 6.38 | 3 | 6.12 |
| Dubbachuu | 14 | 29.78 | 17 | 34.69 |
| Dubbisuu | 18 | 38.29 | 18 | 36.73 |
| Barreessuu | 12 | 25.53 | 11 | 22.44 |
| **Ida'ama** | **47** | **100** | **49** | **100** |

Akka gabatee kanaa olirraa hubatamutti qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 keessatti qabiyyeewwan garaagaraaf xiyyeeffannoon kennameera. Haalumaa kanaan gabatee armaan oliirraa baay'ina qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa bu'uura godhachuun walduraa duubaan xiyyeeffannoon olaanaa kan kennameef keessaa dandeettiin dubbisuu 18(38.29) xiyyeeffannoo olaanaa argateera. Dandeettii dubbisuutti aanee dandeettii dubbachutu 14(29.78) sadarkaa lammaffaa argateera. Ogummaatti dubbachuutti aanee, dandeettii barreessutu sadarkaa sadaffaa 12(25.53) irratti xiyyeeffannoo argateera. Ogummaawwan afaanii keessaa dhaggeeffachuu sadarkaa dhumaa argateera.

Qabiyyeewwan kitaaba barataa kutaa 10ffaa keesaatti hammmataman keessaa xiyyeeffannoon olaanaa kan kennameef keessaa dandeettiin dubbisuudha. Innis 18(36.73) dubbachuuf 17(34.69) sadarkaa lammaffaa argateera. Dandeettii dubbisuufi dubbachutti aanee dandeettii barreessuu 11(22.44) sadarkaa sadaffaa argateera. Dandeettii barreessutu aanee sadarkaa arfaffaa 3(6.12) irratti qabiyyeen dhaggeeffachuutu xiyyeeffanno argateera. Ogummaawwan afaanii keessaa dhaggeeffachuu sadarkaa dhumaa argateera.

Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa kanarra akka hubatamutti ogummaa afaanii keessaa ogummaa dubbisuuf, xiyyeeffannoon olaanaa kennamusaa mul'isa.

**Gabatee 2: Walsiminnaa Qabiyyeewwan Beekumsaa kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti argaman**

| **Qabiyyeewwan** | **Kutaa 9ffaa** | | **Kutaa 10ffaa** | |
|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | **%** | Baay'ina | **%** |
| Hiika jechaa | 40 | 49.38 | 41 | 42.26 |
| Caasluga | 17 | 20.98 | 26 | 26.80 |
| Afoola | 16 | 19.75 | 20 | 20.61 |
| Sirna tuqaalee | 8 | 9.87 | 10 | 10.30 |
| **Ida'ama** | **81** | **100** | **97** | **100** |

Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa keessatti karaa damee beekumsaa afaaniin xiyyeeffannoo olaanaa hiika jechaaf 40(49.38) kan kennamedha. Caaslugaaf 17(20.98) xiyyeeffannoo lammaffaa argateera. Caaslugaatti aanee afoolli 16(19.75) sadarkaa sadaffaa argateera. Afoolatti aanee sirnni tuqaalee 8(9.87) sadarkaa arfaffaa argateera.Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa kanarra akka hubatamutti damee beekumsaa afaanii keessaa hiika jechaaf xiyyeeffannoo olaanaa kennamuusaa mul'isa.

Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti karaa damee beekumsa afaaniin Hiikni jechaa 41(42.26) xiyyeeffannoo olaanaa argateera. Caasluga 26(26.80) sadarkaa lammaffaa argateera. Hiika jechaatti aannee afoolli 20(20.61) sadarkaa sadaffaa argateera. Afoolatti aanee sirnni tuqaalee sadarkaa arfaffaa 10(10.30) argateera. Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 10ffaa kanarra akka hubatamutti damee beekumsaa afaanii keessaa hiika jechaaf xiyyeeffannoon olaanaa kennamuusaa agarsiisa.

Qabiyyeewwan kitaaba lamaan keessaatti ogummawwan afaanii keessaa dandeettii dubbisuuf xiyyeeffannaa olaanaa kan kenname yoo ta'u; Damee beekumsaa keessaa ammoo hiika jechaaf xiyyeeffannoon kennamuusaa agarsiisa. Kunis baruu-barsiisuu keessatti dandeettiin dubbisuufi hiikni jechaa xiyyeeffannoo argachuu akka qabu agarsiisa.

**Gabatee 3:Walsimannaa Ogummaawwan Afaaniifii Qormaata Moodeelaafi Biyyolessaa 2010 wajjiin qaban.**

| Qabiyyeewwan | Kitaaba Kutaa 9fi10 | | Qormaata Moodeelaa | | Qormaata biyyolessaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina | % |
| Dhaggeeffachuu | 6 | 6.25 | - | - | - | - |
| Dubbachuu | 31 | 32.29 | - | - | - | - |
| Dubbisuu | 36 | 37.5 | - | - | 6 | 7.5 |
| Barreessuu | 23 | 23.95 | - | - | - | - |
| Ida'ama | 96 | 100 | - | 100 | 6 | 100 |

Gabatee olii kanarraa odeeffannoo dhihaate bu'uureffachuun qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9$^{ffaa}$ fi 10$^{ffaa}$ fi qormaata kutaa kudhanii moodeelaafii, qabiyyee kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa Afaan Oromoo 2010 firoomii (walsimannaa) hagamii akka qaban akka kanaa gadiitti ibsameera. Dandeeettiwwaan afaanii arfan qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9fi 10$^{ffaa}$ keesstti dhihaatan keessaa qabiyyee dandeettii dubbisuuf 36(37.5) sadarkaa tokkoffaa xiyyeeffannoon kan kennameef yoota'u; qormaata kutaa kudhanii moodeelaa keessaatti ammoo qabiyyeen dandeettii dubbisuu hin dhihaanne.

Kun kan agarsiisu qabiyyeen dubbisuu kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kennameef, qormaata moodeelaa keessatti qabiyyeen dubbisuu hin dhihaanne waan ta'eef walsimannaan isaan fudhatamummaafi ga'umsa hinqabu.

Akka Hughes (1989) ibsutti, "Qorumsi tokko fudahatama ykn ga'umsa qaba kan jedhamu yoo waan safaruu barbaade karaa sirrii ta'een safaredha."Jedha. Akka yaada hayyuu kanatti yoo ilaalamu qormaanni moodeelaa hanqina ga'umsa qabaachuu agarsiisa. Akkasumas

dandeettii afaanii tokkoyyu hin fayyadamne waan ta'eef, hanqina ga'umsaa ni qabaata.Hughes, (1989:22) akka ibsutti, "Qorumsi tokko ga'umsa qabiyyee qaba kan jedhamu yoo qabiyyeen qorumsichaa caasaalee, dandeettiifi kkf afaanii qoramuun barbaadame bakka bu'edha." Jedha.

Itti dabalees, qormaata moodeelaa qaamni qopheessu gubbaa hanga isa qoramuu barataa bira ga'uutti icciitiisaa eegee deemuu qaba. Haata'u malee qormaanni moodeelaa Biiroo Barnoota Oromiyaatiin qophaa'eesofti koppii isaa mana barumsaa hundaaf ergama. Akka Qajeelfama Labsii Lakk.199/2008 Keeyyata 74, keeyyata xiqqaa 3, fuula 14 irratti ibsametti, "Kutaalee 8ffaa, 10ffaa fi 12ffaaf bakka qorumsa xumuura semisteeraa lammaffaa qormaanni moodeelaa barsiisota dandeettiifi beekumsa isaaniitiin filatamaniin of eeggannoon deebii wajjin qorumsi moodeelaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qopha'ee soofti koppiin isaa manneen barnootaaf ni raabsama." Jedha.

Akka yaada kanarraa hubanutti qormaanni moodeelaa BBOn qophaa'ee deebii qormaatichaa waliin'soft copy' dhihaata. Kun ammoo hanqina adda addaa qabaachuu danda'a. Fakkeenyaaf, qormaatichi deebii waliin adeemsa hedduu keessa darbee qoramtoota bira gaha. Adeemsa dheeraa kana keessa deebii isaa qophaa'ee waan jiruuf hatamuu danda'a. Kana hambisuuf qormaanni moodeelaa kutaa kurnaffaa abbaa gosa barnootaan mana barnootaatti qopheessuun filatamaadha.

Qormaata biyyolessaa keesatti ammoo qabiyyee dandeettii dubbisuuf kan kenname 6(6.25)dha. Kun ammoo qabiyyeen dubbisuu kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa gidduu walgiitinsi dhibuusaa agarsiisa. Kunis firoommiin (walsimannaan) qabiyyee dubbisuu kitaaba barataafi qormaata moodeelaa keessatti dhihaate gadbu'aa ta'uu agarsiisa. Dandeettiin dubbachuu ,barreessuufi dhaggeeffachuu ilaalchisee kitaaba barataarratti duraa duubaan:dubbachuuf 31(32.29), barreessuuf 23(23.95), dhaggeeffachuuf 6(6.25) ta'anis qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyoleessaa 2010 qophaa'ee dhihaate keessatti garuu xiyyeeffannoon akka hin kennamneef ta'uu ilaaluun danda'ameera.

Qabiyyee dubbachuu, barreessuufi dhaggeeffachuu iaalchisee qormaanni qabiyyee kitaaba wajjin walsimannaa kan hinqabne ta'uu agarsiisa.Kanaafuu ogummawwan afaanii keessaa kan qormaata keessatti dhihaachuu danda'u haala walsimannaa qabiyyeetiin dhihaachuun gaarummaa qaba.

**Gabatee 4.Walsimannaa qabiyyee Dameewwan beekumsaa, qormaata moodeelaafi Biyyolessaa 2010 wajjin qabu.**

| Qabiyyeewwan | Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9fi10 | | Qormaata Moodeelaa | | Qormaata biyyolessaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baay'ina | |
| Hiika jechaa | 81 | 45.5 | 14 | 17.5 | 24 | 30.00 |
| Caasluga | 43 | 24.15 | 32 | 40.00 | 22 | 27.00 |
| Afoola | 36 | 20.22 | 30 | 37.5 | 25 | 31.25 |
| Sirna Tuqaalee | 18 | 10.11 | 4 | 5.00 | 3 | 3.75 |
| Ida'ama | 178 | 100 | 80 | 100 | 80 | 100 |

Akka gabatee armaan olirraa hubatamutti Damee beekumsa afaanii keessaa Qabiyyee hiikka jechaa ilaalchisee kitaaba barataa keessatti 81(45.5) qabaachuun dame beekumsaa afaanii keessaa sadarkaa tokkoffarratti argama. Qabiiyyee qormaata moodeelaa keessatti yoo ilaaalluu 14(17.5) qabaachuun sadarkaa sadaffaarratti argama.Qabiyyee qormaata biyyolessaa keessatti ammoo 24(30.00) qabaachuun sadarkaa lammaffaarratti argama. Qabiyyee kanaan qabiyyeen kitaaba barataa qormaata moodeelaafi biyyolessaa wajjin walsimannaa agarsiise hinjiru.

Kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoon olaanaa kan kennameef yoo ta'u kitaaba barataa qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessatti xiyyeeffannoo gad aanaatu kennammeef. Kanaafuu guutuumaa guutuutti  fudhatamimmaa hin qabu jechuudha. Caasluga yoo ilaallee qabiyyee kitaaba barataa keessatti 43(24.15) sadarkaa lammaffarratti kan argamu yoo ta'u; qormaata moodeelaa keessttis sadarkaa tokkoffarratti argama.

Qabiyyee kana keessatti kitaabni barataa qormaata moodeelaa wajjin hanga tokko walsimu. Qabiyyee caaslugaa kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa yoo ilaaluu ammoo kitaaba barataa 43(19.90) yoo ta'u; qormaata biyyolessaa 22(27) kan argatedha. kunis qabiyyeen caaslugaa kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa walisimannaa muraasa qabaachuusaa agarsiisa.

Qabiyyeen afoolaa kitaaba barataa keessatti 36(20.22) qabaachuun sadarkaa sadaffaarra jira. Qormaata moodeelaa keessatti 30(37.5) qabaachuun sadarkaa lammaffaarra jira. Qormaata biyyolessaa keessatti ammoo 25(31.25) sadarkaa tokkoffaarra jira. Kana bu'uura godhachuun yoo ilaallee, qabiyyeen qormaata moodeelaaf xiyyeeffannoo olaanaa ta'uufi qabiyyeen kitaaba barataa gadaanaa ta'uu agarsiisa. Kunis walsimannaa akka isaan hinqabne agarsiisa.Qabiyyee Afoollarratti kitaabni barataafi qormaanni biyyolessaa walsimannaa niqabu.

Qabiyyee sirna tuqaalee kitaaba barataa keessatti 18(10.11) qabaachuun sadarkaa arfaffarratti argama. Qabiyyee Qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessattis sadarkaa arfaffarratti waan argamaniif walsimannaa  niqabu jechuun nidanda'ama. Qabiyyeewwan kitaaba barumsaa keessatti dhihaatan hunda qormaata keessatti dhiheessuun niulfaata. Kanaafuu, qormaata keessatti kan hammatamuu qabu qabiyyee kitaabaa keessatti haala bal'ina dhiheenya walgitiinsa isaaniin qophaa'u qaba.

Walumaagalatti, gabatee kanaa oliirraa kan ibsaman wasimannaa (firoommii) qabiyyeewwan kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa,qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa wajjin qaban qabiyyee dandeettiwwan afaaniin, qabiyyee  damee beekumsaa (hiika jechaa, caaslugaafi afoolaafi sirna tuqaalee ammam bakka walii bu'uudhaan qormaata safaramuu danda'uufi haala walgitiinsa qabaniin qophaa'aniiruu kan jedhudha. Kana yoo ilaallu qabiyyee kitaaba barataafi qabiyyeen qormaata moodeelaafi qormaata biyyolessaa walgitiinsa qaba jechuun hin danda'amu. Sababni isaas,qabiyyeen barnootaa tokko tokko kitaaba barataa irratti bal'ina kan qaban yoo ta'an;qormaata moodeelaafi qormaata biyyolessa keessatti qabiyyee gadi aanaan ta'een dhihaata. Akkasumas, qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessatti qabiyyee gaaffiiwwan hedduu keessaa bahan qabiyyee kitaaba barataa keessatti qabiyyeen isaa dhiphaadha. Kanaafuu, haalli qophii qormaataa qbiyyee kitaaba barataafi haala bal'ina qabiyyeen ta'uun barbaachisaadha.

### 4.2. Xiinxala Ragaalee Dookumantiirraa Argaman

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa qabiyyee kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa qormaata wajjiin firoomii/hariiroo qabaachuu isaanii walsimsiisuudha. Kanaaf Kitaaba barataa madda ragaa keessaa tokko godhatee hariiroo isaanqaban haala salphaa fi mijataan qaaccesse.

#### 4.2.1. Xiinxala Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa fi 10ffaa

Qabiyyee Kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti qabiyyeewwan ogummaa afaanii tajaajila adda addaa kennnuun hojiirraa olaniiru. Isaanis duraa duubaan akka armaan gaditti ibsamaniiru. Qabiyyee Dandeettii dhageeffachuu keessatti dhihaatan: dubbisaa qajeelcha barsiisaa keessatti dhihaate bu'uura godhahuun waan barsiisaa isaanii dubbise dhaggeeffachuun bakka duwwaa kennameef guutuu,ogummaa afaanii kan biroo fayyadamuun gilgaala dhaggeeffachuuf qophaa'e barreessuudha.

Dabalatanis hika jechoota haaraa ta'an dubbisa keessatti dhaggeefatan hiika isaa tilmaamu,dhaggeeffachuun deebii afaaniin kennuu,dubbisadhaggeeffatan irratti marii gochuu,jechoota dubbisa keessaa bahan dhaggeeffachuun hiika kennuufi jechoota dubbisa keessatti dhaggeeffatan hiikaan afaaniin kan kennamudha. Dandeettii dubbachuurraatti fakkii ilaaluun deebii kennuu,seera falmii eeguu falmii adeemsisuufi marii garee keessatti waliin dubbii taasisuutu dhihaate.

Qabiyyee Dandeetti dubbisuu keessatti dhihaatan ammoo: dubbisa dubbisanii hubachuu, jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin hiika kennuu,dubbisa dubbisaniifi muuxannoo isaanii walqabsiisanii barreessuu,dubbisa dubbisaniifi muuxannoo isaanii walqabsiisuun gabaasuu,jechoota dubbisa keessaa bahan haala galumsa isaaniitiin iddoo duwwaa galchuu, keeyyata keessaa hima ijoo baasuu,dubbisa keessaa odeeffannoo fudhachuun gabatee keessatti guutu, walaloo dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuufi xalayaa dubbisuun deebii isaa barreessuu, saffisaafi sakattaan dubbisuun barreessuu, sadarkaalee dubbisuu keessatti maaltu akka raawwatamu kan ofkeessatti hammatedha.

Qabiyyee Dandeettii barreessuu jalatti kan hammataman: fakkiiwwan kitaabarratti hundaa'uun keeyyata barreessuu, mataduree kennameef irratti keeyyata barreessuu yaada jalqabamee hafe xumuruu, mata duree kennameefirratti keeyyata barreessuu,iddoo

barbaachisaatti sirna tuqaalee galchuun barreessuu,seenaa jireenyaa barreessuu, tokkummaafi garaagarummaa wantootaa walbira qabuunbarreessuun ibsuu,himoota sababaafi bu'aa agarsiisan jala sararuu,yaada haqaafi dhuunfaa adda baasuu,keeyyata keessaa hima ijoo,himoota callaafi hima goolabaa adda baasuun barreessuu, gumee qopheessuun keeyyata tokko barreessuufi xalayaa barreessuudha.

Dameewwan beekumsa afaanii caasluga jalatti qabiyyeewwan dhiyaatan:jechoota tishoo akkaata galumsa isaaniitiin hiikarratti mari'achuu,jechoota tisheessuun hiika kennuu,jechoota tishoo iddoo duwwatti guutuu,jechoota birsagaan qooduu,gosoota gaalee adda baasuu,gosoota maqaa adda baasuun barreessuu,jechootarraa fufiilee duraafi boodaa baasuu,maqaalee akka maqibsiitti tajaajilan adda baasuu,himoota hennaa ammeennaa agarsiisan adda baasuu,himoota keessatti sarara xiqqaafi tuttuqaa galchuu,himoota keessaa hennaa amsiiqaa baasuu,hima keessatti iddoo barbaachisutti tuqaafi qoodduu jabaa galchuu,hima keessatti maqibsi jala sararuun gosa isaa himuu,hima keessatti bamaqaa jala sararuu,hennaa darbeennaa adda baasuudha.

Itti dabalees,gochima addaan baasuun barreessuu, gochima hundeetiin mathima qeenxeefi danuu fayyadamuun hima ijaaruu, himoota keessa tarsiiqaa agarsiisan barreessuu, firoomsee adda baasuun barreessuu, keeyyata keessaa gochibsoota baasu,gochibsootatti hima ijaaruu,gochawwan cimdii cimdiin kennaman fayyadamuun hima ijaaruu,jechoota duraaduuba eegsiisuun hima ijaaruu, (mathima,antimafi gochima) walsimsiisuun hima ijaaruu, sababaafi bu'aa adda baasuu, odeeffannoo gabateerratti hundaa'uun hima hennaa murnaalaa agarsiisu hima ijaaruu, walqabsiistota filachuun iddoo duwwaa guutuu,keeyyata keessatti iddoo barbaachisutti sirna tuqaalee galchuufi hima yaada haqaafi dhuunfaa agarsiisan adda baasuu kan jedhaman hammateera.

Hiika jechootaarratti qabiyyeewwan hammataman, jechoota hiikaan walitti firoomsuu, jechootaaf hiika faallaa kennuu, jechoota waliin deeman kahuu, jechoota adda ta'an filachuufi akka seera loojikiitti jecha sirrii ta'e filadhu kan jedhaniidha.

Dameewwan beekumsaa keessaa afoola keessatti qabiyyeewwan hammataman:yaada mammaaksa filachuu,mammaaksa jalqabamanii hafan xumuruu,geerarsa goota faarsuuf gargaaran barreessuu, tapha ijoollee seerasaa eeguun barreessuu, sheekkoo barreessuu,

hiibboo jalqabamanii hinxumuramiin xumuruu,oduu durii jalqabaman xumuruu,faaruu daa'immanii dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan deebisuu, ciigoowwan dhiyaatan dubbisuun sorgoofi sokoo addaan baasuun barreessuu,hiika jechamootaa kennuu,gosoota dubbii qolaaf fakkeenya kennuufi mammaaksa mammaaksaan hiikuu dha

#### 4.2.2. Xiinxala Qormaata Moodeelaa kutaa 10 bara 2010

Qabiyyeen barnootaa qormaata kana keessatti argamu dameewwan dandeettii afaaniifi dameewwan beekumsaatti ramadamaniiru. Dandeettiiwwan afaanii tokkoyyuuqormaata kana keessatti hin hammatamne.Qabiyyeen kitaaba barataa keessatti garuu qabiyyeen afaanii arfan hammatamuun qophaa'an.

Dameewwan beekumsaa caasluga yoo ilaalle dhamjecha, gochibsa, gaalee, walqabsiiftuu ,gochima ,maqibsa, tishoo, durduubee, birsaga, ramaddii, dhamjecha, sirna tuqaaleefi qubguddeessa, amala afaanii, antima, maqaa akka maqibsatti, fi henna kan keessatti hammatamanidha. Qabiyyee afoolaa ilaalchisee mata dureewwan dhiyaatan: malleen dubbii, ciigoorratti hundaa'uun deebisi, hiibboo dhiyaataniif deebii sirrii filadhu,hiika jechamaa deebisi, deebisiifi mammaaksa irratti hundaa'uun deebisi kan jedhamanidha.

Hiika jechootaa irratti hundaa'uun jechoota sirriitti qubeefame filachuu,jechoota lakkoofsaan kennaman fayyadamuun hima ijaaruu walaloofaadha. Akka qorannoo kanatti qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi kurnaffaa keessaatti kan hinhammatamiin jechoota sirriitti qubeeffame adda baasuu kan jedhudha. Sirreeffama qubee,qubee dheeraafi gabaabaa adda baasuu, laafaafi jabaataa adda baasuu qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9[ffaa] fi kurnaffaa keessatti hin hammatamne.

Fakkeenyaaf, Qajeelfama: Gaaffilee 1-5 jiran jecha sirriitti qubeeffame adda baasuun filannoo deebii sirrii qabate filadhu.

1. A.tokkumaa B.tokumaa C. tokkummaa D. tokummaa
2. A.warraaqsa B.warraaqisa C.warraqsa D.waraaqsa
3. A.dinagidee B.dinagdee C.diinaagdee D.dinaagdee
4. A.Oroomiiyaa B.Oromiya C.Oromiiyaa D.Oromiyaa
5. A.tumsuu B.tumisuu C.tuumisu D.tuumsuu

Akkasumas waa'een qabiyyeen maqeessituu jedhu kitaaba baarataa kutaa 9ffaa fi kurnaffaa keessatti kan hinhammatamne ta'uun adda ba'eera. Fakkeenyaaf, Gaaffii 30ffaa Jecha gowwummaa jedhu keessatti dhamjechi jala sararame maal mul'isa? A. Baay'ina B. saala C.maqeessituu D. gochima

Itti dabalees qabiyyee kitaaba barataa keessa jiraatanii qormaata moodeelaa kutaa kudhanii keessatti hinhammatamiin: fufii, yaada haqaafi ilaalchaa, durduriidha. Kun ammoo qabiyyee kitaaba barataafi qormaata moodeelaa walgitiinsa ga'umsa qabiyyee dhabuu isaanii hubachiisaa. Ogummaawwan afaanii keessaa gaaffiin dhihaate hinjiru. Kunis xiyyeeffannoon dandeettii afaaniif qabu gadbu'aa ta'uusaa agarsiisa. Kanaaf amanamummaa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata nihanqisa.

### 4.2.3. Xiinxala Qormaata Biyyolessaa kutaa 10 bara 2010

Qormaanni biyyooleessaa madda ragaa yoo ta'u, qorannoon kunis xiyyeeffanoon isaa qabiyyeen qormaata moodeelaafi biyyooleessaa qabiyyee kitaaba barataafi wajjiin wal simachuu isaa sakatta'ameera. Qormaata biyyolessaa Qabiyyeewwan dhihaatan dandeettiiwwan afaanii keessaa dubbisuu qofa irratti xiyyeeffatame yoo kanneen hafan keessaa hinqophoofne.

Dameewan beekumsaa kan ta'an caasluga Afaan, dhamsagaafi birsagarratti xiyyeeffata, Hiika jechootaa , Faallaa jechootaa, Akaakuu Gaalee, Bamaqaa, hundee jechaa, henna, sirna tuqaaleefi qubgudeessa, gabaajee, gosoota himaa tajaajilaafi caasaa, Walqabsiiftuudha. Jechoota sirriitti barreeffame(dogoggora qubeessuu), hiika jechaa galumsaa, Jechamoota, Hiibboo,Mammaaksa, Kan sirriitti, qubeeffame/jecha sirriitti barreeffame, Walaloo, Malleen dubbii kan ofkeessaa qaba. Jechoonni sirriitti qubeeffamuu jedhuufi dogoggora qubeessuu kan jedhu qabiyyee kitaaba barataa keessatti hinargaman. Dogoggora qubee, jechoota lakkoofsan kennaman muuxannoo qormaata kanaan durarra malee qabiyyee kitaaba barataa keessa kan hinjirre ta'uu agarsiisa. Akka qorannoo kanatti qormaanni Biyyolessaa qabiyyee qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9fffa fi kurnafffaa ala kan dhihaatan kanneen armaan gadiiti.

Gaaffii 3ffaa Jechoota dhihaatan keessaa dhamsagni /n/ gara /r/'tti jijjiiramuu kan agarsiisuu kami? A.Garmaame B. Hirrafne C. Hirkate D.Hindhufne

Gaaffii 4ffaa Jecha ‘qa___ne’ jedhu keessatti dhamsagni bakka duwwaa galuu danda’u kami?

A. -n- B. -t- C.-l- D. -d-

Hiikni jecha tokkoo yoo cimaa ta’ee ga’umsa qormaatarratti dhiibbaa geesisuu danda’a. Fakkeenyaaf, qormaata biyyolessaa bara 2010 ALI dhihaate keessatti gaaffiin 9ffaa hiika jecha ‘**makkala**’jedhuuf deebii kan ta’uu kamii jedha.Hiika jecha kanaa barattoonni hundi niargatu jedhee hin amanuu. Kanaafuu qormaata lamaanuu keessatti jechoota ciccimoo fayyadamuun ga’umsa qabiyyee qormaatarratti dhiibbaa fiduu danda’a. Kun ammoo walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata hanqisa.

Gaaffii 33-37 Qajeelfam: Gaaffilee 33-37’tti jiran jecha sirriitti qubeeffameera jettu filachuun deebisi.

33. Kumsaan midhaan haamuuf ______________________waammate.

A. Daabboo B. DabooC.Daaboo D. Dabo

34.Maanguddoonni ______________________________ uffachuu jaallatu.

A. Gaabii B. GaabbiiC.Gabii D. Gab

35.Oromoon ___________________________________ kabajaan simatee bulcha.

A. Keesuma B. KeessummaaC.Kesumaa D. Kessumaa

36. Yoo dhukkubsatan dafanii mana yaalaa deemuu dhiisuun __________________ fida.

A. Midha B. Miidhaa C.Miidha D. Midhaa

37.________________________________n qamadii nimi’aawa.

A. Dabo B. Daabo C.Dabbo D. Daabboo

Qajeelfama: Jechoota Gaaffii 60-62 jira keessaa isa sirriitti qubeeffame filadhuu deebisi.

60. A. Bulluqsine B. Bulluqisne C.Bulluqsne D. Bulluqisine

61. A. Jarjarisite B. Jarjarsite C.Jarjariste D. Jarjarste

62. A. Dhimammuu B. Dhimamuu C.Dhimmamuu D. Dhimmaamuu

Hubachiisa: Gaaffileen 3ffaa fi 4ffaa qabiyyee sadarkaa qopha’iinaatti kan kennaman yoo ta’u; Gaaffiilee 33-37 fi 60-62 kennaman sadarkaa tokkoffaatti yoo kennaman malee,qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaafi 10ffaa keessatti hinhammatamne. Gaaffiileen armaan olitti dhihaatan qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9ffaafi kurnaffaa keessatti kallattiin kan

hammataman miti. Baratаan tokko kan madaalamuu qabu qabiyyee barateen ‘jecha sirriitti qubeeffame kan jedhu sadarkaa tokkoffaa keessatti hammatamee dhihaata.

Firoomii (assimilation) ammoo kutaa sadarkaa qophaa’inaatti kan kennamudha.Kun kan agarsiisu qabiyyeen qormaata biyyolessaa kutaa kudhanii 2010 fi kitaabni baratаa kutaa 9ffaa fi kurnaffaa firoommii qabiyyee dhabuu isaanii agarsiisa.

Bachman (1990) akka ibsetti, “qormaanni tokko ga’umsa qabiyyee kan qabaatu qabiyyeewwan barsiifaman haala xiyyeeffannoo kitaaba keessatti qabaniin kan bakka bu’u akkasumas hariiroon (walitti dhufeenya) kallattii qabanyoo ta’edha.” Jedha.Itti dabalataan qabiyyee kitaaba barataa keessa jiraatanii qormaata biyyoleessaa keessatti kan hinhammatamiin: maqaafi maqibsa, gochibsa,durdurii,yaada haqaafi dhuunfaa, gochimaadha. Qormaata kana keessatti qabiyyee hunda hammachisuun rakkisaa ta’uus, hanga danda’ametti haala walgitaa ta’ee dhihaachuun gaariidha.

Qormaata biyyolessaa haala qophii isaa ilaalchisee hanna salphisuuf koodii afuriin dhihaachuun isaa gaarii ta’ee osoo jiruu; hojiirra oolmaa isaarratti hanni akka hinbabal’anneef giddu galeessa ergaa dabarsituu koree qopheessa qormaata cufuun qulqullina barnootaa hir’isuun nidanda’ama. Qormaanni biyyoessaa koodii afuriin dhihaachuun isaa yeroo dheeraa lakkoofsisuurraa kan ka’e qoramtoonni qayyabachuurra dursanii hannaaf haala mijeefatu. Kanaafuu hanqina kana hambisuuf qaama dhimmi kun ilaalatu marti osoo gahee isaa bahee qulqullinni barnootaa gara fuula duraatti tarkaanfachuu danda’a.

### 4.3. Xiinxala Bargaaffii Barattootaa

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uuf bargaaffii barattootaaf qopheessuun odeeffannoon argame akka armaan gaditti qaaccefameera.

**Gabatee.5: Walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata moodeelaafi biyyolessaa bargaaffii barattootaarraa argame.**

| Lak. | Gaaffilee Bargaaffii | Baay'ee gaarii | | Gaarii | | Gad aanaa | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Hariiroon Qabiyyeen kitaaba barataafi qormaata biyyoleessaa kan bara 2010ALI gidduu jiru maalfakkaataa? | Baay'ina | % | Baay'ina | % | Baayina | % |
| | | 21 | 32.3 | 32 | 49.23 | 12 | 18.46 |
| **Ida'ama** | | **21** | **100** | **32** | **100** | **12** | **100** |

Akka gabatee kanarraa hubatamutti Hariiroon Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi kudhanii, qormaata biyyolessaa kan bara 2010 ALI gidduu jiru maal fakkaataa kan jedhuuf walitti dhufeenyi qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 qabiyyee qormaata biyyolessaa kan bara 2010 baay'ee gaarii  kan jedhan 21(32.3) yoota'u; gaarii 32 (49.23), gadaanaa ammoo 12(18.46) dha. Kanarraa kan hubatamu hariiroon hariiroon qabiyyee kitaaba barataafi qabiyyee qormaata biyyolessaa gidduu jiru gaarii ta'uusaa kan agarsiisudha. Kana caalaa hariiroon qabiyyee kitaabaafi qormaataa wagitiinsa cimaa qabaachuun barbaachisaadha. Kanafuu qabiyyee kitaaba barataa keessatti kan dhihaate qabiyyee qormaata biyyolessaa waliin walsimsiisuun itti fayyadamuun barbaachisaadha.

**Gabatee 6: Deebii barattootaa walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata biyyolessaa**

| Lak. | Gaaffilee Bargaaffii | Eeyyee | | Lakkii | | Hanga tokko | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 2. | Qophii qormaataa keessaatti qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9fi 10n qormaata moodeelaa kan 2010ALI wajjin wal simannaa qabu? | B | **%** | B | **%** | B | **%** |
| | | 30 | 46.15 | 5 | 7.69 | 30 | 46.15 |
| 3. | Qormaanni biyyoleessaa kan bara 2010ALI qabiyyee kitaaba barataa 9fi 10n kan bu'uura godhateedha? | 35 | 53.84 | 5 | 7.69 | 25 | 38.46 |
| 4. | Qormaanni moodeelaas ta'e kan biyyoleessaa 2010 keessaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10n ala gaaffileen qophaa'an ni jiru? | 25 | 38.46 | 4 | 6.15 | 36 | 55.38 |
| 10. | Qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010ALI qabiyyeen isaa wal fakkaataa | 12 | 18.46 | 6 | 9.23 | 47 | 72.3 |
| | **Ida'ama** | **102** | **100** | | **100** | | **100** |

Akka gabatee kanaa olirraa hubatamutti, Qophii qormaata Moodeelaa Afaan Oromoofi kan Biyyolessaa bara 2010 qophaa'e; qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 wajjin walsimannaa qaba kan jedhuuf akka yaada barattootarraa argametti: Eeyyee kan jedhan 30(46.15) yoo ta'u;lakkii kan jedhan yoo ta'u 5(7.69), habga tokko walsimatu kan jedhan ammoo 30(46.15)dha. Akka yaada kanaatti qophiin qormaata moodeelaafi biyyolessaa irra caalaan isaanii qabiyyee kitaaba barataarra qophaa'uu waan ta'eef walsimannaa isaan qaban

gaariidha. Yaanni hanga tokko jedhu eeyyee isa jedhutti waan dhihaatuuf walsimannaa isaan qaban gaarii ta'uu isaanii mul'isa.

Qormaanni biyyolessaa kan bara 2010 qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 kan bu'uura godhatedha kan jedhuuf: eeyyee kan jedhan 35(53.84) yoo ta'u,lakkii 5(7.69) hanga tokko 25(38.46)dha. Akka odeeffannoo kanarra hubatamutti qormaanni biyyolessaa harki caalu qabiyyee kitaaba barataa bu'uura taasisuun kan qophaa'e ta'uu mirkaneessu. Akka yaada barattootaatti guutuummaa guutuutti osoo hinta'iin walakkaa ol qabiyyee kitaabaa kan bu'uureffachuun qophaa'uusaa agarsiisa. Kanaafuu, ga'umsi qabiyyee barnootaa sirriitti akka galmaan ga'uuf qabiyyeen barnootaafi qabiyyeen qormaata lamanii haala walgitiinsa qabuun dhihaachuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa.

Qormaanni moodeelaafi biyyolessaa Afaan Oromoo kan bara 2010 qabiyyee kitaaba barataa ala kan ba'e jiraa kan jedhuuf: eeyyee 25(38.46) yoota'u; lakkii 4(6.15) yoota'u;hanga takko 36(55.38)dha. Akka yaada kanaatti muraasaa yoo ta'eyyuu qabiyyee kitaaba barataa ala kan ba'e nijira. Qabiyyee baratameefi kan qormaata lamaan irra dhufu darbee darbee kan walfaallessuu ta'uu eeran. Kunis qabiyyeen qormaata bakka tokko tokko cimaa kan ta'eefi bakka birootti ammoo salphaa ta'ee kan dhihaatudha.

Fakkeenyaaf jechoota sirriitti qubeeffameefi dogoggora qabaachuusaa adda baasuun kallattiin qabiyyee kitaaba barataarra kan hinjirre yoo ta'uu qormaata lamaa keessatti hammatamee dhihaateera.Kun ammoo qabiyyee kitaabaa ilaaluun dhiheessu osoo hin ta'iin qormaatota kanaan dura dhihaachaa turan irratti kan xiyyeefatan ta'uu mul'isa.

5. Qormaata dhibbeentaa gallchi Moodeelaa keessatti qabiyyeen irra caalaa hammataman kan jedhuuf akka deebii barattootaarraa argametti duraa duubaan akka armaan gaditti ibsameera. Kunis hiikni jechootaa 18(27.69) qormaata moodeelaa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kan kennameef ta'uu eeru. Hiika jechootaatti aanee xiyyeeffannoo olaanaa kan argate ammoo caasluga akka ta'e naaf himan. Akka yaada kanaatti hiika jechaaf dursi kennamee caaslugaaf 15(23.07) sadarkaa lammaffatu kennameef. Faallaa jechootaaf 4(6.15) yoo ta'u; qabiyyeewwan kunneen sadan hammatamuusaanii ammoo 28(43.07) ta'u eeran. Kanaarrraa kan hubatamu Qabiyyee qormaata moodeelaa dhihaate ilaalchise xiyyafannoo olaanaa kan kennameef hiika jechaa ta'uu agarsiisa.

Qormaata moodeelaa keessatti irra caalaa kan hammatamee dhihaate caaslugaafi afoola akka ta’e agarsiisa. Akka yadda barattootatti qormaanni moodeelaa kutaa kudhanii bara 2010 irra caalaan isaanii kan qophaa’e tartiibaan yeroo kaa’aman hiika jechaa, caaslugaafi faallaa jechati. Duubdeebii barattootaa kanarraa waanti hubatamu qormaata moodeelaa keessatti hiika jechaafi caaslugaatu irra caalaa hammatame. Akka xiinxala dalagametti ammoo qormaata moodeelaa keessatti caasluga, afoolaafi hiika jechaadha.

6. Qabiyyeen qormaata biyyolessaa kan bara 2010 akkan deebii barattootaarraa argadhetti irra caalaan kan qophaa’an: jechamoota16(24.61), ciigoo 11(16.92) fi caasluga 10(15.38) ta’uu eeran. Filannoo hunda jedhu kan filate 28(43.07)dha. Kunis qabiyyeen irra caalaa qormaata biyyolessaa keessatti hammatame afoola ta’uu yoo ibsan sirrii kan ta’eefi qabiyyee kitaaba barataa keessatti ammoo xiyyeeffannoon olaanaa kan dhihaate caaslugaa akka ta’e agarsiisa. Qormaanni lamaan yeroo qophaa’u bal’ina qabiyyee kitaaba bararataarraa barsiifame kan bu’uura hin godhanne ta’uu mul’isa.

7. Qormaata moodeelaa kutaa 10 bara 2010 keesssatti qormaanni qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10  keessa jiraatee qormaata moodeelaa keessa hin jirre kam? Kan jedhuuf duubdeebiin barattootaarraa argama durduriif 46(70.76) xiyyeeffannoo olaanaa kan kennameeef yoo ta’u;Walaloof 12(18.46), Mammaaksa 4 (6.15), Hiibboo 3 (4.61) walduraaduubaan kennameef. Durduriin  qabiyyee kitaaba barataa keessatti hammatamus qormaata lamaan isaanii keessatti kan hinhammatamne ta’uu ibsan. Yaada kanarraa kan hubatamu qormaata moodeelaa kan bara 2010 keessaatti qabiyyee kitaaba barataa kutaa9fi 10 keessaa jiraatee qormaataarra kan hin dhufne; durdurii ta’uusaa addeessan.Qormaata biyyolessa keessattis hin hammatamne. Deebii isaan kennan durduriin qabiyyee kitaaba keessatti hammatamee malee;qormaata  moodeelaafi biyyolessaa  keessatti kan hindhihaatne akka ta’ee agarsiisa.

8. Qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa yeroo qophaa’u qabiyyee silabasii irratti hin xiyyeeffatu yoo ta’ee rakkoo maal maaltu uumamaa jettee yaada? kan jedhuuf barattoonni waa’ee silabasii irratti hubannoo isaa akka hinqabne eeruun Qormaanni moodeelaafi Biyolessaa yeroo qophaa’u qabiyyee kitaaba barataa bu’uura godhachuun yoo qophaa’e gaarummaa akka qabu himan. Qormaanni lamaan  silabasiifi qabiyyee kitaaba barataarratti hin xiyyeeffatu yoo ta’e; galma ga’iinsa sirna barnootaa,rakkoo hubannoo, rakkoo

walsimannaa qormaata lamaniifi kitaaba baratаа, rakkoon baruufi barsiisuun uumamuu akka danda'u ibsameera.

9.Galma ga'iinsa Qormaata moodeelaafi biyyoleessarratti dhiibbaa fiduu kan danda'an? Raawwii ykn galma ga'iinsa qormaata moodeelaafis ta'e, qormaata biyyolessaa rakkoon ykn hanqinni adda addaa uumamuu dadda'a.Isaanis akka kanaa gadittii tarreeffamaniiru.

- Mobaayiliidhaan hojjechuu-dandeettiin baratаа tokkoo kan ittiin madalamuu waan barateen ta'uu qaba.Haata'u malee barattoonni si'annaa dandeettii isaaniin madalamuurraa mobaayilii fayyadamuun qormaata hojjechuu filatu. Kun ammoo qulqullina barnootaa dhabamsiisa. Kanaafuu,baratаan ofitti amanammummaa akka qabatuufi ofdanda'e qormaata akka dalaguuf qaamni dhimmi kun ilaalatu hundi fala itti kennuu qaba. Kunis qormaatni akka hatamuuf meeshaaleen elektirooniksii fayyadamuu dhiisuu, 'message center' cufuu, qormaata hatuun akka yakka ta'e qajeelfama isaa bocuun hojiirra oolchuudha.
- Walirraa waraabuu-qormaanni kamiyyuu kan qophaa'u dandeettii nama dhuunfaa madaaluuf kan itti gargaaramnudha. Haata'u malee yeroo amma kanatti baratаan qormaata walirraa waraabuu ykn hatuun akka seeraan tumametti fudhatu. Barattoonni irra caalaan isaanii ofdanda'anii qormaata hojjechuurraa tokko isa tokkorratti hirkachuun qorumsa fudhatu. Kun ammoo ofitti amanamummaa isaan dhabsiisa. Itti dabalees, barattoonni walirratti hirkachuun isaanii biyyitti irratti ba'aa akka ta'an isaan taasisa. Kanaafuu, qormaata walirra hatuun miidhaa akka qabu baranii ofiin hojjechuun madaalamuu qabu.
- Barsiisaan qormaata ofiin hojjechuu-Haala baruufi barsiisuu keessatti barsiisaan barnoonni haala gaarii ta'een akka adeemsifamuuf gahee olaanaa kan qabudha. Akkasumas, barattoonni dandeettiifi ogummaa barbaachisu argachuun akka isaan dorgomaa ta'an kan taasisudha. Haata'u malee barsiisaan itti gaafatamimmaa guddaa kana dagachuun yeroo inni itti qormaata barattootaaf hojjetu ni mul'ata.Kun ammoo baratаа irratti dhiibbaa fiduu danda'a. Kanaafuu, barsiisaan qormaata hojjechuun lammii ajjeesu waanta'eef, qormaata barataaf hojjechuu irraa ofqusachuu qaba.
- Rakkoo qopheessitoota qormaataa-qormaanni yeroo qophaa'u; qaamni qopheessu sadarkaa barattootaa kan gituufi icciitiidhaan qophaa'uu qaba.

- Qaamni qormaata qopheessu gubbaa hanga isa qoramuu barataa bira ga'uutti icciitiisaa eegee deemuu qaba. Fakkeenyaaf, qormaata moodeelaa kan qopheessuu BBOn baasii guddaa itti baase soofti koppii isaa mana barumsaa hundaaf erga.Akka Qajeelfama Labsii Lakk.199/2008 Keeyyata 74, keeyyata xiqqaa 3, fuula 14 irratti ibsametti, "Kutaalee 8ffaa, 10ffaa fi 12ffaaf bakka qorumsa xumuura semisteeraa lammaffaa qormaanni moodeelaa barsiisota dandeettiifi beekumsa isaaniitiin filatamaniin of eeggannoon deebii wajjin qorumsi moodeelaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qopha'ee soofti koppiin isaa manneen barnootaaf ni raabsama." Jedha.

Akka Atikis (1996) jedhutti, hojiirra oolmaa qormaataa yeroo ibsu:qoruuf salphaa kanta'e, baasii guddaa kan hin barbaanneefi sororsuuf kan salphatu ta'uu qaba jedha. Haata'u malee, qormaanni moodeelaa Afaan Oromoo bara 2010 ALI gaaffilee hedduufi baasii guddaan itti bahee kan qophaa'edha. Kanaafuu, mana barumsaatti abbaa gosa barnootaan qormaanni moodeelaa qabiyyee kitaaba barataa kan of keessaa qabu, gaaffilee muraasaafi baasii xiqqoon qophaa'uun gaarii ta'a. Deebiin qormaata moodeelaas soofti koppiin ergamuun isaa hannaaf waan saaxilamuuf osoo hafee baayeessa ta'a.

10. Qormaanni Afaan Oromoo kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 qabiyyeen isaa walfakkaataa isa jedhuuf akka barattoonni deebii kennanitti:eeyyee kan jedhan 12(18.46) yoo ta'u; lakkii kan jedhan 6(9.23) fi hanga tokko wafakkaatu kan jedhan ammoo 47(72.3)dha. Akka yaada kanaatti qabiyyeen qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa darbee darbee walfakkaata kan jedhutu qabxii olaanaa argate. Baay'een isaanii ammoo qabiyyeen qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa garaagarummaa ykn akka walhinfakkaanne eeran.

Qabiyyee qormaata moodeelaafi qormaata biyyolesaa kan bara 2010 ALI ilaalchisee qormaata moodeelaa keessatti qabiyyeewwan ogummaa afaanii arfan keessaa tokkoyyu kan hinhammatamne yoota'u; qormaata biyyolessaa keessatti dandeettii dubbisuu qofatu dhihaate. Kanaaf, walfakkeenya hinqaban. Dhiheessi caaslugaafi hiika jechootaa ilaalchisees haala walgitiinsa qabuun kan hindhihaanne ta'uu agarsiisa.

## 4.4. Xiinxala Afgaaffii Barsiisota Irraa Argame

Qophii qormaataa keessatti barsiisonni hirmaachuun barbaachisaadha. Qabiyyeen qormaataa dhihaatuufi qabiyyee kitaaba barataa walsimsiisuun qopheessuu waanta'eef. Barsiisaan sadarkaa barattootaafi qabiyyee qormaataa sirriitti adda baasuun kan qopheessuudha. Haala baruufi barsiisuu keessatti irra caalaa barattootaatti kan dhihaatu barsiisaa waanta'eef odeeffannoo isaan hariiroo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi kudhanii, qabiyyee qormaata moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 wajjin qaban ilaalchisee kennan akka kana gadiin dhihaateera.

1. Qabiyyeen kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa keessatti dhihaate qormaata moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10 fi biyyoolessaa wajjin hariiroo maal fakkaata isa jedhuuf akka barsiisonni barnoota Afaan Oromoo barsiisan jedhanitti qabiyyeen qormaanni moodeelee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 wajjin amma tokko hariiroo niqaba. Darbee darbee qabiyyee barattoonni hin baratiin kan dhitaan jiru.

Qormaanni moodeelaa erga waggaa sadii asi amma tokko qabiyyee kitaaba barataa bu'uura godhachuun qophaa'aa kan jirudha. Qabiyyeedhaan adda baasee dhiheessuun isaa gaariidha. Haata'u malee qabiyyee kitaaba barataan ala itti dabalanii qopheessuun akka sirrii hintaanetti yaada isaanii dhiheesan. Qormaanni biyyoolessaa ammoo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 wajjin hariiroo qabu. Darbee darbee qabiyyee kitaaba barataan alatti gaaffii qopheessuun gaarummaa akka hinqabe eeraniiru.

2. Qormaanni qabiyyee kitaaba barataa Barnoota Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 keessa osoo hin jiraatiin qormaata kutaa 10 moodeelaas ta'e kan biyyoolessaa keessaa qophaa'e jiraa isaa jedhuuf qormaata moodeelaa keessatti kan qophaa'an dogoggora qubee barreffame kan jedhuufi jecha lakkoofsi itti kenname hima ijaaran qabiyyee kitaaba barataaa Afaan Oromoo ala warra qophaa'anidha. Qormaanni biyyoolessaa kan bara 2010 ALI qabiyyee kitaaba barataa ala kan bahan dogoggora qubee ykn dogoggora jechaa adda baasuu kan jedhudha. Kun immoo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 keessatti hinhammatamne. Jechootaaf lakkoofsa kennanii hima ijaaruufi dogoggora jecha adda baasuu kan jedhu kun qabiyyee kitaaba barataa keessa jiraatee osoo hinta'iin muuxannoo qormaata darbaniirraa kan dhufedha.

Kanaafuu, qabiyyee kitaaba barataa keessatti waan hammataman qabiyyee qormaata moodeelaas ta'u; biyyoolessa keessatti hammachiisuun walsimsisanii qopheessuun barbaachisaadha.

3. Qormaanni moodeelaa Afaan Oromoo kutaa kudhaniifi qormaanni biyyoolessaa kutaa kudhanii kan bara 2010 ALI irra caalaan isaa maal of keessatti hammataa kanjedhuuf akka odeef-kennitonni yaada isaanii ibsanitti qormaanni moodeelaa kutaa kudhaniifi qormaanni biyyoolessaa irra caalaan isaa qabiyyee caaslugaa bu'uura godhachuun kan qophaa'edha. Walduraa duubaan yeroo kaa'aamu qormaanni moodeelaafi biyyoolessaa caasugaa, afoolaafi hiika jechaarratti xiyyeeffachuun kan qophaa'edha.

Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 ammoo irra caalaa kan inni of keessatti hammatu tartiibaan ogummawwanii afaanii, hiika jechootaa, caaslugaafi afooladha. Hariiroo kitaaba barataa kutaa 9fi10, qormaata moodeelaafi biyyoolessaa kan kutaa 10 walbira qabnee yeroo ilaallu qabiyyeen irra caalaa hammatame kan walhinsimne ta'uu hubanna.Qopheessitonni qormaataa qabiyyee kitaaba barataa keessatti bal'inaan argamu adda baasuun qbiyyee qormaata wajjin walsimsisuun qopheessuun garummaa qabaata.

4. Qormaanni moodeelaa kutaa kudhaniifi qormaanni biyyoolessa kan bara 2010ALI hunduu qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 iraatti kan bu'uureffatedhaa? kan jedhuuf akka yaada barsiisotatti, qormaanni moodeelaa kutaa 10 baay'een isaanii qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 kan xiyyeeffatanidha. Qabiyyeen qormaaticha haala qabiyyee kitaaba barataatiin wal maadalee kan qophaa'e miti.Fakkeenyaaf, kitaaba barataa kutaa 9fi 10 irra qabiyyee caaslugaa keessaa hennaan bal'inaan kan hammatamedha. Qormaata moodeelaa keessatti gaaffii shan qofatu dhihaate. Qabiyyee kitaaba barataa keessatti kan hinhammatamne ammoo gaaffiii kudhantu dhihaate(dogoggora qubeefi jechaaf lakkoofsa kennu).

Kanaafuu,haalli dhiheenya qormaata moodeelaa qabiyyee kitaaba barataarratti kan xiyyeeffate ta'es; qabiyyeen qormaata moodeelaafi qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaata faana kan walsimsisuun dhihaate miti. Qormaanni biyyoolessaa kutaa 10 kan bara 2010 ALI ammoo qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10 bu'uura godhateera.Haata'u malee, qabiyyee isa kamtu bal'inaan dhihaateera jedhe kan qophaa'e osoo hinta'iin muuxannoo qormaata biyyoolessaa duranii bu'uura godhachuun kan qophaa'edha.

Fakkeenyaaf, qabiyyee kitaaba baratаа Afaana Oromoo kutaa 9fi 10 keessatti caasluga keessaa Hennaan bal'inaan hammatamee jira. Qormaata Guutuu Biyyaa kutaa 10ffaa keessatti hennaan gaaffii lama qofatu dhihaate. Kunis qormaanni moodeelaas ta'e; qormaanni biyyolessaa yeroo qophaa'u qabiyyee kitaaba barataa bu'uura godhatee kan qophaa'uu osoo hin ta'iin qabiyyee qormaata duraan kennama turanii bu'uura godhachuu isaa mul'isa.

5. Qophiin qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyoolessaa kan bara 2010 ALI hanqina adda addaa qaba. Isaan keessaa muraasni isaanii Qormaanni moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10 bara 2010 ALI Biiroo Barnoota Oromiyaatiin qophaa'uun isaa dhiibbaa geesise qaba. Innis deebiin qormaata moodeelaa 'soft copy' qormaata wajjin waan dhufuuf hannaaf saaxilamuun isaa barattoonni akka hin qayyabanee taasiseera. Hanqinni Inni kan biraan kan barattoonni baratan dhiisaanii kan isaan hinbarannee qopheessuuf.

Fakkeenyaaf, kan barattoonni kutaa 9fi 10 tti baratan gosoota himaa tajaajilan baratu.Kan qormaata irra dhufu ammoo gosoota himaa tajaajilaan dhihaachuu kan qabu; haala caasaan himaan dhihaachuun isaa hanqina. Qormaanni moodeelaas ta'e kan biyyolessaa kutaa kudhanii kallattiin qabiyyee kitaaba Afaan Oromoo kan kutaa 9fi 10 irratti baay'inaan xiyyeeffachuu dhiisuun isaa hanqina. Kunis akkasumatti osoo hinta'iin ogummaawwan afaanii keessaa qabiyyeen muraasni qormaata lamaan keessatti dhihaachuu isaaniiti. Qabiyyee qormaata moodeelaa kutaa kudhanii 2010 keessatti dandeettiiwwan afaanii arfan jiran keessaa tokkoyyuu hindhihaanne. Qormaata biyyolessaa keessatti dhihaatus xiyyeeffannoon olaanaa hinkennamneef. Kanneen biros yoo ilaalle haalli qophii qormaata lamaanii hanqina tokko tokko kan qaba ta'uu agarsiisa.

## Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Ragaaleen kitaaba barataa, qormaata moodeelaafi biyyolessaa kutaa kurnaffaa kan bara 2010 boqonnaa afur keessatti qaacceeffamaniiru. Akkasumas yaada dabataaa argaachuuf afgaaffiifi bargaaffiin qaacca'aniiru. Boqonnaa kana keessatti ammoo cuunfaa, argannoofi bu'aa argannoo qorannichaa irratti hundaa'uun qaama dhimmi ilaaluuf yaada furmaataa waliin dhihaate.

### 5.1. Cuunfaa Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa boqonnaa tokkoo keessatti akkuma caaqafame firoommii qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9[ffaa]fi 10[ffaa] qormaata moodeelaa kutaa kudhaniifi qormaata biyyolessaa 2010 sakatta'uudha. Qormaanni biyyooleessaafi moodeelaa qabiyyee kitaaba barataa wajjiin firoommii akka isaan qaban sakatta'uu, qormaata biyyoolessaafi moodeelaa keessatti qabiyyeen barnootaa hammataman kallattiidhaan kitaaba barataa wajjiin walbira qabame yoo ilaalamu, walsimannaa qabu moo hinqaban kan jedhu ibsuu, qabiyyee kitaaba barataa afaan oromoon alatti gaaffiiwwan qormaata biyyoleessaafi qormaata moodeelaa kutaa kudhanii keessaa bahan jiran moo hinjiran? Kan jedhu eeruufii qabiyyeen kitaaba barataa afaan oromoo qormaata laman wajjin hariiroo isaan qaban adda baasuun agarsiisuu kan jedhu qabiyyeewwan gooree keessatti hammatanii jiru.

Haaluma kanaan gaaffilee bu'uuraa qorannoo kun gaaffii kaaseef deebii barbaadeef.Isnnis, Qabiyyeewwan kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessatti dhihaatan qabiyyeewwan qormaata kutaa 10 Moodeelaafi Biyyolessaa kan bara 2010 wajjin hariiroo isaan qaban maal fakkaataa? Qabiyyeen baratamanii qormaatoota sana keessatti hinhammatamne jiru? Qabiyyeewwan kitaaba Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 ala bahan isaan kami? Qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti dhihaataniifi dareetti barataman qormaata moodeelaafi biyyolessaa wajjin firoomii qabu? Kan jedhu ture.

Meeshaaleen funaansa ragaatiif kan qorataan dhimma itti ba'e dookimantii qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa 2010, kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9fi kurnaffaa fayyaadamuu odeeffannoo barbaachisoo ta'an sassabee jira.Akkasumas odeeffannoo ragaalee kan cimsan af-gaaffii barsiisotaafi bar-gaaffii barattootaa qopheessuun itti fayyadameera.

Ragaawwan maddoota garagaraarra argaman kanneen qaacceessuuf, mala qorannoo makaatti (akkamtaafi hammamtaa) itti dhimma bahame jira.

Maloota iddatteessuu keessaa mala iddatteessuu miti-carraa fayyadamuun, miti- carraa keessaa ammoo mala iddatteessuu akkaayyootti dhimma bahee jira. Madda ragaawwan irraa odeeffannoon argame erga gabateewwan keessatti kahameen booda lakkoofsaafi dhibbeentaan tarreeffamee jira.

Haaluma kanaan walsimannaa qabiyyeewwan kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^, qabiyyeewwan qormaata Afaan Oromoo moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010 wajjin firoommii isaan qaban ilaalchisee bu'aan qorannoo akka kanaa gaditti tarreessuun nidanda'ama.

- Qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9^ffaa^fi 10^ffaa^ ilaalchisee odeeffannoon argame sakatta'ameera. Kunis: dandeettiiwwan afaanii keessaa xiyyeeffannoo olanaa kan argate dandeettii dubbisuu yoo ta'u; innis qabiyyeewwan dandeettii afaanii dhihaatan keessaa xiyyeeffannoo olaanaa kan argate ta'uu qaacceffameera. Kunis qabiyyeewwan ogummaa afaanii keessaa dhiheenyaan bal'aa ta'uu agarsiisa. Damee beekumsaa keessaa ammoo qabiyyeen hiika jechaafi caaslugaa bal'ina qabaachuun isaa qaacceffameera.
- Qabiyyee qormaata moodeelaa kutaa kudhanii 2010 ilaalchisee ragaaleen irraa odeeffannoon argame sakatta'ame jira. Kunis,qabiyyeen xiyyeeffannoo olaanaa kan kennameef damee beekumsaa keessaa caasluga yoo ta'u; gaaffilee waliigala 80 dhihaate keessaa 32(40.00) tu'uu hubanna.
- Qabiyyeen qormaata biyyoleessaa kutaa kudhaanii bara 2010 ilaalchisee, odeeffannoo ragaalee qormaata irraa argame qaacceeffame jira.Kunis, xiyyeeffannoo olaanaa kan argate dame beekumsaa keessaa afoola yoo ta'u; gaaffiiwwan saddeettama dhihaatan keessaa 25 (31.25) kan uwwise ta'uu hubanna.

Odeeffannoo dabalataaf bargaaffiifi afgaaffiirraa yaada argame:

- Hariiroon kitaaba barataafi qormaata moodeelaafi biyyolessaa gidduu jiru guutuummaa guuttuutti walitti dhufeenya kan qabu osoo hin ta'iin hanga tokko walsimannaa qabaachuu isaa, qormaata lamaniifuu xiyyeeffannoon olaanaa kan

kennamuuf hiika ta'uu, qabiyyee kitaaba keessatti hammatamee qormaatarraa kan hindhufne durdurii ta'uu beeksisa.

- Galmaa ga'iinsa qormaata moodeelaafi biyyolessaarratti dhiibbaa kan geesisan mobayiliin qormaata hojjechuu barsiisaan naamuusaa ogummaa isaa malee qormaata barattootaaf dalaguufi qopheessitonni icciitii qormaataa eeguu dadhabuufi qabiyyeen kitaaba barataa keessatti dhihaateefi kan qormaataa kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaarra dhufu walbuusaa ta'uu hubanna.

**5.2. Argannoo**

Sakatta'a dookumantii kitaaba barataa kutaa 9ffaa fi 10ffaa qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaa 2010, bargaaffii barattootaafi dhihaateefi afgaaffii barsiisatarraa ragaawwan waraqaa qorannoo kana keessatti dhihaatan bu'uureffachuun argannoowwan akka kana gadirra ga'uun danda'ameera.

- Firoomii (walsimannaa) kitaaba barataa afaan oromoo kutaa 9ffaa fi 10ffaa qormaata moodeelaa wajjin yeroo ilaalamu qabiyyee kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa kan argate dadeettii dubbisuudha. Damee beekumsa keessaa ammoo hiika jechaa xiyyeeffannoo olaanaa kan argatedha. Qormaata kutaa kudhanii moodeelaa keessatti qabiyyeen xiyyeeffannoo olaanaa caasluga. Kanaafuu,qabiyyee kanarraa ka'uun walsimannaa qabiyyee isaa ga'umsa kan hinqabne ta'uusaa agarsiisa.
- Qormaata moodeelaa keessatti dandeettiiwwa afaanii keessatti hin dhihaanne waan ta'eef walsimannaa qabiyyee kan hinqabne ta'uun isaafi qormaata moodeelaarraa kan jiru qabiyyee kitaaba barataarra kan hinjirre jiraachuun isaa bira ga'ameera. Qormaata biyyolessaa keessatti ammoo kan qabiyyee qormaata biyyolessaa keessaa jiruufi qabiyyee kitaaba barataarra jiru kan walhinsimnee ta'uun beekameera. Kunis qabiyyeen dandeettii dubbisuu kitaaba keessatti sadarkaa tokkoffarra jiru; qormaata biyyoleessaa keessatti sadarkaa arfaffaarra jiraachuun barameera.
- Gama damee beekumsaan yeroo ilaalamu (caasluga, hiika jechaa, afoolaafi sirna tuqaalee) qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessatti dhihaataniiru; haata'u malee haalli facaatii isaanii adda adda ta'uun isaanii bira ga'ameera. Kunis: caaslugni qabiyyee kitaaba barataa keessatti xiyyeeffannoo olaanaa akkuma qabu; qormaata moodeelaa keessattis akkasuma xiyyeeffannoo olaanaa kennamuusaa beekameera.

Haata'u malee qormaata biyyolessaa keessatti caaslugaaf kan kennamee gadbu'aa ta'uun isaa bira ga'ameera.

Kanaafuu wasimannaan qabiyyee kitaaba barataafi qormaanni moodeelaafi biyyolessaa wal buusaa waan ta'eef walgitiinsi isaanii haqina fudhatamummaa qabaachuun bira ga'ameera.

- Galma ga'iinsa qormaata moodeelaafi biyyolessaarratti dhiibbaa kan geesisan adda ba'uun isaanii beekameera.
- Qabiyyeen qormaata moodeelaafi biyyolessaa akkaata qabiyyeen kitaaba barataa wajjin walsimee dhihaachuufi dhihaachuu dhabuun isaa adda ba'eera.
- Hanqinni darbee darbee haala dhiheessi qormaata lamaan keessa jiraachuun isaa bira ga'ameera.

## 5.3. Yaada Furmaataa

Qormaanni moodeelaafi biyyolessaa ga'umsaa barattootaa adda baasuuf kennama. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas qabiyyeewwan kitaaba barataafi qormaata moodeelaa kutaa kudhaniifi qormaata biyyolessaa kutaa kudhanii 2010 firoommii ykn walsimannaa isaan qaban sakatta'uun bu'aa argamerratti kan xiyyeeffatudha. Bu'aa argame kana bu'uura godhachuun yaada furmaataa akka kanatti aanuutti kaa'amee jira.

- Itti fayyadama dandeettiwwaan afaanii arfan keessaa qabiyyeen irra caalaa kitaaba barataa keessatti hammatamee jiru qabiyyee dubbisuuti. Qormaata moodeelaa kutaa kudhanii 2010 keessatti hinhammatamne; qormaata biyyolessaa keessatti dameewwan barnootaa afoolaa, hiika jechaafi caaslugatti aanee sadarkaan arfaffaarratti argama. Kanaafuu, hanga danda'amaa ta'etti dandeettii afaanii dubbisuu dameewwan beekumsaa wajjin haala walqixa ta'een qophaa'ee gaarii ta'a.
- Qormaanni moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10 yeroo qophaa'uu qabiyyeewwan kitaaba barataa keessatti irra caalaa xiyyeeffannoo qaban bu'uura godhachuun yoo qophaa'e garummaa qaba. Haala walsimannaa qabiyyee kitaaba barataafi qormaata moodeelaafi biyyolessaa irratti komii barattoota osoo deebii argate gaariidha.
- Qophii qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyolessaa keessatti haalli dhiheenya caaslugaa, hiika jechootaa, afoolaafi sirna tuqaalee walbuusa.Kanaafuu, hanga danda'ametti xiyyeeffannoo walfakkaatuun osoo deemame gaarii ta'a.

- Qabiyyeen kitaaba barataarra hinjirre qormaata moodeelaafi biyyolessaa keessatti osoo hinqophaa’an ta’e filatamadha.Qorannoo kana keessatti, Qormaata moodeelaa keessatti dandeettiiwwa afaanii keessatti hin dhihaanne waan ta’eef walsimannaa qabiyyee hinqabu. Kanaafuu osoo itti yaadamee. Qabiyyeen kitaabarra jiruufi qormaanni lamaan keessatti  qophaa’an haala walgitiinsa qabuun qaphaa’uun barbaachisaadha.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa,Yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*, Finfinnee: Efficency Printing Press.

AdugnawAlamneh.(2002).*The Practices of the Ethiopian national Examination Administration since the Establishment of the National Organization for Examination* (NOE). (Unpublished M.A Thesis ).

Alderson, J Wall, D.(1995).*Language Test Construction and Evaluation*. Cambridge: Cambridge University Press.

Allison (1999).*Language Testing and Evaluation: An IntroductoryCourse*. Singapore: Singapore University Press.

Argaw Sileshi. (2004). *The content validity of the EGSEC English Language Examination*. (Unpublished M.A.Thesis).Addis Ababa. Addis Ababa University.

Atkins John, Hailom Beteyerga and Nunu Muhamed. (1996).*Skill Development Methodology PartII.*Addis Abeba: Addis Abeba University Printing Press.

Bachman, L.F. (1990). *Fundamental Consideration in Language Testing*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L. F. and Palmer, A. S. (1996).*Language Testing in Practice*. Oxford: Oxford University Press.

Bachman, L.D.(1990*). Fundamental Consideration in Language Testing*.Oxford: Oxford University Press.

Baker, D. (1989). *Language Testing*: A critical Survey and Practical Guide. London: Edward Arnold.

Biiroo Barnoota Oromiyaa.(2010).Qajeelfama Bulchiinsa Qorumsa Daree Kutaalee 1-12. Oromiyaa, Finfinnee.

BBO. (1996 ). *Kitaaba baratаa kutaa sagaliifi kudhanii*. Commercial Printing Interprise.

Brown, F.G. (1981). *Measuring Classroom Achievement*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

Brown, J. D. (1996). *Testing in Language Programs*. Prentice-Hall, Inc. Printed in United States of America.

Brown, J. D. and Hudson.(2002). *Criterion-referenced Language Testing*. Cambridge: Cambridge University Press.

Brown, H.D. (1994). *Principles of Language learning and Teaching*. Engle Wood Chiffs: Prentice Hall Regents.

Brumfit,C.J.(1984).*Function and Structure of a state school syllabus for Learners of second*

Byrne, D. (1984). Integrating skills.In K. Johnson, & K. Morrow (Eds.), *Communication in the classroom*. London: Longman.

Creswell, J.W.(2009).*Research Design Qualitative,Quantitative and MixedMethods Approach*: University of Nebraska –Lincoln.

Cohen. (1994). *Research methods in Education,4th* Ed. London:Routlegde.

Cook.G. (2003).*Applied Linguistics*,Oxford:Oxford University Press.

Cumming, A. H., & Berwick, R. (1996). Validation in language testing (Vol. 2): Multilingual Matters.

Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*:Finfinnee,Boolee.

Davis,A.(1990).Principles of language testing.Cambridge, MA:Basil Blackwell.

Desalegn Chalchisa and Girma Lemma, (2009).*Measurment and Evaluation Manual For Higher Education Inistitution:* Addis Ababa University: AAU printing press

Douglas Brown(2003).*Language Assessment: Principles and Classroom Practices.*

San Francisco, California.

Donath Group,Inc. (2005). *Test Item Writing Best Practice*. Useful and Practical Consideration.

Dublin,F.and E.Olshtain. (1986). *Course Design:Developing Programmes and Materials for language learning.*Cambrige University Press.

Farhady, H. (1986). *Fundamental Concepts in Language Testing (3) Characteristics of Language Tests*: Item Characterisrics. Iran University.

Gronlund, Norman. E. (1990).*Measurement and Evaluation in Teaching* , 6th Ed. Macmillan published Company. New York, London

gsi.berkeley.edu/media/Academic-Misconduct.pdf

Harrison, A.(1983).*A Language Testing Handbook*.London:Macmillan publishers.

Heaton ,J.B.(1975). *Writing English Language Tests .London:* London Group Limited.

_________. (1988).*Writing Engilsh Language Test*: A practical Guide to Teacher of Enlish as second or foreign language.Landon: Longman Group Ltd.

_________. (1990).*Classroom Testing*.Landon: Longman Group Ltd.

Henning, G. (1987). *A Guide to Language Testing, Development Evaluation Reasearch*, Cambridge, Massachusetts Newbury House Publisher

Heinich,R. (1993). *Instructional Design Models*.New York:Macmillan Publishing Company

Hughes, A . (1989). *Testing for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

________. (1995).*Testing For Language Teachers*.Cambridge: Cambridge University Press.

_______. (2003).*Testing For Language Teachers*.Cambridge: Cambridge UniversityPress.

Linn, R.L. and Gronlund, N.E. (1995).*Measurment and Asseessment in Teaching(7thed.).*

Madsen, H. S. (1983). Techniques in Testing. Oxford: Oxford University Press.

Engliwood cliffs: Merill an imprint of printice Hall.

Ministeera Barnoota Itoophiyaa.(2005).*Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa* 9ffaa.Kampala-Uganda.MK publishers Ltd.

Ministeera Barnoota Itoophiyaa.(2005).*Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa*. Kampala-Uganda.MK publishers Ltd.

Ministeera Barnootaa.(1996). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10:Qajeelcha Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa*,Biiroo Barnoota Oromiyaa.

McNamara, T. F. (2000). Language testing.Oxford [England]; New York: Oxford University Press.

McNamara, T. and Roever, C. (2006).*Language Testing: The Social Dimension*. University of Michign. Blackwell publishing, Ltd

Nunan, D.(1988).*The Learner-Centered Curriculum*.Oxford:Oxford University Press

Qajeelcha Qophii qo'annoofi Qorannaa Sirna Barnootaa. (B.B.O).(1995). *Silabasii Barnoota Afaan Oromoo*:Oromiyaa,Finfinnee

Oller, J.M. (1979). *Language Tests at School*. London: Longman Group Limited

Palmer, A.S.& Lyle, F Bachman.(1996*). Basic Concerns in Test Validation*. The British Councel (English Language Document)

Saeed, R. R. and Noor, M. ( 2011 ). *Test Item Construction Techniques*.

Toora Inteerneetiirraa:

https://www.collinsdictionary.com/dictionary/english/examination

http://www. modelexam.kabconsultant…

https://en.wikipedia.org/wiki/Test_(assessment)

https://www.quora.com/why-are-exams-important-Is-it-neccesary-to-ta...

https://link.springer.com/content/pdf/10.3758/BF03334905.pdf

https://integrity.mit.edu/handbook/copying-and-other-forms-cheating

https://www.ukessays.com/.../reliability-practicality-and-validity-psych...

http://www.aua.am/academics/dep/hf-publication3%20Item%20Characterisics.pdf

https://www.onlineexambuilder.com/.../exam.../types-of-exams...tests/it...

https://www.goconqr.com/en/examtime/blog/exam-types-and-tips/

https://blog.suny.edu/.../scientifically-the-best-ways-to-prepare-for-fina...

https://afribary.com/works/instructional-materials-8829

www.psychologydiscussion.net › ... ›
www.yourarticlelibrary.com/.../test/top...characteristics...good-test/648...

www.ascd.org/.../books/.../The-Links-Between-Testing-and-Teaching.a...

Wright, T. (1987).*Role of Teachers and Learners.*Oxford: Oxford University Press.

Weir, C. J. (1990).*Communicative language testing*. New York: Prentice Hall.

__________.(2005). *Language Testing and Validation*: An Evidence-Based Approach. Printed and bound in Great Britain.

## Dabalee-A

## Gaaffii Barreeffamaa barattootaaf dhihaate

Bargaaffiin kun hariiroo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9^ffaa^fi10^ffaa^fi Firoommii qabiyyeen kitaaba barataa 9fi10 qormaata kutaa 10 moodeelaafi biyyolessaa kan bara 2010 wajjin walsimannaa isaan qaban odeeffannoo funaanuuf kan qophaa'edha. Kanaafuu, deebii isin kennitan dhimma qorannoo kanaaf qofa kan ta'uu hubatanii, amanamummaadhaan odeeffannoo sirriifi qulqulluu ta'e akka naaf kennitan kabajaan isin gaafadha.

Tumsa anaaf taasiftaniif Galatoomaa!

Gaaffilee dhihaataniif filan noo keessan durattimallattoo(√) saanduqa keessa kaa'aa.Yoo yaada dabalataa qabattan barreessuu hin dagatinaa.

Maqaa barreessuun hin barbaachisu.

Maqaa Mana Barumsaa:____________________________________________________

Saala: Dhiira ☐ Dhalaa ☐

Umurii:15-20☐ 25-30☐ 30-40☐

Kutaa baratan: Kutaa9^ffaa^☐ 10^ffaa^☐

1. Hariiroon Qabiyyeen kitaaba barataafiqormaata biyyoleessaa kan bara 2010ALI gidduu jiru A. Baay'ee gaarii☐B. Gaarii ☐ C. Gad aanaadha☐
2. Qophii qormaataa keessaatti qabiyyeen kitaaba barataa kutaa 9fi 10n qormaata moodeelaa kan 2010ALI wajjin wal simannaa qabu?

   A. Eeyyee ☐ B .Lakki ☐ C. Hanga tokko ☐
3. Qormaanni biyyoleessaa kan bara 2010ALI qabiyyee kitaaba barataa 9fi 10n kan bu'uura godhateedha?

   A. Eeyyee ☐ B.Lakki ☐ C.Hanga tokko ☐
4. Qormaanni moodeelaas ta'e kan biyyoleessaa kan bara 2010ALI keessaa qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi 10n ala gaaffileen qophaa'an ni jiru?

   A. Eeyyee ☐ B. Lakki☐ C. Muraasa☐

5. Qormaata moodeelaa keessatti qabiyyeen irra caalaa hammataman:

A. Hiikajechootaa ☐ B. Caasluga ☐ C.Faallaa jechootaa ☐

6. Qabiyyeen qormaata biyyoleessaa kan bara 2010ALI irra caalaan isaa:

A. Caasluga ☐ B. Jechamoota ☐ C. Ciigoo ☐ D. Hunda ☐

7. Qormaata moodeelaa kutaa 10 bara 2010ALI keesssatti qormaanni qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10 keessa jiraatee qormaata moodeelaa keessa hin jire?

A. Mammaaksa ☐B. Hiibboo ☐C.Durdurii ☐ D. Walaloo ☐

8. Qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa yeroo qophaa'u qabiyyee silabasii irratti hin xiyyeeffatu yoo ta'ee rakkoo maal maaltu uumamaa jettee yaada?

A. Rakkoo hubannoo☐B. Rakkoo walsimannaa qormaataafi kitaaba barataa☐

C. Rakkoo baruufi barsiisuu ☐ D. Hunda☐

9.Galma ga'iinsa Qormaata moodeelaafi biyyoleessarratti dhiibbaa fiduu kan danda'an?

A.Mobaayiliin hojjechuu (Message) ☐ B.Walirraa waraabuu ☐ C.Barsiisaan ofiin dalaguu☐

10. Qormaanni moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010ALI qabiyyeen isaa wal fakkaataa

A. Eeyyee ☐ B.Lakkii ☐ C.darbee darbee ☐

# Dabalee-B

## YUUNVARSIITII FINFINNEE

Kolleejjii Namoomaa, Afaanotaa, Jornaalizimii, Qunnamtii, Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Af-Gaaffiilee Barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$ Barsiisaniif Qophaa'e.

Gaaffileen dhihaate kunneen barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 10$^{ffaa}$barsiisaniin kan deebi'uudha.

**Gaaffilee siif dhiyaatan deebisuuf argamuu keetiif durseen si galateefadha.**

Kaayyoon af-gaaffichaa hariiroo kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 9$^{ffaa}$fi10$^{ffaa}$fi qormaata kutaa 10 moodeelaa Afaan Oromoofi biyyolessaa kan bara 2010ALI wajjin walsimannaa isaan qaban adda baasuun qaama ilaaluuf dhiheesuuf. Kanaaf, odeeffannoo sirriifi dhuga-qabeessi kennitu baay'ee murteessaafi bu'aa qorannoo kanaaf iddoo guddaa waan qabuuf, af-gaaffiilee kanneen haala iftoominaafi dhugoomina qabuun akka kennitu abdii guddaan qaba. Kana gochuu keetiif immoo,dursee odeeffannoo ati naaf laattu kun, hojii seera-qabeessa qorannoo qofaaf kan oolu ta'uun kabajaan waadaa siif gala.

**Ajaja I.  Odeefannoo Waliigalaa**

Maqaa Mana Barumsaa ______________________________________________

Saala____________________________________________________________

Umurii__________________________________________________________

Sad.Barnootaa____________________________________________________

Barnoota Ittiin Leenji'e/te Ijoo______________________Aantee_________________

Muuxannoo Barsiisummaa Waggaa________________________________________

**Qajeelfama II.Haala Gaafatamteen Deebii Ifaafi Dhugoomina qabu afaaniin dhiheessi.**

1. Qabiyyeen kitaaba barataa kutaa $9^{ffaa}$ fi $10^{ffaa}$ keessatti dhihaate qormaata moodeelaa Afaan Oromoo kutaa 10fi biyyoleessaa wajjin hariiroo isaan qaban maal fakkaata?
2. Qormaanni qabiyyee kitaaba barataa keessaa osoo hin jiraatiin qormaata kutaa 10 moodeelaas ta'e kan biyyoleessaa keessaa kan qophaa'e ni jira?
3. Qormaanni moodeelaa afaan oromoofi biyyoleessaa kan bara 2010ALI irra caalaan isaa maal of keessatti hammataa?
4. Qormaaanni kutaa 10 kan moodeelaafi biyyoleessaa bara 2010ALI hunduu qabiyyee kitaaba barataa kutaa 9fi10 kan bu'uureffatedha?
5. Qophiin qormaata kutaa kudhanii moodeelaafi biyyoleessaa kan bara 2010ALI hanqina maalii qaba?

**Dabalee –C**

## QORMAATA BIYYOLESSAA AFAAN OROMOO

## GINBOT 2010/ JUNE 2018

### NATIONAL AGENCY FOR EXMINATIONS (NAE)

### ETHIOPIAN GENERAL SECONDARY EDUCATION CERTIFICATE

### AFAN OROMO EXMINATION

**GINBOT 2010/ JUNE 2018**

**BOOKLET COODE : 058** **SUBJECT CODE : 13**

**NUMBER OF ITEMS : 80** **TIME ALLOWED : 1 : 30 HOURS**

**GENERAL DIRECTIONS**

THIS BOOKLET CONTINS AFAN OROMO EXAMINATION. THE SUBJECT CODE FOR THIS EXAMINATION IS 13 AND THE CODE FOR THIS PARTICULAR BOOKLET IS 058. PLEASE COPY THESE CODES ON YOUR ANSWER SHEET WHERE IT READS BOOKLET CODE AND SUBJECT CODE. THEN, BLACKEN THE CORRESPONDING BOXES IN THE COLUMNS BELOW. EACH NUMBER.

THE EXAMINATION CONTAINS 80 ITEMS. ATTEMPT ALL THE ITEMS. FOLLOW THE INSTRUCTIONS ON THE ANSWER SHEET AND THE EXAMINATION PAPER EXACTLY. USE ONLY PENCIL TO MARK YOUR ANSWER.

THERE IS ONLY ONE BEST ANSWER FOR EACH ITEM. CHOOSE THE BEST ANSWER FROM THE SUGGESTED OPTIONS AND BLACKEN THE LETTER OF YOUR CHOICE ON THE ANSWER SHEET YOUR ANSWER MARK SHOULD BE HEAVY AND DARK. COVERING THE ANSWER SPACE COMPLETELY. PLEASE ERASE ALL UNNECESSARY PENCIL MARKS COMPLETELY FROM YOUR ANSWER SHEET. THE OPTICAL MARK READER (OMR) REJECTS ALL ANSWER SHEETS WITH UNNECESSARY PENCIL MARKS.

YOU WILL BE ALLOWED TO WORK FOR 1:30 HOURS. IF YOU FINSH BEFORE TIME IS CALLED, YOU MAY GO BACK AND REVIEW. WHEN TIME IS CALLED, YOU MUST IMMEDIATELY STOP WORKING, LAY YOUR PENCIL DOWN, AND WAIT FOR FURTHER INSTRUCTIONS.

ANY FORM OF CHEATING OR AN ATTEMPT TO CHEAT IN THE EXAMINATION HALL WILL RESULT IN AN AUTOMATIC DISMISSAL FROM THE EXAMINATION HALL AND CANCELLATION OF YOUR SCORE(S).

**DO NOT TURN THIS PAGE UNTIL YOU ARE TOLD TO DO SO.**

**ETHIOPIAN GENERAL SECONDARY EDUCATION CERTIFICATE AFAN OROMO EXMINATION**

**GINBOT 2010 / JUNE 2018**

**BOOKLET COODE : 058** **SUBJECT CODE : 13**

**Number of Items: 80** **Time Allowed : 1:30 minutes**

**Qajeelfama:Gaaffilee1-7'tti jiranniif Afaan, Dhamsagaafi birsagrratti hundaa'uun deebii sirrii ta'e filadhu.**

1.Waa'ee afaanii ilaalchisee kan soba ta'e kami?

A.Afaan tokko osoo sabni isaa jiruu du'uu danda'a.

B.Madda afaaniirratti hayyoonni hundi yaada tokkorratti waliigalu.

C.Afaan eenyummaa saba tokkoo ibsa.

D.Afaanoonni hundi seera mataasaanii qabu.

2.Afaan mallattoodha yoo jennu

A.Maalummaa waan tokkoo ibsa. C.Afaan labatarraa labatatti darbuu agarsiisaa.

B.Afaan baratamuu isaa ibsa. D.Afaan hunduu walqixa ta'uu isaa ibsa.

3.Jechoota dhihaatan keessaa dhamsagni /n/ gara /r/'tti jijjiiramuu kan agarsiisuu kami?

A.Garmaame C. Hirkate

B. Hirrafne D.Hindhufne

4.Jecha 'qa___ne' jedhu keessatti dhamsagni bakka duwwaa galuu danda'u kami?

A. -n- B. -t- C.-l- D. -d-

5.Jechi 'kurkursiisamaniiru' jedhu birsaga meeqa qaba?

A. Jaha C.Saddeet

B. Shan D. Torba

6.Birsaga kamtusirriitti qoodame?

A. Ee-ga-le C. Eeg-ale

B. E-eg-al-e D. E-ega-le

7.Jechoota armaan gadii keessaa birsagni utubaa dheeraa lama of keessaa qabu kami?

A.Gaararraa C. Geeddare

B. Kukkute D.Kakaase

**Qajeelfama:Gaaffilee 8-12 irratti jechoota dhiyaataniif irra caalaa hiika ta'uu kan danda'u filadhu.**

8. Galda'uu

A. U'utaaluu C. Dhaabachuu

B. Quphanuu D. Jilbeenfachuu

9.Makkala

A.Haxxee C. Dhaabachuu

B. Dabeessa D. Gowwaa

10.Kulkulaaye

A. Madaa'e C. Mala'e

B. Malaa guure D. Foolii fuudhe

11.Leellisuu

A. Arrabsuu C. Faarsuu

B. Olkaasuu D. Tumsuu

12.Dilaalummaa

A.Tokkummaa C. Arjummaa

B. Doqnummaa D. Dungujummaa

**Qajeelfama:Gaaffilee 13-17 irratti jechoota dhiyaataniif faallaa ta'uu kan danda'u filadhu.**

13.Hanquu

A. Buuphaa C. Hir'uu

B. Guutuu D. Gosa biqiltuu

14.Dibichaa

A. Korbeessaa C. Jabbii

B. Korodeessa D. Goromsa

15.Miguu

A.Sa'a C. Goromsa

B. Baakkuu D.Maseena

16.Gufufa

A.Gadda C.Aarii

B. Boo'icha D. Gammachuu

17.Sabiyyii

A. Ijoollee C. Labata

B. Finna D. Maanguddoo

**Qajeelfama: Gaaffilee 18-22 jiran akaakuu gaalee jala muramanii adda baasuun deebii ta'a kan jettu filadhu.**

18.Falmataan suuta suuta *gara mana barnootaa* deema.

A.Gaalee gochibsaa C. Gaalee durduubee

B.Gaalee maqibsaa D. Gaalee gochimaa

19.*Sangaan obbo Galgaloo* diimaa furdaadha.

A. Gaalee maqibsaa C. Gaalee durduubee

B. Gaalee maqaa D. Gaalee gochibsaa

20. Roobasheen mana dhakaa ijaarratte.

A. Gaalee maqaa C. Gaalee durduubee

B. Gaalee gochimaa D. Gaalee maqibsaa

21. Siree obbo Galaanaa irraa jalaan halluu cuquliisa dibameera.

A. Gaalee durduubee C. Gaalee maqibsaa

B. Gaalee gochimaa D. Gaalee maqaa

22. Aaddee Baaccuun mana bal'aa bareedaa bitatte.

A. Gaalee maqaa C. Gaalee maqibsaa

B. Gaalee gochibsaa D.Gaalee gochimaa

**Qajeelfama: Gaaffilee 23-32 jiran haala gaafatamteen deebii sirrii ta'e filadhu.**

23. Bamaqaan ramaddii 2ffaa danuu agarsiisu kami?

A.Ati C. Inni

B. Isin D. Nuti

24. Jecha firfirsiisame jedhu keessaa hundeen jechaa kami?

A.Fir- C.Firfirs

B. Firfir- D. Firfirsiis-

25.Gosoota himaa keessaa odeeffannoo dabalataa kennuuf; akkasumas, hubannoo qabnu qooduuf kan ittiin gargaaramnu kami?

A.Hima raajeffannoo C.Hima gaaffii

B.Hima ajajaa D. Hima himamsaa

26."Saroota baranaa Waaqatu raatesse,

Foonniin waldhabsiisee lafee nyaachise."Jechi ciigoo kanaa kami?

A. Saroota baranaa C. Waaqatu raatesse
B. Lafee nyaachise D. Fooniin waldhaabsiisee

27. Sookoon ciigoo gaaaffiii 26ffaa irratti dhihaate maali?

A. Alagaa jibbisiisee C. Firaan waldhabsiise

B. Lafee qorqani D. Waaqa komatani

28. Caawwaaqaan daldalaa cimaadha; haata'u malee, kutaannoon hojjechuu hinjaallatu.

A. Hima xaxamaa C. Hima dacha xaxamaa

B. Hima dacha D. Hima salphaa

29."Wraabessi ni yuusa," himni jedhu henna kam keessatti ramadama?

A. Hennaa amsiiqaa C. Hennaa tarsiiqaa

B. Hennaa darbeennaa D. Hennaa ammeennaa

30.Himni, "Roobni ni rooba ta'a." jedhu henna maalii agarsiisa?

A. Hennaa murannalaa C. Hennaa murannaa

B. Hennaa amsiiqaa D. Hennaa tarsiiqaa

31.Kumsaafi Qabbannneen walfuudhan.Hima kanaa keessatti walqabsiistuun kami?

A. Wal- C. -fi

B. -n D. -an

32.Kanneen keessaa walqabsiistuun yaada faallaa ibsuuf gargaaru kami?

A. Dabalataanis C. Kana malees

B. Haata'u malee D. Yookiin

**Qajeelfam: Gaaffilee 33-37'tti jiran jecha sirriitti qubeeffameera jettu filachuun deebisi**

33. Kumsaan midhaan haamuuf ______________________________ waammate.

A. Daabboo C. Daaboo

B. Daboo D. Dabo

34.Maanguddoonni ________________________________ uffachuu jaallatu.

A. Gaabii C. Gabii

B. Gaabbii D. Gab

35.Oromoon _____________________________________ kabajaan simatee bulcha.

A. Keesuma C. Kesumaa

B. Keessummaa D. Kessumaa

36. Yoo dhukkubsatan dafanii mana yaalaa deemuu dhiisuun ___________________ fida.

A. Midha C. Miidha

B. Miidhaa D. Midhaa

37.__________________________________n qamadii nimi'aawa.

A. Dabo C. Dabbo

B. Daabo D. Daabboo

**Qajeelfama: Jechamoota 38-44tti barreeffamaniif deeebii ta'a kan jettu filannoowwan jira keessaa filachuun deebisi**

38. Tolasaan <u>baala namarra buusaa</u> haasa'a

A. Nama kabaja C. Baala kutee namarra kaa'a

B. Nama saphisa D. Saalfii hinqabu

39. Adurreen riphxee hantuuta eeggachaa jirti.

A. Hafuura hinbaafattu

C. Afuura dhokfattee

B. Kurruuftee

D. Gururiitee

40. Maaliif akka bineensa ganamaa taata?

A. Beela'aa

C. Quufaa

B. Jaamaa

D. Jarjaraa

41. Ciqilee jabaata

A. Arjaa

C. Garraamii

B. Doqna

D. Irree cimaa qaba

42. Fardaa lafa

A. Walfakkaata

C. Walhinmadaalu

B. Tokkodha

D. Geejjibaaf oolu

43. Cololi'ee du'e

A. Dhandhama dhabe

C. Darbatee dhabe

B. Hawwee dhabe

D. Irraa dheesse

44. Nadha bahe

A. Biyyaa bahe

C. Muka kore

B. Dharraa bahe

D. Mana bahe

**Qajeelfama:Hibboowwan 45-49 barreeffemaniif deebii ta'a kan jettu filannoowwan jiran keessaa filachuun deebisi.**

45. Abbo guddoo utaalloon qbeetu kurruufa.

A. Xuwwee

C. Ittoo

B. Marqaa

D. Gaayyaa

46.Buqqee guddaan cabee, qiraaciisaan dhabe.

A. Dhuufuu

C. Okkotee

B. Dabaaqula

D. Mooyyee

47. Adii dhala, gurraachahoosisa, diimaa guddisa.

A. Cilee

C. Baala

B. Ibidda D. Mukukkula

48. Tabbarra teessee ‘yamanqar yamanqar’ jetti.

A. Ija C. Arraba

B. Nyaara ijaa D. Funyaan

49. “Ija keessa nan ilaalin” jetti.

A. Bareedduu C. Addeessa

B. Urjii D. Biiftuu

**Qajeelfama: Mammaaksota 50-54 jiraniif deebii ta’a kan jettu filannoowwan kennaman keessaa filachuun deebisi.**

50. Niturra malee ni urra jette_________________________________________ .

A. Simbirri C. Boombiin

B. Daanawoon D. Mutaan

51. Hudduu abbaan dagate______________________________________ sagal ciniinti.

A. Tusseen C. Sareen

B. Injiraan D. Bofti

52.Nama dorrobaa qabu_____________________________________hindhowwatani.

A. Itittuu C. Baaduu

B. Silga D. Jabbii

53. Qacceen ofiif rukutteetu ofii______________________________ .

A. Dhooti C. Dhukaati

B. Iyyiti D. Maramti

54. Kan dhagaan daakeef, _______________________________ kaballaa quufa.

A. Gundoon C. Teessoon

B. Jabanaan D. Gingilchaan

**Qajeelfama: Gaaffilee 55-57 jiran keessaa sirna tuqaaleefi qubguddeessa sirriib kan barreeffame filadhuu debisi.**

55. A. Jaarsi waa sadii jaallata: adii, aduufi oduu.

B. Jaarsi waa sadii Jaallata: adii, aduufi oduu

C. Jaarsi waa sadii jaallata; adii, aduufi oduu

D. Jaarsi waa sadii jaallata, adii, aduufi oduu.

56. A. Yeroo boqonnaa keetti maal hojjechuu jaallatta.

B. Yeroo boqonnaa keetti, maal hojjechuu jaallatta!

C. Yeroo boqonnaa keetti maal hojjechuu jaallatta?

D. Yeroo boqonnaa keetti maal hojjechuu jaallatta!?

57. A. Dibaabaan, "walaloo Gaabbii" jedhu, dubbiseera.

B. Dibaabaan walaloo gaabbii jedhu dubbiseera.

C. Dibaabaan walaloo,'gaabbii' jedhu dubbiseera.

D. Dibaabaan walaloo,'Gaabbii' jedhu dubbiseera.

**Qajeelfama: Jecha/gaaleewwan gaaffii 58-59 irratti kennaman unka gabaajee isaanii isa sirrii filadhuu deebisi.**

58. Wiirtuu Leenjii Teknikaafi Ogummaa Oromiyaa

A. WLTO | C. W.L.T.O.O.

B. WLT FI OO | D. W.L.TO.O.

59. Dhaabbata Eegumsa Fayyaa Oromiyaa

A. DHEFO | C. Dh.Eeg.Fa.Oro.

B. Dh.E.F.O. | D. D.E.F.O.

**Qajeelfama: Jechoota Gaaffii 60-62 jira keessaa isa sirriitti qubeeffame filadhuu deebisi.**

60. A. Bulluqsine | C. Bulluqsne

B. Bulluqisne | D. Bulluqisine

61. A. Jarjarisite | C. Jarjariste

B. Jarjarsite | D. Jarjarste

62. A. Dhimammuu | C. Dhimmamuu

B. Dhimamuu | D. Dhimmaamuu

**Qajeelfama: Gaaffilee 63-68 jira hiikkaa haala galumsaarratti hundaa'anii waan dhiyaataniif deebii sirrii ta'e filadhuu deebisi.**

63. Namoonni yeroo baay'ee damma **sorrobbachuuf** gammoojjii deemu.

A. Arraabbachuuf
C. Bulbulachuuf
B. Barbaaddachuuf
D. Gurgurachuuf

64. Dhugaasaan ogummaa noheefi **waanjoo** hojjechuu qaba.

A. Korojoo
C. Gonfoo
B. Babattee
D. Harqoota

65. Boontuun **hededa** lagaa dhaabbattee daakkiyyee daawwatti.

A. Gidduu
C. Qarqara
B. Gama
D. Halaala

66. Turistoonni bidiruu yaabbatanii Hara Bishooftuu irra bashannanu.

A. Yabala
C. Motora
B. Gaala
D. Ganyaa

67. Obbo Taliilaan wayyaa cite **suphee** jireenyasaa gaggeeffata.

A. Dhahee
C. Hodhee
B. Ciree
D. Hidhee

68. Namoonni daawwannaaf gara Hara Harsadeetti **imalaan** baay'ataa jiru.

A. Kaatan
C. Fiigan
B. Baqatan
D. Deeman

**Qajeelfama: Gaaaffilee 69-71 jiran walaloo dhiyaaterratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabatee jiru filadhu.**

Natu bade muttaaraa kiyyaa
Abbaa jabbii gorbaa
Abbaa foonaa torbaa
Natu bade muttaaraa kiyyaa.

Kan obaan Laangannoo

Kan dheedi Shaallaa

Natu bade muttaaraa kiyyaa,

Duuti hardhaa anaa faallaa.

(Muhaammad Abdoo, 2013:40)

69. Walaloon kun gosa walaloo kam jalatti ramadama?

A. Walaloo gammachuu

B. Walaloo geerarsaa

C. Walaloo booyichaa

D. Walaloo sirbaa

70. Walaloo kun buufata meeqa qaba?

A. 8

B. 2

C. 4

D. 1

71. Walaloo kana keessatti ‘Abbaa foonaa torbaa’ yoo jedhu maal jechuu barbaadeeti?

A. Dureessa

B. Ga’eessa

C. Dabeessa

D. Hamaa

**Qajeelfama: Gaaffilee 72-74 jiraniif akaakuu malleen dubbii irratti hundaa’uun qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

72. *Tiifuu laga tirraa jala hin dhaabbatanii,*

*Siifuu akka diinaa natty baanatanii.*

A. Iddeessaa

B. Habalaka

C. Arbeessuu

D. Akkasaa

73. Nyaattuun manichaa abidda natty qabsiise.

A. Arbeessuu

B. Nameessaa

C. Iddeessaa

D. Eemitii

74. Jaamaa moora laaltu

A. Nameessaa

B. Eemitii

C. Arbeessuu

D. Hbalaka

**Qajeelfama: Barreeffama armaan gadii dubbisuun gaaffilee 75-80tti jiraniif haala dubbisichaatiin deebii sirrii ta'e filadhu.**

Oromoon asxaalee ittiin beekamu hedduu qaba.Isaan keessaa tokko Odaadha.Odaan Oromoo waliin hidhata guddaa qaba.Hidhatni kunis bu'uurri isaa, jaalalaafi nageenya Oromoowaliif qabudha; akkasumas, araaraafi waliin jireenya sabni Oromoo dhala namaafi uumama hundaaf qabudha.

Oromoon dur Odaa tokko jalatti walga'ee heera baasa; sera tuma; fooyya'insa seeraafis labsii dabarsaa ture.Odaan inni jalqabaas naannoo laga Mormor ture.Haata'u malee, gosti Oromoo baayyinaan dabalaa , babal'ataa waan deemeef, namoonni kutaa adda addaatii walitti dhufanii Odaa tokko jalatti walgahuun yeroo fudhataa deeme. Kanaafuu, Odaan wiirtuu adda addaarra jiran caffee ta'anii akka tajaajilaniifi waggaatti altokko qofa seera waraabbachuuf bakka tokkotti akka walgahan  labsiin darbe.Sababa kanaaf, gosti Oromoo hundi wiirtuu isaanii Odaa akka qabaatan taasifame. Haaluma kanaan, warri Raayyaafi Asaboo Odaa Garaadoo wiirtuu godhatan.Tuulamni Odaa Nabee, Ituufi Humbanni Odaa Bultum, Sikkoofi Mandoon Odaa Roobaa wiirteeffatan. Macci Odaa Bisiliifi Odaa Bulluq wiirteeffatan.Sabboofi Goona immoo Odaa Girjaatti akka walgahan waliigalan.Macci wiirtuu Odaa lama kan qabaateef, bal'ina sabaafi lafaa irraa kan ka'e. Babal'inni hawaasaa ammuma dabalaa adeemu, wiirtuu bal'ifachaa, Odaa tokkorraa gara Odaa jahanitti baay'ataafi walfakkaachaa dhufe.

Odaan wiirtuu adda addaarratti haa argamu malee, yaadniifi gochi bakka maratti raawwatu walfakkaata.Sababni isaas, seeronni hojiirra oolan hundi isaanii waggaatti altokko Odaa giddugaleessaa jalatti tumamanii waan darbaniifi.Yeroo ammaa kana garuu argama iddoo Irreessaatiin walqabatee Odaan Nabee wiirtuu waliigala Odaa Oromoo ta'uun tajaajila jira. Kunis, gaafa Irreechaa namni cuftiwaggaatti yeroo tokko bakka hundaa walitti ba'uudhaan labsii tokko dhaga'a. Wiirtuuwwan biro labsii achitti darbu sana waraabbachuudhaaniddoowwan jiranitti tjaajila walfakkaataa laatu. Kun immoo, tokkummaa sabichaatiif gumaacha guddaa qaba.

Gama biraan, Odaan Oromoo biratti faayidaa baay'ee qaba.Odaan asxaa eenyummaa Oromoo ta'uun fudhatama. Namni asxaa Odaa beeku tokko, waan sana yoo argu

kallattiidhaan Oromoo yaadata. San qofa osoo hintaane wanti sun kan Oromoo ta'uu isaa dursee hubata.Bifuma walfakkaatuun, Odaan mallattoo dhiifamaa ta'uun beekama; mallattoo hormaataa ta'ees fudhatama.Baay'inni damee Odaa baay'ina gosa Oromootti fakkeeffama.Kanaan alatti immoo, Odaan bakka araaraafi seeraati.Kunis gaaddisa isaa jalatti seerri tumama; jaarsummaan taa'ama; mareedhaan araarri bu'a.Kanaafuu, iddoo dhaddachaas ta'ee tajaajila jechuudha.

Walumaagalatti, Odaa Oromoo bakka garaagaraatti argama.Tajaajilli isaa garuu walfakkaata.Odaan Oromoodhaaf asxaa latiinsaati; mallattoo eenyummaatis.Kana malees, Odaan mallattoo qulqullinaa ta'ee fudhatama. Kanaafuu, Odaan hidhata Oromoo waliin qaburraa kan ka'e, yeroo ammaa kanatti asxaa biyyoolessaa ta'uun alaabaa Oromoorra jira.

*(Kitaaba Afaan Oromoo kutaa 6ffaa irraa kan fudhatame)*

75. Keeyyanni 2ffaa n dubbisichaa kan irratti hin xiyyeeffanne kami?

A. Faca'insa Odaa
C. Hidhata Odaafi Oromoo
B. Tajaajila Odaa
D. Guddifachaa

76. Kanneen aramaan gadii keessaa Oromoon yeroo Odaa jalatti walga'u kan hin raawwanne kami?

A. Murtii laachuu
C. Heera baasuu
B. Matta'aa guuruu
D. Seera tumuu

77. Odaa Oromoo yeroo jalqabaa wiirtuu ta'ee tajaajila ture eessatti argama?

A. Baalee
C. Mormor
B. Walaabuu
D. Macca

78.Gosoota Oromoo keessaa ka wiirtuu Odaa lama qabu kami?

A. Macca
C. Sikko
B. Tuulama
D. Goona

79. Kanneen keessaa tokko Odaa wiirtuu Raayyaafi Assabooti.

A. Girjaa
C. Bultum
B. Garaadoo
D. Bulluq

80. Iddoo Irreessaatiin walqabatee Odaan wiirtuu waliigala Odaa Oromoo ta'uun tajaajilaa jiru kami?

A. Odaa Garaadoo
C. Odaa Bisil
B. Odaa Bultum
D. Odaa Nabee

**Dabalee-D**

**QORMAATA MOODEELAAAFAAN OROMOO BARA 2010 ALI**

**WARAQAAN QORUMSAA KUN GAAFFILEE 80 KAN OF KEESSAA QABU YOO TA'U, YEROON QORUMSA KANA HOJJACHUUF SIIF KENNAME 1:30**

**Qajeelfama: Gaaffilee 1__5 jiran jecha sirriitti qubeeffame adda baasuun filannoo deebii sirrii qabate filadhu**.

1. A.tokkumaa C. tokkummaa

   B. tokumaa D. tokummaa

2. A.warraaqsa C.warraqsa

   B.warraaqisa D.waraaqsa

3. A.dinagidee C.diinaagdee

   B.dinagdee D.dinaagdee

4. A.Oroomiiyaa C.Oromiiyaa

   B.Oromiya D.Oromiyaa

5. A.tumsuu C.tuumisu

   B.tumisuu D.tuumsuu

**Qajeelfama: Gaaffilee 6__10 jiran keessatti jechoonni lakkoofsaan bakka bu'an haala isaan tartiiba sirrii ta'een hima ijaaruu danda'aniin qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

6. fiduu[1] danda'a[2] nyaata[3] hanqina[4] qilleensa[5] jijjiramni[6]

A. 6,5,4,3,1,2 C.6,5,3,4,1,2

B. 5,4,6,1,3,2 D.4,3,6,5,1,2

7. sirriitti[1] kana[2] qayya badheera[3] waggaa[4]

A. 4,1,2,3 C.3,4,2,1

B. 2,4,1,3 D. 4,2,1,3

C.

8. Oromoo[1] marsa[2]Gadaan[3]saddeetiin[4]waggaa[5]

A. 1,3,5,4,2  C.3,1,5,4,2

B. 4,3,1,5,2  D.3,5,1,4,2

9. Dhiisanii[1]gadaanuun[2]gara[3]qe'ee[4] biyya[5]ofii[6]abbaa[7]gadhummaadha[8]ambaatti[9]

A. .4,7,6,1,3,5,9,2,8  C. 7,6,4,5,1,3,2,9,8

B. 4,6,7,5,1,3,9,8,2  D. 5,6,4,1,8,9,2,7,3

10. ajaa'ibsiisaa[1]Taaddasaa Birruu[2]qaba[3]seenaa[4]Jeneraal[5]

A. . 2,5,4,1,3  C. 5,2,4,1,3

B. 4,2,1,3,5  D. 4,5,1,2,3

**Qajeelfama:Gaaffilee 11__15 jiran walaloo dhiyaate irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

Maaf abdiin na citaa mogoleen na bu'ee
Diinaaf harka hin laadhu an otuman du'ee
Kayyoo koof nan cichaa olka'ees gadi bu'ee
Maaf abdiin na citaa akka isa raata'ee
Innuu abdii hin murree inni gaara jiru
Kan beelan gubatee qorri waada jiru
Kan maddiin xoopharee illeen qaawwaa jiru
Kan kotteen qallatee tattaafachaa jiru
Imalli dheertuu dha kan isa hafee jiru
Dadhabeera jedhee tasa ta'ee hin jiru
Maaf abdiin na citaa akka laaftuu tiruu
Du'een bada malee dinaaf gara hin hiruu …
Yoonan of gurguree seenaan na gaafataa
Cicheen itti adeemaa maaf abdiin na citaa?

❖ Madda: Hiree galgalaa irraa qormaataaf akka ta'utti kan fudhatame.

11. Akka ilaalcha walaloo kanaatti maaltu jaallatama?

A. abdii kutachuu. C. rakkinaaf harka kennuu.

B. abdii horachuu. D. yaadda'uu.

12. Keeyyata 2<sup>ffaa</sup> keessatti kan maddiin xoophare jechuun

A. kan itti tole. C. kan huqqate.

B. kan milkaa'e. D.kan quufe.

13. Walaloon kun bo'oo meeqa qaba?

A. 8 C.7

B. 4 D.14

14. Mata dureen walaloo kanaa isa kami?

A. Kaayyoo koof nan cicha C. Maaf abdiin na citaa?

B. Cicheen itti adeema D .seenaa hojjechuu.

15. Walaloo kana keessatti baay'ina birsagaatiin sararri adda ta'e isa kami?

A. 5 fi 6 C.9 fi 10

B. 6 fi 7 D. 4 fi 5

**Qajeelfama: Gaaffilee 16__20 jiran dhamjecharratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabatee jiru filadhu.**

16. "Ani hin rafne; boqqoolloon hin hafne '' jedhe namichi. Hima kana keessaa latiin hi'eentaa agarsiisu kami?

A. raf- C. hin-

B. haf- D.-ne

C.

17. Latiin danoomina agarsiiu kami?

A. –an C. –e

B. –te . D. -n

18. kannee keessaa kan fufii boodaa maxxanfate kami?

A. bishaan C. funyaan

B. eegee D. ciisicha

19. Jechi”butame” jedhu latii meeqarraa ijaarame?

A. 2 C. 3

B. 4 D. 5

20. Kanneen armaan gadii keessaa kan dhamjecha(-ummaa) maxxanfachuu danda’u kami?

A. Walqixxee C. sangaa

B. farda D. tooftaa

**Qajeelfama gaaffilee 21-24 jiran qubguddeessaafi sirna tuqaalee irratti hundaa’uun isa sirriitti barreeffame filadhu.**

21. A “Baratan bara mo’an,” jedhe hayyuun.

B .”baratan bara mo’an,” jedhe hayyuun.

C. “Baratan bara mo’an!” jedhe hayyuun.

D. “Baratan bara mo’an:” jedhe hayyuun.

22. A.Jaarsi waa sadii jaallata, adii, aduu fi oduu.

B. Jaarsi waa sadii jaallata; adii, aduu fi oduu.

C. Jaarsi waa sadii jaallata: adii, aduu fi oduu.

D. Jaarsi waa sadii jaallata:- adii, aduu fi oduu.

23. A. Haxxeen lafa lixxe.Gowwaan ta’ee muga.

B. Haxxeen lafa lixxe; gowwaan ta’ee muga.

C. Haxxeen lafa lixxe, Gowwaan ta’ee muga.

D. Haxxeen lafa lixxe- gowwaan ta’ee muga.

24. Jechoota tishoo walitti hidhuuf kan nu gargaaru kami?

A. Cuftuu C. Buufata xiqqaa

B. Qoodduu D. Sarara xiqqaa

**Qajeelfama: Gaaffilee 25__51 jiran haala gaafatamteen qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

25. Sirni Gadaa barana Madda Walaabuutti haala dinqisiisaan kabajame. Gosti ibsa gochima hima kanaa

A. Gochibsa yeroo C. Gochibsa sadarkaa

B. Gochibsa irradeddeebii D. Gochibsa iddoo

26. Daddaftee na dhungatteef, dhirsa naaf hin taatu jette intalli. Gosti ibsa gochima hima kanaa

A. Gochibsa akkaataa C.Gochibsa bakkaa

B. Gochibsa gaaffii D. Gochibsa sadarkaa

27. Kaayyoon barachuu jireenya ofii fi jireenya uummata ofii jijjiiruuf. Walqabsiistuun jala sararame yaada kam ibsa?

A. faallaa C. filannoo

B. dabalata D. haala

28. Humna gurmaa'een biyya yookiin uummata bilisa ta'e ijaaruu qabna.Kan jala sararme yaada kam ibsa?

A. ida'ama yaadaa C. filannoo yaadaa

B. yaada faallaa D. yaada sababii

29. Boontuun ittoo hancootee hojjette. Hima kana keessaa gaaleen gochimaa kami?

A. Boontuun ittoo C. Boontuun ittoo hancootee

B. Ittoo hancootee D. ittoo hancootee hojjette

30. Jecha gowwummaa jedhu keessatti dhamjechi jala sararame maal mul'isa?

A. Baay'ina C.maqeessituu

B. saala D. gochima

31. Yoomiifan atileetii beekamaadha. Gosti gochima hima kanaa

A. Gochima darbeeyyii C. Gochima faal darbeeyyii

B. Gochima ta'umsaa D. Gochima firoomsee

32. Sangaa adii guddaan qalame. Hima kana keessaa gaaleen maqibsaa kami?

A. Sangaa adii C. adii guddaan

B. guddaan qalame. D. Sangaa guddaa

33. Maqibsoota armaan gadii keessaa birdumaan kan danoomu kami?

A. hedduu C. keenya

B. gurraacha D. meeqa

34. Kanneen keessaa maqaa killayyaa kan hin taane kami?

A. badhaadhina C. hiyyummaa

B. Jaalala D. Finfinnee

35. Kanneen armaan gadii keessaa durduubeen kami?

A. amma C. lama

B. gara D.guddina

36. Jecha tishoo kan hin taane kami?

A. Afwalaloo C. Kuthima

B. Caasluga D. Danbalii

37. Kanneen keessaa jechi tishoo maqaa fi maqibsarraa ijaarame kami?

A. Sanbata guddaa C. mana barumsaa

B. qotee bulaa D. Kubbaa miillaa

38. Jechoota cimdii armaan gadii keessaa kan adda ta'e kami?

A. Kijiba/soba C. jireenya/du'a

B. haqa/dhugaa D. nyaapha/diina

39. Jeneraal Taaddasaa fi Neelson Maandeellaan wal jaallatu turan

A. Nuti C. Isin

B. Isaan D. Ati

40. Eessa jirtu? Gulummoon hima kanaa ramaddii meeqaffaadha?

A. $2^{ffaa}$ C.$3^{ffaa}$

B. $1^{ffaa}$ D.hin beekamu

41. Jecha" garaagarummaa" jedhu birsagatti yammuu qoqqoodnu

A. gar-aa-ga-ru-mmaa C. ga-raa-ga-rum-maa

B. gara-aga-ru-mm-aa D. ga-ra-ag-ar-ummaa

42. Jechoota armaan gadii keessaa kan birsaga sadii of keessaa qabu kami?

A. sagal C. jaarraa

B. gadaa D. balbala

43. Amala afaanii kan hin taane kami?

A. Hin jijjiiramu C. Ni baratama

B. Walqixa D. Akka feetee dha

44. Borsumaan farsoo boqqolloo naqxe. Hima kana keessaa maqaan akka maqibsaatti tajaajile kami?

A. Borsumaan C. Boqqolloo

B. Farsoo D. Naqxe.

45. Ana <u>malee</u> namni beeku hin jiru hin jedhin. Kan jala sararame maali?

A. gochibsa C. maqibsa

B. durduubee D. gochima

46. Jecha" <u>k</u>iyya" jedhu keessaa qubee jala sararame kamtu bakka bu'a?

A. d C. s

B. q D. t

47. Hima "Adurreen hantuuta qabattee nyaatte." jedhu keessatti aantihimni kami?

A. Adurree C. qabattee

B. hantuuta D. nyaatte

48. Kanneen armaan gadii keessaa gosa afoolaa kan ta'e kami?

A. diraamaa C. asoosama

B. hibboo D. barruulee

49. Bamaqaan ramaddii 2$^{ffaa}$ qeenxee agarsiisu kami?

A. Ati C. Isa

B. Ani D.Ishee

50. Kanneen keessaa maqaa kan hin taane kami?

A. cimina C. Odaa

B. mana D. dheeraa

51. Boroo abbaatu hordata<u>;roorroo</u> abbaatu dhowwata. Hiikni jecha jala sararamee

A. dallansuu C. mormii

B. cunqursaa D. komii

**Qajeelfama: Gaaffilee 52-56 hennaarratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabatee jiru filadhu.**

52. Ayyaanni irreechaa waggaa waggaan Fulbaana keessa kabajama.

A. Tarsiiqa
B. Ammeennaa
C. Murannaa
D. Murnaala

53. Lammiin lammiif jedhanii atileetotni Oromiyaa fiigaa jiru.

A. Amsiiqa
B. Tarsiiqa
C. Raawwima darbeennaa
D.Raawwima ammeennaa

54. Biliisummaan dhufuuf.

A. Murnaala
B. Ammeennaa
C. Murannaa
D. Tarsiiqa

55. Ani qabsaa'aan ture.

A. Ammeennaa
B. Amsiiqa
C.Murnaala
D. Tarsiiqa

56. Bilisummaan ni dhufa ta'a.

A. Murnaala
B. Murannaa
C. Ammeennaa
D. Amsiiqa

**Qajeelfama: Gaaffilee 57__61 jiraniif malleen dubbii ittiin dhiyaatan irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

57. Sanyii kootu kanniisa

Maafan argee gadi dhiisa?

Sanyii kootu gafarsaa

Maafan bira dabarsa?

A. Iddeessa
B. Nameessa
C.Arbeessa
D. Akkasaa

58. Biqilaan sun gatanbayii dha.

A. Akkasaa  C. Eemiti

B. Arbeessa  D. Nameessa

59. Ililleedhaan qaqaa harcaase.

A. Nameessa  C. Akkasaa

B. Arbeessa  D. Iddeessa

60. Yaada kootu naan laba

Akka foolataa sa'aa

Ofii koofan haasa'a

Fooliisaatu na waama.

A. Nameessa  C. Eemiti

B. Ideessa  D.Akkasaa

61. Bubbeen kaballaan gurra natti douche.

A. Nameessa  C. Iddeessa

B. Akkasaa  D. Eemiti

**Qajeelfama: Gaaffilee 62__66 jiran jechamoota irratti hundaa'uun qubee hiika sirrii qabate filadhu.**

62. Faana balleesse

A. kottee baase  C. dhokse

B. karaa agarsiise  D. tottolche

63. Bineensa booji'ame

A. jarjaraa  C. kan qabame

B. jibbamaa  D. kan waan godhu wallaale

64. Jilba shanitti

A. Akaakuu shanitti  C. Waggaa shanitti

B. Laga Shanitti  D. Dhundhuma shanitti

65. Daadhiin isaan jala haa yaatu.

A. Daadhirra haa ciisan  C. Daadhii haa dhugan.

B. Isaanitti haa tolu  D. Ijoollee haa argatan.

66. Odaa jala jiru

A. Seeraan bulu

B. Ni irreeffatu

C. Moora ilaalu

D. Barri kan isaaniti

**Qajeelfama: Gaaffilee 67__71 jiran ciigoo dhiyaate irratti hundaa'uun qubee deebii sirrii qabate filadhu**

67. Raacha kottoonfate mee sirnaan ilaalaa

Duubatti hin deebi'u duratti utaala. Jechi dachaa ciigoo kanaa

A. Raacha kottoonfate

B. Duubatti hin deebi'u

C. duratti utaala

D. mee sirnaan ilaalaa

68. Soorgoon ciigoo kanaa

A. gara duubaatti utaala

B. hin sodaatu

C. gara fuul duraatti utaala

D. jagna

69. Sookoon ciigoo kanaa

A. hin sodaatu

B. ni sodaata

C.Raachi duubatti aggaama

D. Fuulduratti utaala

70. Osoo karaa deemnuu mana cidhaatti gorree

Seenaa ijoollee Oromoo kan nuun jedhe meerree? Sookoon ciigoo kanaa

A. ol seenaa nyaadhaa

B. ol seenaa bashannanaa

C. Seenaa uummata Oromoo nama nutti himu dhabne.

D. Seenaa uummatichaa kan nutti himu arganne

71. Soorgoon ciigoo kanaa

A. ol lixaa nyaadhaa jedhan

B. seenaa uummataa nutti himaa

C. seenaa Oromoo dhaga'aa

D. ol lixaa nyaadhaa dhugaa nama jedhu dhabne.

**Qajeelfama: Mammaaksota 72-76 jiran irratti hundaa'uun akkaataa gaafatamta'en qubee deebii sirrii qabate filadhu.**

72. Manni morkiin keessa jiru_________________________.

A. ulaa qaba
C. ni dimimmisa
B. cufaa malee bula
D. hin qulqullaa'u

73. Garaa yaanni seene _________________________________.

A. nyaanni hin seenu
C. sammuun sirriitti yaada
B. iji lafa arga
D. hirriba itti buusa

74. Dubbiinii fi ilkaan adiitti tola.

A. Waan ifa ta'e dhiisuu wayya
B. Waa dhoksuun barbaachisaa dha
C. Waan ifa jirutu gaarii dha
D. Waan jabaatu gaarii dha

75. Malannee boolla lama qotanne jette hantuutni

A. Malaan biyya ormaa bulan
B. Mana sareetti teepha hin argan
C. Luugaa hamaan sa'a guusa
D. Qara namni hin qarre ofiif qarama

76. Kan garaa malee kan maqaa yoom na dhibe jedhe___________________.

A. Qeerransi
C.Waraabessi
B. Jaldeessi
D. Arbi

**Qajeelfama: Gaaffilee 77__80 jiran hibboorratti xiyyeeffachuun deebii sirrii ta'e filadhu.**

77. Aayyoo gabaabduun teessu lafa hin kaatu; dhooftu namaa hin naatu.

A. Karaa
C. Gufuu
B. Ulee
D. doobbii

78. Maxinoo galaashee, uggum yaa mi'aashee.

A. Farsoo
C. Daadhii
B. Damma
D.Caccabsaa

79. Hoxxee gaaraa afaan lafa ilaala.

A. funyaan
C. ija
B. gurra
D. harka

80. Waan Abaabe dhaabe buqqisuu dadhabe.

A. Qabbana
C. Alangaa
B. Hokkoo
D.Maqaa

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'uusaafi kanaan duraa yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhihaannee ta'uusaa; akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhe, wabii keessattis kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa Qorataa_____________________________________

Mallattoo_________________________________________

Guyyaa __________________________________________